

**QEEQA XIINSAMMUU ASOOSAMOOTA DHEDHEEROO YAADA FI
*MADAA CIQILEE***

QORATTUUN: BILISEE IRRANAA GARBII

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA AFAAN OROMOOFI
OGBARRUU BARSISUUTIIN GUUTTACHUUF QOPHAA'EE,**

YUNVARSIIITII JIMMAA

KOOLLEEJII SAAYINSII HAWAASAIFI HUUMAANIITIITTI

DAMEE BARNOOTA AFAAN OROMOOFI OGBARRUUF DHIHAATE

FULBAANA, 2021

JIMMA

YUUNVARSIIITII JIMMAA

KOOLLEEJII SAAYINSII HAWAASAAFI HUUMAANIITIITTI

DAMEE BARNOOTA AFAAN OROMOOFI OGBARRUU

**QEEQA XIINSAMMUU ASOOSAMOOTTA DHEDHEEROO *YAADA FI*
*MADAA CIQILEE***

QORATTUUN: BILISEE IRRANAA GARBII

GORSAA DURAA: TAAYYEE GUDDATAA (PhD)

GORSAA AANTEE: MAHAADII HUSEEN (MA)

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA AFAAN OROMOOFI
OGBARRUU BARSII SUUTIIN GUUTTACHUUF QOPHAA'EE,**

FULBAANA, 2021

JIMMA

Yuuniivarsiitii Jimmaa

Dhaabbata Qorannoo Digirii Duraatiin Booddee

Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi Ogbarruu ittiin guuttachuuf Bilisee Irranaatiin mata duree “Qeeqa Xiinsammuu Asoosamoota Dhedheroo *Yaada Fi Madaa Ciqilee*” jedhuun gaggeeffame sadarkaa ulaagaa yuunivarsiitiin kaa’e guutera.

Koree Qormaataa

Qoraa alaa _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Qoraa keessaa _____ Mallaattoo _____ Guyyaa _____

Gorsaa Duraa _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Gorsaa aantee _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Itti gaafatamaa Muummee yookiin walitti qabaa sagantaa digirii lammaffaa (MA)

Ibsa

Ani qorattuun maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame, qorannoon kun hojii koo ta`uufi kanaan duras yunivarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaaf kan hindhiyyaanne ta`uu isaa, akkasumas, wabiileen qorannoo kanaaf fayyadame haala seera qabeessa ta`een fudhee wabii keessatti kaa`uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa: _____

Mallattoo: _____

Guyyaa: _____

Fulbaana, 2021

Jimmaa

GALATA

Jalqaba irratti, rakkoolee hojii koo irraatti na mudatan keessa akkan darbuuf kan na gargaareefi milkaa'ina hojii kootiif bu'aa ba'ii ani keessa darbe hunda keessatti na gargaaree asiin kan na gahe Waaqayyoon guddaan galateeffadha.

Itti aansuudhaan, hojii koo tokko tokkoon naaf ilaaluun, yaadaafi sirreeffama naaf laachuun, waraqaa kana haala kanaan akkan qindeeffadhu deeggarsa ogummaa isaanii kan naaf gumaachaa turan gorsaa koo Dr.Taayyee Guddataafi M.S.S Mahaadii Huseen baay'een galateeffadha. Dabalataani, barreessaa asoosama *Yaadaa*, Jamaal Kadiriifi barreessaa asoosama *Madaa Ciqilee*, Israa'el Habtaamuu, gumaacha isin ogbarruu Oromoof gootan anaafis maddaa ragaa qorannoo koo naaf ta'eera; galata guddaa argadhaa; qalamni keessanis hinqooriin.

Dhuma irratti, namoonni deeggarsa hamileefi jajjabina yaadaa naaf kennaa turtan hundi qoodni isin milkaa'ina koof taasistan salphaa miti; hundi keessanuu galata isin na biraa qabdan guddaadha.

AXEREERAA

Qorannoon kun asoosamoota dheeroo Yaadaafi Madaa Ciqilee jedhaman qeeqa xiinsammuutiin qeequu irratti xiyyeeffate. Ka'umsi qorannoo kanaas, asoosamoonni Afaan Oromoon barreeffaman babal'ataa jiraatanis qorannoon firiiwwan asoosamoota kanaa irratti adeemsifaman bal'inaan mul'achuu dhabuu isaaniiti. Akka qorannoon kun adeemsifamu dhimmi qorattuu kakaases hanqina kallattii kanaan mul'atu guutuuf yaaddeeti. Qeeqni hojiilee kalaqaa irratti adeemsifamu immoo ciminaafi hanqina hojichaa waan mul'isuuf guddina ogbarruutiif gumaacha olaanaa qabaata. Qorannoon kun qorannoo qulqulleeffataa yammuu ta'u, saxaxa ibsaatti gargaarameera. Maddi odeeffannoo qorannoo kanaas asoosamoota Madaa Ciqileefi Yaada jedhamanidha. Qorattuun mataduree qorannoo ishee irratti hundaa'uun iddatteessuu kaayyeffataatti dhimma baate. Malli qaaccessa ragaa immoo, mala qulqulleeffatadha. Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa, asoosamoota lachuu kallattii qeeqa xiinsammuutiin qeequudha. Haaluma kanaan, qorannichi kan gaggeeffame yoo ta'u, yaadxina xiinsammuu bu'uura godhachuudhaan dhimmootni abjuu, milkii, qaamolee sammuu sadan, ittisa fedhii dhokataa, mallattoofi sammuu riphaa akkasumas jaalala irratti dhimmoonni xiyyeeffatan qeeqamaniiru. Ragaaleen dhimmoota kanneeniif gargaaran ammoo asoosamoota lachuu keessaa sakatta'a dookimantiin funaanamanii qeeqamaniiru. Adeemsa xiinxala ragaalee kana keessattis kanneen asoosamoota lamaan keessatti ka'an xiinsammuu hawaasummaa keessatti kan calaqqisaniifi dhiisan ta'uun isaanii walbira qabamanii ilaalamuuf yaalamaniiru. Qeeqa xiinsammuu keessatti dhimmoonni hojiilee ogbarruu keessatti ilaalaman, taateewwan gara garaa asoosamoota keessatti dhihaatan dhugaa hawaasa keessaa ka'umsa kan godhatan ta'uufi dhiisuu isaaniitu xiinxalame. Asoosamoota kanneen keessattis dhimmoonni abjuu, milkii, qaamolee sammuu sadan, ittisa fedhii dhokataa, mallattoofi sammuu riphaa akkasumas jaalala agarsiisan hedduun isaanii kan jiruufi jireenya hawaasichaa keessatti mul'atu ka'umsa kan godhatan ta'uu isaaniitu xiinxalame. Dabalataanis, asoosama lachuu keessatti dhimmoonni qaama sammuu keessaa 'id', 'ego' fi 'superego' agarsiisan dhihaachuuf yaalaniiru. Gama biraatiin, hojii ogbarruu Yaadaa keessatti dhimmoonni safuu hawaasichaan ala ba'an irra deddeebiin yammuu mul'atan ilaaluun danda'ameera. Dhimmoonni akkasii osoo haala safuu hawaasichaa eegeen dhihaatanii hojii ogbarruu sadarkaasaa eeggate dhiheessuuf gumaacha taasisuu malu. Dhuma irrattis, hojiileen ogbarruu kunneen kallattii qorattoonni biroon gosa qeeqa gara garaan hojii qorannoo isaanii irratti gaggeessuu danda'anis akeekameera.

Hiika Gabaajeewwanii

ABO ----- Adda Bilisummaa Oromoo

A.L.I. ----- Akka Lakkoofsa Itoophiyaa

FBI ----- Federal Bureau of Investigation

Baafata

Qabiyyee.....	Fuula
GALATA.....	i
AXEREERAA.....	ii
Hiika Gabaajeewwanii.....	iii
BOQONNAA TOKKO: SEENSA.....	1
1.1. Seenduubee Qorannichaa.....	1
1.2. Ka’umsa Qorannichaa.....	3
1.3. Kaayyoo Qorannichaa.....	5
1.3.1. Kaayyoo Gooroo.....	5
1.3.2. Kaayyoowwan Gooree.....	5
1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa.....	5
1.5. Daangaa Qorannichaa.....	6
1.6. Hanqina Qorannichaa.....	6
BOQONNAA LAMA : SAKATTA’A BARRUUWWAN WALFAKKAATANII.....	7
2.1. Yaadrimee Ogbarruu.....	7
2.1.1. Faayidaa Ogbarruu.....	8
2.1.2. Gosoota Ogbarruu.....	9
2.1.3. Maalummaa Asoosamaa.....	9
2.1.4. Caacculee Asoosamaa.....	10
2.1.4.1. Seenaa.....	10
2.1.4.2. Jaargocha.....	10
2.1.4.3. Qooddattoota (Namfakkiilee).....	11
2.1.4.4. Waldiddaa.....	11
2.1.4.5. Yoomessa.....	12
2.1.4.6. Ergaa.....	12
2.1.4.7. Ija.....	13
2.2. Qeeqa Ogbarruu.....	14
2.3. Faayidaa Qeeqa Ogbarruu.....	15
2.4. Gosoota qeeqa Ogbarruu.....	17
2.4.1. Qeeqa Xiinsammuu (psychoanalytic Literary Criticism).....	17
2.5.1. Hawaasummaa Ilaalchisee.....	19

2.5.2. Gama Dhibee Yookiin Dhiphinaan.....	19
2.5.4. Milkii.....	20
2.5.5. Abjuufi Mallattoolee.....	20
2.5.6. Ittisa Fedhii Dhokataa.....	21
2.5. Yaaxxina Qorannichaa.....	22
2.6. Sakattaa Qorannoowwan Walfakkaatanii.....	24
BOQONNAA SADI: MALA QORANNOO.....	26
3.1. Gosa Qorannoo.....	26
3.2. Iddattoofi Mala Iddatteessuu.....	26
3.3. Madda Ragaalee.....	26
3.4. Tooftaa Funaansa Ragaalee.....	26
3.5. Tooftaa Qaaccessa Ragaalee.....	27
BOQONNAA AFUR: QAACCESSA RAGAALEE ASOOSAMoota YAADAafi MADAA	
CIQILEE.....	29
4.1. Cuunfaa Jaargocha Asoosamoota Filatamanii.....	29
4.1.1. Cuunfaa Jaargocha Asoosama Yaadaa.....	29
4.1.2. Cuunfaa Jaargocha Asoosama Madaa Ciqilee.....	31
4.2. Qaaccessa Ragaalee Asoosamootaa.....	33
4.2.1. Jaalala.....	33
4.2.1.1. Jaalala Haatiifi Abbaan Dhalaaf Qaban.....	33
4.2.1.2. Jaalala Hiriyummaa.....	35
4.2.1.3. Jaalala Obbolummaa.....	38
4.2.1.4. Jaala Dhiiraaf dubartii.....	40
4.2.2. Abjuu.....	41
4.2.3. Maraatummaa.....	43
4.2.4. Eenyummaa.....	45
4.2.5. Mallattoo.....	47
4.2.6. Ittisa Fedhii Dhokataa.....	49
4.2.7. Milkii.....	51
4.2.8. Dhimmoota Id, Ego, Superego fi Sammuu Riphaa Waliin Walqabatan.....	53
4.2.8.1. Dhimmoota Id Ilaallatan.....	53
4.2.8.2. Dhimmoota Ego ilaallatan.....	56

4.2.8.3. Dhimmoota ‘Superego’ Ilaallatan.....	58
4.2.8.4. Dhimmoota Sammuu Riphaa Ilaallatan.....	62
BOQONNAA SHAN: Cuunfaa,Argannoofi Yaboo.....	64
5.1. Cuunfaa.....	64
5.2 Argannoo.....	65
5.3. Yaboo.....	66
Wabiilee.....	68
DABALEE.....	70
Cheekliistii Ragaan Asoosamoota Keessaa Ittiin Fudhatamu.....	70

BOQONNAA TOKKO: SEENSA

1.1. Seenduubee Qorannichaa

Waa'ee ogbarruu yoo kaafnu hiika tokkoof tokkoon kan lafa keenyu miti. Ogbarruun karaa adda addaa hiikama. Yaada bal'aafi kallattii adda addaan wantoota hedduu of keessatti wan hammatuuf. Kanaaf, ogbarruu ilaalchisee hayyoonni garaagaraa yaada adda addaa dhiheessu. Ogbarruun waa'ee uummataa uummataaf deebisee kan dhiheessu, daawwitii jiruufi jireenya dhala namaa akka ta'e Asafaa (2009) ni'ibsa. Bu'uuruma kanaan, ogbarruun barruu hojii qalaqaa sammuu dhala namaa ta'ee, jireenya dhugaa hawaasa tokkoo yookiin jireenya namaa bu'uura godhachuun dhugaa hawaasa sana keessa jiru bifa barreeffamaanis ta'e dubbiin bareechee akka namoota qaqqabuufi isaan kakaasuu danda'utti kan ibsu yookiin lafa kaa'udha.

Karaa biraa immoo kanumaan walqabatee Asafaan, "Literature is the cultural heritage of peoples. It is a record of man in diversity of forms at various levels of scholarship," jechuun ibsa (1999, f. 41). Yaada kanarraa waan hubannu ogbarruun dabarsa aadaa uummataa ta'uu isaati. Akkasumas, galmees jiruufi jireenyaa ilmoo namaa kan namoota hubannoo beekumsa, muuxannoofi sadarkaa adda addaa qabanii ta'uu isaati. Ansari (1992) waa'ee ogbarruu yoo ibsu, "To define literature is very difficult. In ordinary sense, we can say what ever written is literature but there can not be clear and precise definition of literature; because its scope is so vast that it covers almost all the spheres of life," jedha (f. 5).

Akka yaada hayyuu kanaatti ogbarruu kana jedhanii hiika tokkoon yookiin yaada tokkoon lafa kaa'uun kan nama dhibu ta'uu isaati. Maalummaa ogbarruu hiika tokkoon kana jedhanii ibsuun ulfaataadha. Yeroo gabaabsanii ilaalan wanti barreeffamee jiru hunduu ogbarruudha jechuu dandeenya. Haata'u malee, wanti barreeffamee jiru marti ogbarruudha jedhanii murteessuun hin danda'amu. Kana jechuunis, kan barreeffamee jiru tokko ulaagaa ogbarruu guutummaa guutuutti ibsuu dhiisuu danda'a. Sababiin isaas ogbarruun akka dirree beekumsaatti yoo fudhatame hojii kalaqa ilma namaa kan ta'e asoosama, walaloofi do'ii of jalatti kan hammateedha.

Dameewwan ogbarruu barreeffamoota, kalaqaa kanneen ogummaadhaan barreeffaman waan ta'aniif barreeffamoota akkasumaan barreeffaman waliin madaalamuu hindanda'ani. Daangaan ogbarruu bal'aadha jechuunis barreeffamoonni hundi ogbarruu ta'uu danda'u jechuu osoo hin taane, namoonni hiika ogbarruu irratti haala isaanitti dhaga'ameen hirmaachuu danda'u

jechuudha.Kanaaf, ogbarruu waan jireenya dhala namaa keessa jiru hunda hammachuu akka danda'u hubanna.

Karaa biraa immoo ogbarruun dhalli namaa beekumsa muuxaannoo, jireenya wanta keessa isaatti dhageettii addaa uumuudhaan jiruufi jireenya hawaasaa haala miidhagina qabuun kan ittiin ibsatu hojii kalaqaa sammuu dhala namaati. Ogbarruun daawitii jireenyaati jechuunis ni danda'ama.Sababiin isaas dhallii namaa waa'ee ofii isaa (jireenya isaa jechootatti gadi xiqqeessee ibsuun deebisee namoonni akka keessatti of ilaalan waan taasisuufidha. Asafaa (2009) ogbarruun waa'ee uummataa ummataaf deebisee kan ibsudha jedha.

Haaluma walfakkaatuun Zarihuun (2003) Ogbarruun hojii kalaqaa bifa afoolaafi barreeffamaan mul'atu ta'ee jechootatti dhimma bahuun waa'een jireenya namaa namumaan qindaa'ee deebi'ee namaaf kan ittiin dhihaatudha jechuun ibsa.Akka yaada kanaatti ogbarruun ogafaanis waan hammatuuf dhalli namaallee karaa ogafaan isaatiin jechuun geerarsa, mammaksa sheekkoofi kanneen birootiiniis yaada isaa ibsachuu akka danda'uuf ogbarruun murteessaa ta'uu hubanna.

Egaa ogbarruun saba tokkoo haala kanaan saba isaaf bu'aafi gahee hanga kanaa otoo taphatuu gara ogbarruu Oromootti deebinee yoo ilaalle dhiibbaa Afaan Oromorra tureen walqabatee ogbarruun Oromoos otoo gadi hinbahiin tureera. Mohammed (2010) akka ibsutti, dubbattoota miiliyoona hedduu kan qabu Afaan Oromoo afaanota bu'uurri isaanii Afrikaa ta'aniif Afrikaa keessatti dubbataman keessaa afaan Hawusaa biyya Naayjeriyaatti dubbatamuufi Afaan Siwaahilii Afrikaa bahaatti dubbatamutti aanee sadarkaa 3^{ffaa} irratti argamuu ibsa. Afaanota Afro – eeshiyaawaa ta'an keessaa immoo afaanota Arabaafi Hawusaatti aanee sadarka 3^{ffaa} irratti argama. Yaada kanarraa wanti hubannu Afaan Oromoo afaan saba bal'aa ta'uu isaati.

Afaan saba bal'aa ta'ullee dhiibbaa Mootummoonni Itoophiyaa yeroo garaa garaatti irratti taasisanis hayyuun kun akka ibsutti, afaanoota Itoophiyaa keessaa Afaan Amaaraafi Afaan Tigiree qofaatu akka ibsituu sadarkaa qaroominaa, ogbarruu, beekumsaafi kabajaa Itoophiyaatti fudhatama. Aadaan barreeffamaa Itoophiyaa keessatti kan mul'atus jibba farra Oromoo ciminaan kan calaqqisiisuufi kunis kan hawaasa Abisiiniyaa birattis hidda gadi fageeffatee turuu ibsa.

Bara 1983 ALI irraa kaasee Afaan Oromoo afaan barnoota, hojiifi bulchiinsaa ta'uu danda'uu isaarraa kan ka'een ogbarruun Oromoos biqiluu jalqabe. Waggoota darban kanneen keessatti

asoosamoonni, kitaabonni walaloofi diraamaa hedduun mul'achuu danda'anii jiru. Qeeqni ogbarruu immoo hojiin kalaqaa tokko caalmaatti akka badhaadhaa deemu waan godhuuf, qo'attuunis asoosamoota lama, *Madaa Ciqileefi Yaada*, filachuudhaan ija qeeqa xiinsammuutiin qo'annoo adeemsistee jirti.

1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Hojii qorannoo gaggeessuu keessatti ka'umsi murteessaadha. Kunis bu'uurri qorannichaa eessaa garamitti akka ta'e agarsiisa. Kunis, rakkolee furmaata argachuu qaba jettee qorattuun xiinxaluuf deebii akka argatu kan gargaarudha. Wantoonni qorannoon kun akka adeemsifamu qorattuu kakaasan nijiru.

Qeeqni hojiilee kalaqaa irratti gaggeeffamu dandeettii guddisuuf, ofdanda'anii yaaduufi dubbistootni akka of danda'an gochuu keessatti faayidaa guddaa qaba. Kanas, Saeed (2016) yoo ibsu, "...literary criticism can help you develop your skills as an independent thinker and reader," jedha (f. 331). Karaa biraan, hojiin guddaa qeeqa ogbarruu safartuuwwan murtaa'aniin madaala kennuu waan ta'eef sochiifi guddina ogbarruu biyya tokkoof ga'een inni qabu ol'aanaadha. Biyya tokko keessatti hojiilee barreessitoota yeroo gara garaa ka'an irratti qeeqni hanguma kennamaa deemeen ogbarrichi haala fooyya'aa irra ga'uufi sadarkaa ol'aanaatti akka tarkaanfatuuf carraan ni'uumamaaf, (Zarihuun, 2014).

Afaan Oromootiin asoosamoota barreeffaman irratti qorannoowwan kan gaggeeffaman yoo jiraatan dhimma qorattuun kaateef waliin dhimmoonni walfakkeessaniifi adda baasan kan haala asii gadiin dhihaatan yoo ta'an, adda addummaan isaanii kun ammoo qorattuuf akka ka'umsa qorannoo isheetti kan tajaajilu ta'a. Qorannoo Murteessaan (2018) *Xiinxala Asoosama Yaadaa Yaadxina Safuu Hawaasaatiin gaggeesses isa tokkodha*. Qorannoon Murteessaa dhimma safuu hawaasummaa irratti kan gaggeeffame yoo ta'u, qorannoo qorattuun gaggeessite waliin wanti wal fakkeessu, madda raga walfakkaataa fayyadamuu isaaniiti. Wanti adda baasu ammoo qorattuun qeeqa xiinsammuu irratti gaggeessuu isheetti.

Kana malees, *Xiinxala Hiika Abjuu Oromoo* mataduree jedhu irratti qorannoon Ayyalaa Dabalootiin (2017) gaggeeffame isa birooti. Xiyyeffannoon qorannoo kanaas hiika abjuuwwan hawaasa Oromoo biratti qaban xiinxaluu irratti kan bu'uureffatedha. Qorannoo kana waliin wanti

walfakkeessus, kaayyoo gooree qorattuun kaayyeffatte keessaa abjuun jiraachuu isaa yoo ta’u, wanti adda taasisu ammoo qorattuun abjuuwwan asoosamoota filataman keessatti taasisuu isheeti.

Dabalataanis, mataduree *Xiinxala Milkii Ilaallannaa Oromoo* jedhu irratti kan Dastaa Egeree (2018) gaggeessite isa birooti. Xiyyeeffannoon ishees milkii ilaallachuun xiinsammuu hawaasaa keessatti ergaan inni dabarsu irratti ture. Wanti qorannoo kanaan walfakkeessus, dhimma milkii irratti xiyyeeffachuu yoo ta’u, wanti adda taasisu ammoo qorattuun asoosamoota filatan biroo irratti gaggeessuu isheeti.

Asoosamoonni Afaan Oromoon barreeffaman babal’ataa jiraatanis qorannoon firiiwwan asoosamoota kanaarratti adeemsifame bal’inaan hinmul’atu. Akka qorannoon kun adeemsifamu dhimmi qorattuu kakaases hanqina kallattii kanaan mul’atu, keessattuu gama Xiinsammuutiin jiru guutuuf kan yaadamedha. Kanaafis, qorattuun asoosamoota dheeroo *Madaa Ciqileefi Yaada* jedhan keessatti dhimmoonni ka’aniifi dhimmi hawaasa Oromoo keessatti mul’ataa turan ija ogummaatiin qeeqamaniiru. Haaluma kanaan qorannichi gaaffiilee bu’uuraa asii gadiif deebii kennuuf niyaala jedhamee abdatama:

1. Dhimmootni feedhiiwwan riphaa ilmaan namaa asoosamoota *Madaa Ciqileefi Yaada* keessatti calaqqisiifaman maal fa’i?
2. Dhimmoonni xiinsammuu asoosamoota keessa jiran muuxannoofi mudannoo hawaasa barreessitoonni keessaa bahan hangam agarsiisaa?
3. Abjuu, milkii, mallattooleefi ittisni fedhii dhokataa asoosamoota kanneen keessa jiran yoo qeeqaman maal fakkaatu?

1.3. Kaayyoo Qorannichaa

1.3.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon Gooroo qorannoo kanaa Qeeqa xiinsammuutiin Asoosamoota *Madaa Ciqileefi Yaada* jedhaman qeequudha.

1.3.2. Kaayyoowwan Gooree

1. Dhimmootni fedhiwwan riphaa ilmaan namaa asoosamoota *Madaa Ciqileefi Yaada* keessatti calaqqisiifaman adda baasuu.
2. Dhimmoonni xiinsammuu asoosamoota keessa jiran muxxannoofi mudannoo hawaasa barreessitoonni keessaa bahan hangam akka agarsiisan ibsuu.
3. Abjuun, milkiin, mallattooleefi ittisni fedhii dhokataa asoosamoota kanneen keessa jiran yoo qeeqaman maal akka fakkaatan addeessuu.

1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoon tokko yammuu gaggeeffamu bu'aan irraa eegamu nijiraata. Qorannoon kun asoosamoota dheeroo *Madaa Ciqileefi Yaada* jedhan qeeqa yaadxina Xiinsammuun qeequ irratti xiyyeeffate.

Bu'aan qorannoo kanarraa eegamus, dhimmoonni xiinsammuun walqabatan haala jiruufi jireenya hawaasaa waliin hidhata isaan qaban qeequudhaan guddina Ogbarruu Oromoof gumaacha mataasaa nitaasisa jedhameeti. Karaa biraan ammoo, bu'aan qorannoo kana irraa eegamu, mana dubbisaa keessa yoo taa'e, dubbistoonni asoosamoota kana dubbisan dhimmoota xiinsammuun kanneen walqabatan haala salphaadhaan hubachuu danda'u jedhamee abdatama.

Akkasumas, qorattoota biroof ka'umsa qorannoo ta'eefii tajaajiluu mala. Dabalataanis, barreessitoonni biroo hojii isaanii keessatti dhimmoota xiinsammuu yammuu kaasan, kallattii isaan irratti xiyyeeffachuu qaban itti agarsiisuu danda'a jedhamee abdatama.

1.5. Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun ogbarruu Oromoo keessaa asoosamoota dheeroo *Madaa Ciqileefi Yaada* jedhan irratti yaadxina xiinsammuutti gargaaramuun qeeqa xiinsammuu gaggeessuu irratti kan daangeffameedha. Sabiibiin isaas, asoosamoota jiran hundarratti si'a tokkoon qorannoo gaggeessuun waan hin danda'amneef daageessuun barbaachise.

1.6. Hanqina Qorannichaa

Qorattuun yammuu qorannoo kana gaggeessitu rakkooleen gara garaa ishee mudataniiru. Inni tokko, wabiilee mataduree qorannoo kanaan walqabatan haala ga'aa ta'een argachuu dhabuudha. Lammaffaan, yammuu waraqaan wixinee qophaa'u yammuu hojiin idilee hojjetamu ta'uuniifi erga qorannootti seenamee ammoo sababa dhukkuba COVID 19 haalli sochuu daanga'uufi yunvarsiitonni cufamuu irraa kan ka'e qorannoowwan Afaan Oromoon yunvarsiitiiwwan gara garaa keessatti argaman sakatta'uuf haalli mijataa dhibuudha.

Qorattuunis, rakkoolee kanneen salphisuuf tooftaa gara garaa fayyadamteetti. Kanneen keessaa kitaabilee wabiif oolan toora intarneetiitti dhimma bahuun argachuuf yaalteetti. Manneen dubbisaa Yunvarsiitii Jimmaa keessatti qorannoowwan qeeqa ogbarruu irratti gaggeeffaman sakatta'uufis yaalteetti. Akkasumas, qorannoowwan karaa yunvarsiitiiwwanii toora intarneetii irratti gadhiifamanis sakattaateetti. Haaluma kanaan qorannoowwan qeeqa ogbarruu irratti gaggeeffaman argachuun rakkoolee mudatan salphisuuf yaalteetti.

BOQONNAA LAMA : SAKATTA'A BARRUUWWAN WALFAKKAATANII

2.1. Yaadrimee Ogbarruu

Ogbarruuf hiikni tokkoofi tokko lafa hinteenye. Hayyoonni garaa garaas hiika ogbarruuf karaa adda addaa akka kennan ni'agarra. Kunis, dirree adda addaa keessatti haala garaa garaan waan ilaalaniifidha. Kana yommuu jennu, yaadoleen hayyoota biratti irratti walii galamu hinjiru jechuu miti. Kanaafuu, yaadolee garaa garaa hayyoota adda addaan hiika ogbarruuf kennaman haala armaan gadiin haa ilaallu.

Ogbarruun waa'ee uummataa uummataaf kan dhiheessu, daawwitii jiruufi jireenya dhala namaa kan ibsu dha. Akkasumas, waa'ee jiruufi jireenya uummataa waan ta'eefis hayyuuleen ogbarruun seenaa, falaasama siyaasa, kan seeraafi kanneen biroollee gama ogummaa isaaniin hiika adda addaa akka kennan Asafaa (2009) ibseera. Yaada kanarraa wanti hubatamuu danda'u hiikni ogbarruuf kennamu ogbarruun waan hedduu of keessatti waan hammatuuf hayyoonni akka dirree qo'annoo isaaniitti hiika kan itti kennan ta'uufi akkaataan jiruufi jireenyi hawaasaa kan keessatti mul'tu ta'uu isaati.

Dabalataanis, dhimmi ogbarruun kaasu waa'ee dhala namaa waan ta'eef, akkuma jireenyi namaa ulfaataafi walxaxaa ta'e dhimmi ogbarruus ulfaataafi walxaxaa akka ta'u taasisee jira. Asaffaa, (2009). Hayyuun Meyer, (2005:1) jedhamu waa'ee ogbarruu yemmuu ibsu, " literature does not lend it self to single tidy definition because the making of it over the centuries has been as complex, unwieldy, and natural as life it self" jechuudhaan kaa'a. Yaada hayyuu kanaarraa akkuma hubatamu, hiika ogbarruu jecha salphaa ta'e tokkoon kana yookiin sana jedhanii kaa'uun rakkisaa ta'uu isaati. Sababni isaas, guddinniifi jijjiiramni ogbarruu jaarrawwan garagaraa keessatti mul'achuun isaa walxaxaafi rakkisaa akka ta'u taasisuu isaati. Yaanni biroon waa'ee ogbarruu ilaalchisuudhaan jiru, ogbarruu jechuun waan qubeedhaan

Karaa biroon, ogbarruun oguma hawaasaa barreeffamaan dhalootaa dhalootatti daddarbaa tureefi darbaa jirudha. Ogbarruun kan namni barreeffamaan jechoota filatamoodhaan fayyadamuun waan addunyaa kanarratti ta'eefi ta'uu danda'u uumee lubbuu itti godhee dhiheessuudha, (Wasanee, 2008). Akka yaada hayyuu kanaatti ogbarruun gocha namoonni jiruufi jireenya isaanii keessatti raawwatan karaa barreeffamaan deebisee hawaasatti kan agarsiisu ta'uu hubanna.

Yaaduma kanaan kan walfakkaatu, Asaffaan(2009:21) waa'ee ogbarruu yemmuu ibsu,

Ogbarruun oguma kalaqaa, oguma waa uumuu, tahee kan muxannoo jiruufi jireenyaa haqairratti ittiin kan yayyabnu/ bu'uuressinuufi, ammo akka qabatamutti (comprehended), miidhagsineefi faayinee(aesthetics beauty) ittiin ibsinu. Ogbarruun mala ittiin waanhawaasummaaf bu'aa qabu tokko (social signicance) namatti waa cobu tokko ittiin waliigalaafnu.

Yaada kanarraa kan hubatamu, ogbarruun muuxannoo jiruufi jireenya hawaasaa bifa ogummaan faayameefi miira namaa hawwachuu danda'uun waan hawaasaaf fayyaduufi hawaasichabeeksisu ta'uu isaa hubanna.

2.1.1. Faayidaa Ogbarruu

Ogbarruun hawaasaaf faayidaa guddaa qba. Hawaasni tokko aadaa, duudhaa, amantaa mataa isaa kan qabudha. Ogbarruun immoo aadaa, safuufi duudhaa hawaasa tokkoo eeguun ol kaa'uufi barsiisuuf gahee guddaa qaba, (Asafaa, 2009). Kun ammoo kan inni namatti agarsiisu ogbarruun madda beekumsaafi bashannanaa ta'uurra darbee hubannoo dhimma siyaas-hawaasaa guddisuu keessatti qooda inni qabu guddaa ta'uu hubachuun nidanda'ama.

Asoosamnis akaakuu ogbarruu keesatti akkuma argamu gama isaatiin ga'ee ogbarruun ba'atu ba'achuun isaa dirqamadha. Asoosamni dhimmoota maatiifi hiriya gidduu jiru kan hariiroo walxaxaafi walitti dhufeenya qabaatanii bakka tokkotti ilaalaman bifa qulqullina qabuun dhiheessuun walqabatee ga'umsa qaba. Barreeffamoonni asoosamaa tajaajila isaan kennan beekumsa hawaasaa dhokate tokko mu'lisuu qofa osoo hintaane, beekumsa kana ibsuufi kallattiin gochaanis akka moodeelaatti raawwachuu yookiin addunyaa hawaasaa (social world) kana fakkaachuu, akkasumas, muuxannoo odeeffannoo kana ittiin ibsuun kan danda'amuudha, (Mar fi Oatley, 2008) .

Walumaa galatti, faayidaa ogbarruun keessattuu asoosamni qabu dhimmoota jiruufi jireenya hawaasa tokkoo karaa ogummaan fayyadamee kan dubbistoota quba qabsiisuufi dandeettii xiinxaluu, qeequu, dubbii tokko gadi fageenyaan ilaalanii tarkaanfii tokko fudhachuufi hawaasni ilaalcha walfakkaataa akka qabaatuuf qooda inni qabu ol'aanaa ta'uu yaadolee asiin olitti ka'an irraa hubachuun nidanda'ama.

2.1.2. Gosoota Ogbarruu

Gosoota ogbarruu ilaalchisee Misgaanuun (2011), ogumni (literature) damee gurguddoo lama qabaachuu isaa ibsa.Isaanis, ogbarruufi ogafaan ofkeessatti kan qabatudha.Kanas, “Og-afaan qabeenya uummataati. Abbumman isaa hawwaasa og-afaan sanatti fayyadamuufi og-afaan sana kalaqedha. Akkasumas, og-afaan hawaasaaf faayidaa kan kennuu ta’ee, kanneen og-afaan jalatti hammataman immoo, oduudurii, geerarsa, faaruu, huruursa daa’immanii, faa ta’u,” jedha (2011, f. 31).

2.1.3. Maalummaa Asoosamaa

Asoosamni gooroowwaan ogbarruu keessaa tokko ta’ee, waa’ee namootaa namootaaf kan dhiyeessu barreeffama kalaqa sammuu ilma namaati. Waa’ee asoosamaa ilaalchisuun Asafaan (2009:125) “Asoosamni barruu sammuu namaatiin uumamee dubbisaaf dhiyaatuudha. Barreessaan asoosama tokkoo dhugaa jirurratti hundaa’ee amala,sansaka, hubannoo, kkf namoonni hawaasa keessatti qaban sana qooddattoota uffisee ergaasaa kan dubbistootaaf ittiin dabarsuudha,” jedha.

Yaada kanarraa kan hubatamuu danda’u, asoosamni hojii kalaqa sammuu barreessaatiin uumamee namfakkiitti gargaaramuun dhugaa hawaasa keessa jiru dubbistootaaf kan dhiyeessu ta’uu isaati. Dabalataanis, Kenedy (2007:3) hiika asoosamaa akkas jechuudhaan kaa’a, “Fiction (from the Latin word Fictio “ a shaping, a counterfeiting”) is a name for stories not entirely factual, but at least partially shaped, made up imagined,” jechuun kaa’a.

Akka yaada kanaatti jechi asoosama jedhu jecha Laatinii ‘Fictio’ jedhurraa kan fudhatame yemmuu ta’u, hiikni isaas ‘ fakkeessuu’ jechuudha. Dabalees, seenawwan asoosamaa, hojiiwwan kalaqaa arga yaadaatiin uumaman kunneen guutummaan guutuutti dhugummaan isaanii amansiisaa ta’uu baatanis, hojii fakkeessaadhaan dhugaarratti kan hundaa’aniifi gamisaan(gam-tokkeen) dhugaa kan ta’aniidha. Kana jechuunis asoosama keessatti barreessaan addunyaa arga yaadaatiin uumuun namfakkiitti gargaaramuun haala jiruufi jireenya dhala namaa addunyaa dhugaa kallattiinis ta’ee alkallattiidhaan kan nutti argisiisuudha.

Gama kaaniin, Meyer (2005:1) yaada kana yammuu cimsu, “... Fiction consisting of carefully arranged words designed to stir the imagination,” Jedha. Kana jechuunis asoosamni jechoota

haala seera qabeessaan akkaataa miira namaa tuquun hojii kalaqaa arga yaadaatiin kan uumamuudha. Walumaagalatti, asoosamni gooroowwaan ogbarruu keessaa tokko ta'ee, barreessaan addunyaa arga yaadaatiin namfakkiitti gargaaramuun haala jiruufi jireenya ummataa, dhimmoota dhala namaa kanneen akka aadaa, safuu, duudhaa, jaalala, falaasama, siyaasaafi diinagdee haala miira namaatti dhaga'amuun jechoota babbareedoofi filatamoo ta'een kan dhiyaatu barruu hojii kalaqaati jechuun nidanda'ama.

2.1.4. Caacculee Asoosamaa

Caacculeen asoosamaa qaamolee caasaa qindoomina asoosama tokko ijaaraniifi akka adeemsa caasaatti xiinxalamuu qabanidha. Caacculee asoosamaa kanneen jedhamanis seenaa, namfakkii, waldiddaa, jaargocha, ija, yoomessafi ergaadha. Caacculeen asoosamaa qaamolee caasaa qindoomina asoosama tokko ijaaraniifi akka adeemsa caasaatti xiinxalamuu qabanidha. Caaculee asoosamaa kanneenis haala armaan gadiin haailaallu.

2.1.4.1. Seenaa

Asoosama tokkoo keessatti, seenaan jaargochoota adda addaa waltumsuun seenaa bu'aa-ba'ii jireenyaa dhalli namaa addunyaa kana irratti keessa darbuu danda'u kan fakkaatudha. Kanaaf, seenaan asoosamaa ta'insoota guutummaa asoosama tokko keessa jiran hunda kan hammatedha jedhuu dandeenya. (<http://cstl-cla.semo.edu/hhecht/the%20elements%20of%20fiction.htm>)

2.1.4.2. Jaargocha

Beektonni adda addaa waa'ee jaargochaa ilaalchisee yaada garaa garaa ibsanii jiru. Isaan keessaa Zarihuun nama Philip Stevich jeddhamu wabeeffachuun akkasitti kaa'a, "Jaargochi dhimma ijoo, seenaa, gochaa ifatti mul'atu, tooftaa, bu'uura jiraachuu seeneffama tokkoo, seeneffama tokko keessatti wanti darbuu barbaadame karaa itti darbu," Aristootil ammoo, "Jaargochi ijaarama ta'insootaa jalqaba, walakkaafi dhuma irratti kan qabudha," yaada jedhu kaa'uusaa ibsa. Dabalataanis, namni Antonio Trolop jedhamu, "Jaargochi bifa seeneffamaa isa guddaadha. Asoosama tokko kan kaasus, kan kuffiisus hojiin guddaan jaargochadha. Jaargochi isaa yoo milkaa'e asoosamichis nijaallatama; jaargochi isaa yoo hinmilkoofne asoosamichis nikomatama. Asoosamni suuraa jireenyaa agarsiisuu qaba. Kana gochuuf ammoo qooddattoota amanamummaa qabaatan barbaachisa. Kanaaf meeshaan guddaan jaargocha," jechuun ibsa.

.Walumaagalatti, jaargochi seeneffama gochootaa yoota'u, xiyyeeffannoon isaa inni guddaan garuu, sababaafi bu'aa irratti kan xiyyeeffatu ta'uu isaanii hubachuun nidanda'ama.

2.1.4.3. Qooddattoota (Namfakkiilee)

Asoosama tokko keessatti seeneffamni seeneffamu tokko kan eenyuu akka ta'e yoo gaafatame, kan abaluuti, jechuun hinhafu. Namni abalu jedhamee maqaa dhahamu ammoo haala jireenya garaa garaa keessatti kan hirmaatuufi amala adda addaa ittiin beekamu kan qabudha. Qooddattoonni addunyaa asoosamaa keessatti foon uffatanii, amala gonfatanii, maqaan kennameefii, bakki jireenyaa mijaa'eefii, kan socho'an, kan hafuura baafatan, kan dubbatan, kan nyaatanii dhugan, akkuma namoota addunyaa dhugaa kana keessa jiraatanii kan jiraatanii du'an, kan beela'aniifi dheebotan, kan waljaallatan, kan wallolan, kan gammadaniifi gaddan, namoota addunyaa asoosamaa ta'uu ibsa.

Qooddattoonni baraafi bakka asoosamichi irratti hundaa'e irraa kan maddan, namoota bara sanaafi bakka sanaa kan bakka bu'an yoo ta'an, ilaalchaafi yaada waliigalaa bara sana ture, aadaafi barsiifata hawaasummaa, dhimmoota afuuraafi qabatamoo ta'an calaqqisiisa. Kan barreessaan yaada isaa bal'aa keessaa kalaqee ilaalchi bara sanaafi hariiroon hawaasaa kan irratti calaqqisu fakkaattii namootaati. Qooddattoonni sun ruqoolee asoosamaa biroo waliin qindaa'uun barreessichi waa'ee jireenyaa kan keessatti ibsu meeshaalee gurguddaadha(Zarihuun,2014: 159-160).

2.1.4.4. Waldiddaa

Addunyaa dhugaa keessatti mudannoo yookiin jireenya namootaa keessatti bu'aa ba'iin hedduufi qabsoon gara garaa nitaasifamu.Bu'aa ba'iifi qabsoowwan kun ammoo lubbuun jiraachuuf, wantoota jireenyaaf barbaachisan argachuuf, isa fooyya'aa fudhachuuf, waan hawwan guuttachuuf, walumaagalatti fedhii guuttachuufi waan garaa ofii raawwachuuf kan raawwatamani jechuun nidanda'ama. Jiraachuufis haata'u yaada keessa ofii guuttachuuf walitti bu'iinsiifi komiin gara garaa namoota biratti gartuu lamaan uumamuu danda'a.Kunniin ammoo namoota biratti mormii adda addaa fiduu danda'a.Kunimmoo jireenya keessatti dhimma hinhafneefi argamudha.Asoosamnis fakkaattii addunyaa dhugaa waan ta'eef dhimmoota akkasii irraa walaba ta'uu hindanda'u.

Qooddattoonni addunyaa asoosamaa keessa jiran haala isaaniif mijaa'e irraa ka'uun dhimmoota adda addaa irratti mufannaafi walii galtee dhabuutti seenu. Mufannaa kanarraa ka'uun walii galtee dhabuu kanatu waldiddaa jedhama. Qaamolee diddaa kana uuman lamaan gidduutti tokko isa biroo mo'achuuf, tokko isa biroo kuffiisuuf yookiin tokko isa biroo irratti ol'aantummaa argachuuf yoo mul'atu, inni biroo ammoo akka hinmo'atamne, akka hinkufneefi akka hincaalamne yammuu carraaqu nimul'ata.

Waldiddaan qooddattoonni falmii keessa seenan keessaa ba'uuf yammuu tattaafatan, rakkoon biroo yammuu isaan mudatu, isammoo tasgabbeessuuf yammuu yaalan, kan keessatti mul'atu ijoo dubbii asoosamaati. Waan asoosama keessaa hin hafneefis, waldiddaan lafee dugdaa asoosamaati, jedhama. Kunis, seenicha utubee dhaabuun kallattii barbaadame irra akka deemu waan gargaaruu 'lafee dugdaa 'jedhama(Zarihuun ,2014:172).

2.1.4.5. Yoomessa

Kana irra jiruu bakka keessa jiraatanii fi yeroo seenaa isaanii sana itti dalagan ni qabu. Haalli guyyaa, sa'atii, waggaa, ji'oota qooddattootni keessatti raawwatan Yaadrimeen yoomessa jedhu jechoota lama walitti makuun yoo ta'u, jecha 'yoom' jedhuu fi 'eessa' jedhu irraa kan ijaarameedha. Asoosama keessatti yoomessa jechuun bakkaa fi yeroo seenaan asoosamichaa keessatti seeneffamu sun itti dalagamee fi seenaa asoosamichaa keessatti akka hirmaataniif qooddattootni asoosichaan uumaman sun keessa jiraatan jechuudha.

2.1.4.6. Ergaa

Asoosamni barreeffamu tokko kaayyoo barreeffamuuf qaba. Kaayyoon isaa kunis adeemsa seenichaa keessatti, jireenya qooddattootaafi hariiroo gidduu isaanii keessatti kan dhangala'u yoo ta'u, dhimma hawaasummaa tokko yookiin dhimma ijoo tokko fudhatee kan ka'udha. Barreessichis mudannoo isaa guyyaa guyyaafi kallattii adda addaan ilaalcha hawaasa sana irratti qabuufi beekumsa isaa bu'uura godhachuun kaayyoon guddaan inni asoosama keessatti bocu dhimmoota adda addaa asoosamicha keessatti mul'atan kan qabatudha. Barreessichi seenaa tokko yookiin sanaa ol uumee, qooddattoota haala gara garaa keessa galchee, asoosama isaa yammuu bu'uureessa ka'umsi isaa yeroo baay'ee xiyyeeffannoo ijoo yookiin ergaadha.

Dabalataanis, barreessaan tokko mudannoo isaafi dandeettii kalaqaa isaa irratti hundaa' uudhaan haala jireenyaa adda addaa hawaasaafi amala namootaa gara garaa taajjabee yammuu mul'isu dhimma ijoo irratti xiyyeeffatu niqabaata. Asoosama isaa yammuu bu'uuressu yaadolee haala jireenya walii galaa hawaasichaa, sadarkaa beekumsaafi guddina irra jiruun, aadaa, duudhaafi barsiifata, akkasumas amantaa irraa maddan irratti waan ta'eef, dhimmoota ijoo inni irratti xiyyeeffatus kana ala hinta'an. Kanarraa ka'uun ergaan calaqqee haala jireenyaafi sadarkaa hawaasichaa, aadaa, duudhaafi barsiifata akkasumas amantiiti jechuu nidandeenya (Zarihuun, 2014: 185).

2.1.4.7. Ija

Asoosama kamuu keessatti barreessaafi dubbistoota gidduu ta'uun haalota jiran kan ibsuufi hiika itti kennu, darbee darbee ifatti, yeroo baay'ee ammoo keessa beekkannoon kan jiraatuufi adeemsa seenichaa eegee seenessaa dhiheessu qaba. Seenessaan kun kan seenichi isa hin ilaallanne yookiin taajjabaa ta'uu danda'a. Yoo keessatti qooda kan fudhatu ta'e seenicha akka ilaalchaafi hubannoo isaatti dhiheessa. Taajjabaa taanaan ammoo qarqara dhaabachuun waan argeefi dhaga'e akkuma jirutti dhiheessa. Kanarraa ka'uun seenicha kan seenesse eenyu? Hariiroon inni seenicha waliin qabu hoo maali? Seenechi gama kamiin seeneffame? Gaaffilee jedhaniif kan deebii kennu ija kallattii ittiin seeneffame sana jechuudha (Zarihuun (2014:190).

Asoosama tokko keessatti seeneffamni seeneffamu tokko kan eenyuu akka ta'e yoo gaafatame, kan abaluuti, jechuun hinhafu. Namni abalu jedhamee maqaa dhahamu ammoo haala jireenya garaa garaa keessatti kan hirmaatuufi amala adda addaa ittiin beekamu kan qabudha. Qoodattoonni addunyaa asoosamaa keessatti foon uffatanii, amala gonfatanii, maqaan kennameefii, bakki jireenyaa mijaa'eefii, kan socho'an, kan hafuura baafatan, kan dubbatan, kan nyaatanii dhugan, akkuma namoota addunyaa dhugaa kana keessa jiraatanii kan jiraatanii du'an, kan beela'aniifi dheebotan, kan waljaallatan, kan wallolan, kan gammadaniifi gaddan, namoota addunyaa asoosamaa ta'uu ibsa, (Zarihuun, 2014).

Qoodattoonni baraafi bakka asoosamichi irratti hundaa'e irraa kan maddan, namoota bara sanaafi bakka sanaa kan bakka bu'an yoo ta'an, ilaalchaafi yaada waliigalaa bar asana ture, aadaafi barsiifata hawaasummaa, dhimmoota afuuraafi qabatamoo ta'an calaqqisiisa. Kan barreessaan yaada isaa bal'aa keessaa kalaqee ilaalchi bara sanaafi hariiroon hawaasaa kan irratti

calaqqisu fakkaattii namootaati. Qooddattoonni sun ruqoolee asoosamaa biroo waliin qindaa'uun barreessichi waa'ee jireenyaa kan keessatti ibsu meeshaalee gurguddaadha, (madda olaamu).

2.2. Qeeqa Ogbarruu

Qeequun hojii ogbarruu tokko fudhatanii ciminaafi dadhabina isaa adda baasuun ga'umsa inni qabu madaaluudha. Yaada kana Wondson (2000) yoo ibsu, qeeqni hojii ogbarruu tokko fudhachuun waa'ee barreeffamichaa hubannoo gadi fageenyaa argachuun gosa barreeffamaa erga adda baafataniin booda ulaagaalee madaallii ogbarruu lafa kaa'achuun ciminaafi dadhabina hojichaa irratti hundaa'uun kan ittiin sadarkeessinu madaallii ogummaa irratti hundaa'ee gaggeeffamudha, jechuun ibsa. Beektota yaada kana deeggaran keessaa kan biraan immoo Dutton (1984) haala itti aanuun ibsa.

Criticism is analysis of structure and style judgment of its worth by comparison with other works, estimation of its likely effect on readers and the establishment of general principles by literary works individually in categories or as a whole can be evaluated and understood (p.459).

Akka yaada hayyuu kanaatti qeequu jechuun caasaa, tooftaafi faayidaa hojichi qabu cuunfuudhaan hojiilee ogbarruu biroo waliin walbira qabani madaaluudha. Qeeqni ogbarruu dhimmoota garaagaraa karaa adda addaa gadi fageessanii akka hubatan kan nama dandeessisu ta'uus hubachuun nidanda'ama.

Ogbarruu barreeffame tokko hanqinaafi cimina isaa adda baasanii agarsiisuuf qeeqamuun barbaachisaadha. Kana ilaalchisee Beekan (2013:66) yeroo ibsu, "Waan barreeffamaan jiru tokko qeeqaaf dhiyaachuun seeruma ogbarruuti. Qeeqamuus qaba. Yoo tokko kan barreesse ta'e, kan barreessuullee dadhabe dubbisee qeequun kan qeeqamu waan barreeffame sana malee nama barreesse sana miti. Kana jechuun qeeqa ogbarruuf ulaagaan lafa ka'amuu qaba jechuu dha" jedha.

Jechi qeeqa jedhu yeroo hedduu waa fashaleessuuf dhimma namni tokko itti gargaaramu fakkaata. Ogbarruu keessatti garuu, qeeqa jechuun dhimma tokko irratti adeemsa qaaccessaafi madaallii gargaaramuun murtii ta'e irra ga'uudha. Kunis, waan barreeffame tokko jabinaafi hanqina, faayidaa fi miidhaa, sirrummaafi dogongora gocha yookaan wanta dhuunfaa tokkoo

ilaalchaafi haqa ta'uu ittiin adda baasnuudha. Kunis hir'inaafi jabina isaa adda baasuutiin kan raawwatu yoo ta'e iyyuu, ulaagaa dhimma tokko ittiin qeequ irra dhaabbatanii rakkoo adda baafame sanaaf yeroo itti furmaanni dhimmichaaf barbaadamuudha jechuudhaan ibsa (madda olaanu). Akkasumas, qeeqni ogbarruu hojii dadhabinaafi cimina ogbarrichaa adda baasuufi furmaata fuulduraaf kaa'uudha malee nama barreesse sanarratti kan xiyyeeffatu akka hin taane hubachuun nidanda'ama.

Dabalataanis, qeeqni ogbarruu hojiilee barreessitoota muraasaa ilaaluudhaan ciminaafi laafina isaanii adda baasuudhaan murtee kennuu qofa akka hintaaneefi waa'ee yaadxina ogbarruufi qajeeltoowwan isaa, amala ogbarruu, waa'ee iccitii kalaqama isaa, waa'ee dalagaa isaa, waa'ee bu'aa inni argamsiisuu, waa'ee dalagaalee namummaa waliin hariiroo inni qabuu, waa'ee akaakuuwwan isaa, waa'ee istaayilii barreeffama isaa, waa'ee dhufaatii isaafi seenaasaa hunda kan hammatu ta'uu (Zarihuun, 2014) ni'ibsa.

Kana malees, Tyson (2006) yoo ibsiti, qeeqni ogbarruu raawwii yaadxina qeeqaa barreeffamoota ogbarruu irratti gaggeeffamu ta'ee, qeeqni kennamu sun ammoo hubannoo tilmaama yaadxina sanaan walsimu yookiin walsimuu dhabuu isaa kan quba qabsiiu, yaada namootaa kan ittiin agarsiisuun danda'amuudha, jetti.

Walumaa galatti, qeeqni ogbarruu waa'ee hojii ogbarruu tokkoo ciminaafi laafina jiru karaa yaadxina ogbarruutti dhimma ba'uudhaan xiinxaluu, qeequu, yaada itti kennuufi qorachuudhaan bu'aa isaa kaa'uu yaaluuti jechuun nidanda'ama.

2.3. Faayidaa Qeeqa Ogbarruu

Ogbarruun tokko yammuu qeeqamu faayidaan inni qabu guddaadha. Yaadxinni qeeqa ogbarruu, ogbarruun tokko yammuu qeeqamu bu'aalee gara garaa qabaachuu Tyson (2006) akkasitti ibsiti.

Theory can help us learn to see ourselves and our world in valuable new ways, ways that can influence how we educate our children, both as parents and teachers; how we view television, from the nightly news to situation comedies; how we behave as voters and consumers; how we react to others with whom we do not agree on social, religious, and

political issues; and how we recognize and deal with our own motives, fears, and desires (f.2).

Yaada kana irraas wanti hubatamu, yaadxinni waa'ee mataa keenyaa akka barannuufi addunyaa keessa jiraannu kallattii bu'a-qabeessa ta'een ilaallee kanneen kaan irratti dhiibbaa akkamitti akka geessisnu kan dandeessisudha. Dhiibbaan kunis, ijoollee keenya akkamitti akka barsiifannu, sagantaalee televiiziyinii adda addaa akkamitti akka ilaallu, sagalee keenya akkamitti dhageessifachuufi waan tokkotti akkamitti dhimma akka itti baanu; mormii dhimma hawaasaa, siyaasaa, amantii irratti qabnu isa kaanitti akkaataa itti agarsiifnu; hamilee, sodaafi fedhii mataa keenyaa akkamitti akka hubannuufi mataa keenyaan mari'annu nu gargaara.

Akkasumas, wantoonni dhala namaan dalagaman ogbarruu qofa osoo hintaane, kanneen akka fiilmii, muuziqaa, aartii, teknooloojiifi ogummi harkaamuuxannoo dhala namaatiin ala fagaataniiru, jennee yoo amanne, fedhii, diddaafi dandeettii achi keessatti mul'atu irraa barachuun nidanda'ama. Yaadxinni qeeqaa waan argachuuf barbaadame tokko , leensii bu'a qabeessa waa'ee addunyaa keessa jiraannuufi mataa keenyaa ittiin ilaallu qofa osoo hintaane, meeshaa daran barbaachisu, kan dandeettiin yaaduu keenyaa sababa-qabeessa akka ta'u cimsa; akka waa kalaqnu kan taasisuufi kallaattii sirriitiin akka waa ilaallu kan nu taasisu ta'uus ibsiti (madda olaanu).

Qeeqni ogbarruu dandeettii gadi fageessanii yaaduu gabbisa. Akkasumas, fedhii waa dubbisuu akka amaleeffannuufi hanga daangaa dubbisuu dandeenyuu kan agarsiisudha. Kanas (Saeed, 2016) akkasitti ibsa:

It encourages you to identify your own reading habits and to explore beyond their boundaries. It can also give you a sense of confidence and responsibility about developing your own critical standards and judgments and not having to surrender your opinion to other's interpretations. It sharpens your general interpretive, analytic, and evaluative skills. And it improves your ability to make a good argument by encouraging the habit of backing up your opinions with reasons and textual evidence (f. 331).

Dabalataanis, yaada kanarraa wanti hubatamu, bu'aa qeeqni qabu miira ofitti amanamummafi sadarkaa waan tokko ittiin qeequu dandeenyu akka qabaannuufi murteessinu, akkasumas, ilaalcha isa biroottii ala ofii keenya akka waa ilaallu taasisa. Tilmaama, beekumsaafi dandeettii

madaaluu keenyallee akka walii galaatti qara. Murtee sababaafi ragaan deeggarama akka kenninuufis nu gargaara.

Itti dabalees, qeeqni ogbarruu barreessaafi dubbisaaf darbees tajaajila inni ogbarruuf qabu ol'aanaadha; ciminaafi laafina hojii barreessaa tokko keessa jiru kan agarsiisu waan ta'eefis, barreessichi cimina isaa beekke hojii isaa gara fuula duraa keessatti akka itti fayyadamu, qabxiilee laafina agarsiisan ammoo fooyyessuuf isa gargaara. Kana malees, qeeqni ogbarruu barreessaa qofaaf osoo hinta'iin dubbistootaafis bu'aa ol'aanaa qaba. Hojiilee qeeqa ogbarruu keessaa inni bu'uuraa hojicha ija ogummaan ibsuu waan ta'eef, hojichi yammuu ibsamu dubbistootaaf irra caalaa ifa ta'aa dhufa. Ibsi qeeqaan tokko kennu gochaalee akka: waan dhokate tokko ifa baasuu, waan ifa hintaane adda baasuu, isa ulfaatu salphisuu, akkasumas dhimma qolaan barreeffame tokko hiikuu waan ofkeessatti hammatuuf dubbisaan hojicha haalaan hubachuu danda'a (Zarihuun, 2014).

2.4. Gosoota qeeqa Ogbarruu

Gosoonni qeeqa og-barruu: qeeqaasafuu, qeeqa xiinsammuu, qeeqa duubartummaa, qeeqa hawaasummaa, qeeqa unkaa, qeeqa caasaafi kanneen kana fakkaatanidha. Gosoota qeeqaa kanneen keessaa qorannoon kun kan irratti xiyyeeffatu qeeqa xiinsammuu irratti.

2.4.1. Qeeqa Xiinsammuu (psychoanalytic Literary Criticism)

Akka yaadiddama Freud'tti sammun dhala namaa tulluu cabbii (iceberg)'n walfakkata. Sadarkaan sammuu inni dammaqaan fiixee tulluu cabbii isa mul'atuun yoo walfakkaatu, inni riphann (unconscious) ammoo dhokataa fi hubachuun isaa kan nama rakkisuudha. Sansakkaa nama tokkoo kan abbichi hubachuu hindandeenye qabee kan jiruudha jedhee amana. Sadarkaan dammaqinaan duraa (pre conscious) ammoo battalatti kan hin hubatamne, garuu salphaatti kan bira ga'amuudha jedha. (<http://muskingum.edu>)

Akka yaada kanaattis xiinsammun waan dhokataafi mul'ataa kan of keessaa qabu ta'uu waan ta'aa jiru abbichumtiyyuu to'achuuf kan rakkatu ta'uufi garuu jiruufi jireena dhugaa wliin yooxiin xalame kan bira ga'amu ta.uu.

Hayyoonni adda addaa yaaxinaalee xiinsammuu ilaalchisee kallattii adda addaan hiika garaagaraa kennaa turan. Yaadni kun jalqaba kan hundaa'e jaarraa 20^{ffaa} keessa hayyuu Sigmud

Frued jedhamuun ture. Xiyyeeffannoon isaa inni guddaan ergaan qorattoota xinsammuu, dhimma sammuu, hawaasummaafi guddina saalaa (sexual development) haala hubannaa nama dhuunfaafi amala namaa akka waliigalaatti kan ilaallatudha. Akka yaada kanaattis, qorannoon xiinsammuu hawaasaatti fayyadamu bu`uura godhachuu akka qabu ibsa.

Kunis hawaasni jiruufi jireenya isaa keessatti waan amaleeffate, waan tokko wanta irraa ka`ee jedhuu qaba, sababii jedhuufis qaba. Hayyuun kun, dursa ogeessa fayyaa ta`ee kilinika mataa isaa keessatti dhukkubsattoota yaalaa ture. Hojii isaa kana keessatti waa`ee namoota fayyummaa amalaa hin qabneefi dhukkubsattoota sammuu isa mudatanirratti qorannoo geggeesaa tureera. Hojiisaa kana ciminaan itti fufuun adeemsa keessa dhukkubsattoonni baayyeen isaanii dhukkubichi dhukkuba narviitiin hidhata qabaachuu isaa mirkaneeffate. Suuta suuta qorannoo isaa kana gama xiinsammuu namaa, keessumaayyuu sammuu dammaqaa hin taane (unconscious mind) irratti xiyyeeffatee qorannoo geggeessuu jalqabe.

Gama biroon xiinsammuu ilaalchisee yaadni jiru, xiinsammuu hiikaawwan fudhatama argatan lama qaba. Jalqabarratti namoota sammuu isaanii toora gadhiise wal`aanuu/gargaaruu, inni lammaffaan immoo dayeessota sammuu namaafi walxaxiinsa isaa argamsiisuudha. Manni barumsaa xinsammuu kun kutaa sammuu riphaa (unconscious mind) isa gadi fagoo bira waan qaqqabuuf xiinsammuu gadi fagoo (depth psychology) jedhamees ni waamama. Yaada kana waraabbii armaan gadii irraa hubachuun ni danda`ama.

The term psychoanalysis has two accepted meanings. Firstly, it means a method of treating mentally disordered people. Secondly, it also goes to mean the theories on human mind and its various complexities. This psychoanalytical school is also known as depth psychology on the ground that it goes into the deep region of unconscious mind, (Chauan, 1978:44).

Kan biroon xiinsammuu waliin kan walqabatu abjuudha. Abjuun taatee uumamaati, dalagaa kan osoo beekanii ta`u miti. Akka ibsa isaatti abjuun daandii guddaa mijeessa. Gochoota isa hin beekne sammuu calaqqisiisuu, yookiin mul`ata qabiyyeeti. Abjuun qorannoo xiinsammuu keessati iddoo olaanaa qaba. Qabiyyeen inni agarsiisus haala sirnaawaadhaan waan hin mul`anne yaaddoo daddarbu, hawwii, fedhiifi qalbiin isaa hinbeeknedha. Tooftaan ittiin waan hin mullanne akka ittiin mullatan taasisan abjuudhaan akka ta`edha. Faayidaan isaa inni guddaan

waantoota nama dhiphisan yookiin yaaddeessan jalaa miliquudha. Wantoonni hin mul'anne wantoonni nama yaaddeessu yookiin waan nama dhiphisudha. Sababiin isaas walqunnamtiin saalaa, dhiphachuun, uumama sodaachuu waan ta'eefidha.

Qeeqni xiinsammuu dhimmoota gara garaa waliin walqabachuu danda'a. isaanis: gama hawaasummaan, jaalala, abjuu, dhibee, yookiin dhukkubbii, irratti kan xiyyeeffatu ta'uu isaa yaadota yaaxina xiinsammuu keessatti irraa hubannee jirra. Bu'uuruma kanaan haalota hawaasa keessatti mul'atan yaada kanaan walqabatan haala armaan gadiin ilaalla.

2.5.1. Hawaasummaa Ilaalchisee

Addunyaa kana irratti dhalli namaa sababa adda addaan walitti dhufeenya uumma. Wanta walitti isaan fidu keessaa tokko bu'aa bayii jireenyaa moo'achuuf jecha walitti dhufuu isaanii Dirribiin (2012) haala hawaasummaa akkasiin ibsa. Hawaasa jechuun uummata walitti aanee naannoo sadarkaa gandaatii olc ta'eaalaa bal'aa ta'e keessa jiraatudha. Hawaasni tokko yookiin namni gosa tokko ta'us ta'uu baatus ni danda'a. Amantaa tokko yookiin adda addas hordofuu danda'a. Akka hawaasaatti garuu walfaana jiraata. Hamaafi tolaa walfaana hirmaata.

Dabalataanis, hawaasummaan diinagdeesaan walitti hidhata kan qabuufi namni uumama hawaasummaafi jireenya gaarii yookiin badaa jiraachuuf nama waliin jiraachuun kan hin hafne ta'uu ibsa. Jireenyi dhuunfaa jireenya hawaasaa waliin walitti dhufeenya qaba. Namni dhuunfaas hawaasaaf waan gumaachu qaba. Hawaasni wal malee hin jiraatani. Rakkoon yookiin yakki nam-tokko raawwatu hawaasa nimiidha. Gaarummaan tolli nam-tokkoon hojjetamus hawaasaaf bu'aa qaba; tolaan tola dabala; hamaan hamaa dabala. Yaada kanarraa wanti hubatamu hawaasa yommuu jennu garee muraasa irraa hanga hedduminaa yommuu ta'u, waliin jireenyi murteessaa ta'uufi miidhaas ta'e faayidaa osoo hifilatiin kan waliin qooddatan ta'uudha.

2.5.2. Gama Dhibee Yookiin Dhiphinaan

Xinsammuun-mala yaalii dhibee sammuu kan sigmud Frued'n hundeeffame ta'ee Sammuu dammaqaa hin taane, dhiphina sammuu, waldhabdee keessoo, qoratee sammuu walaba ta'ee hojiifi jaalalaaf ga'aa akka ta'uuf hariiroo walabaaf qopheessuudh jedha. Haala kanaan xiin sammuu sammuu sababa adda addaan miidhamee jiru bayyaannachiisuurratti gahee kan qabu ta'uu hubanna.

Afseenaan (myths), sheekkoofi fookloorii kan biroon abjuu wajjiin akkuma walfakkaatan uumamaan humna wal isaan gichisiisu qabu. Beektonni fookloorii baayyeen qajeelfama Freud hordofuudhaan abjuun afseena nama dhuunfaati (dream is the myth of the individual) kan jedhu amananii fudhatan. Keessumaa hayyoonni muraasni afseenaan abjuu aadaa (myth is the dream of culture) ti jedhu. Hayyuun Max Mullar jedhamuufi beektonni yaada isaa deeggaran wa'ee qorannoo afseena (mythology) yommuu ibsan taatee humna qabeessa akka ta'etti fudhataniiru. Akka yaada kanaatti xiinsammuun gama abjuu hiikuu keessatti haalaafi akkaataa ittiin ilaalamu kan qabudha. Kunis jireenya hawaasaa keessatti gama afseenaan kan mul'atu ta'us hiika kan argatu hariiroo xiin sammuu dhala namaatiin ta'uu hubanna.

2.5.4. Milki

Milkiin mallattoo yaada gara fuulduraatti ibsuuti. Akkasumas fiixaan ba'iinsa kaayyoo tokkoo jechuudha. Milkiin waan karoofame yookiin yaadame galmaan ga'uufi dhiisuu isaa irratti wantoota waan gaarii yookiin waan badaa taasisanidha. Yaada kanas galmeen jechootaa *Longman Dictionary of Contemporary English* jedhamu, "Omen is a sign of what will happen in the future," jechuun ibsa.

2.5.5. Abjuufi Mallattoolee

Mallattooleefi fedhii dhokataa ilaalchisee Freud qabiyyeen abjuu yeroo baay'ee mallattoo ta'uu danda'a. Mallattooleen kun ogeessa xiinsammuun haala gaariin yoo hiikaman fedhii ukkaamameefi walitti bu'iinsa hawaasaaf ragaa/ka'umsa bu'a-qabeessa argamsiisuu danda'a jedha. Akka yaada kanaatti mallattoolee kan jedhaman hedduu ta'uufi gama xiinsammuun xiinxalamuu kan danda'an ta'uu isaaniiti. Hayyoonni Niaz fi kaawwan abjuu ilaalchisee hayyuu Frued (1899) wabeffachuun kan isaan ibsan haala asii gadiin dhihaateera.

According to Freud, the content of dream is the fulfillment of and he suggested that dreams have two type of content: manifest content and latent content. The manifest content the real lateral subject-matter of the dream; on the other hand, the latent content is the underlying meaning of these symbols. Moreover Freud believes that the latent symbol of dreams is repressed and concealed by the subconscious mind in order to protect someone from thoughts and emotions that are hard to deal with. Dreams became expressing those repressed feelings which are unacceptable in real life situation, because

of our social, ethical or any other (superego) restrictions, (Niaz, Stanikzai & Sahibzada, 2019, p.38).

Dabalataanis, yaada kana irraa wanti hubatamu qabiyyeen abjuu haala lamaan kan ilaalamu yoo ta'u, kunis isa ifatti mul'atuufi isa dhokataa akka ta'edha. Yaadni ifatti mul'atu kanuma namni tokko sammuu isaa keessatti abjo'ate sanaan yoo walqabatu, inni dhokataa ammoo hiika gadi fagoofi adda ta'e kennamuuf akka ta'edha. Gama kaaniin abjuun fedhii ukkaamamaa keessoo ofii kan ittiin guuttatan akka ta'eefi keessattuu kanneen hawaasummaa keessatti dhorkamaniifi 'superego' keessatti hinhayyamamne kan ittiin guuttatan ta'uu yaada kana irraa hubachuun nidanda'ama.

2.5.6. Ittisa Fedhii Dhokataa

Ittisa fedhii dhokataa waliin walqabatee akaakuun adda addaa akka jiran ammoo Tyson (2006) ni'ibsiti. Isaanis: waan fedhan hubachuu (selective perception), akka yaada ofiitti fudhachuu (selective memory), haaluu (denial), irraa baqachuu (avoidance), bakka buusuu (displacement) fi kuffiisuu (projection) kanneen jedhan kan of keessatti qabatu ta'uu akkasitti ibsiti.

Defenses include selective perception (hearing and seeing only what we feel we can handle), selective memory (modifying our memories so that we don't feel overwhelmed by them or forgetting painful events entirely), denial (believing that the problem doesn't exist or the unpleasant incident never happened), avoidance (staying away from people or situations that are liable to make us anxious by stirring up some unconscious—i.e., repressed—experience or emotion), displacement (“taking it out” on someone or something less threatening than the person who caused our fear, hurt, frustration, or anger), and projection (ascribing our fear, problem, or guilty desire to someone else and then condemning him or her for it, in order to deny that we have it ourselves), (Tyson, 2006, P.15)

Yaada kana irraas wanti hubachuun danda'amu sammun namaa taateewwan haala adda addaan ilaaluu isaati. Haalonni kanneenis: rakkoon tokko utuma jiraachuufi uumamuu isaa beekuu akka rakkoon sun hinjirreefi hinuumamneetti fudhachuudhaan ofsossobuu akka danda'u, taatee tokko akka sammuu isaaf ta'utti jijjiiree akka fedhatu, waan ofii dhaga'uu barbaadu qofa irratti akka xiyyeeffatu, waan hinbarbaanne tokko irraa baqachuu bakka fedhu, taatee tokko akka isaaf ta'utti

jijjiiree fudhachuufi taatee rawwatame tokko kuffiisuun akanneen ittisa fedhii dhokataa dhala namaa keessatti mul'achuu danda'an ta'uu dabalataan hubachuun nidanda'ama.

2.5. Yaaxxina Qorannichaa

Qorannoon kun yaadxinaaalee Sigmand Freud hojiirra oolche irratti kan hundaa'u yoo ta'u, isaanis haala armaan gadiitiin dhihaataniiru. Xinsammuun-mala yaalii dhibee sammuu kan sigmund Frued'n hundeeffame ta'ee sammuu dammaqaa hin taane, dhiphina sammuu, waldhabdee keessoo, qoratee sammuu walaba ta'ee hojii fi jaalalaaf ga'aa akka ta'uuf hariiroo walabaa, abjuu hiikuu fi xiinxala dhiibbaa haala adda addaa furuuf kan gargaaru.

Yaadiddama eenyummaa namaa Freud maddisiise ta'ee xiyyeeffannoon isaa ukkaamsaafi sammuu dammaqaa hin taane (repression and unconscious force) fi yaadarimee saalaa kan daa'imummaa, ittisa ykn rincikummaa, daddarbiinsaafi qoqqoodinsa kutaa sammuu (Id, Ego fi Superego) irratti kan bu'uureffatedha.

Dhimmi baay'een murteessaan hubannoo xiinsammuu kanneen ga'ee isaan qindoominaafi ijaarama namummaatti qabanidha. Xiinsammuun seera uumamaa guddina dhuunfaa hawaasaa irratti hoomaa miti garuu qindoomina sadan kanaati. Sammuun bakka sadiitti qoodee kan ilaalamu yoo ta'u, isaanis 'Id,' 'ego' fi 'super ego' dha. Dayeessa kanaan waanti inni adda baaase yoo waldhabiisni gidduu isaanii jiraachuudhaa baate malee gamtaan wal deeggaranii kan socho'anidha.

Namoonni Niaz fi kaawwan Research Guide, (2010) wabeeffachuun yaada Freud 'Id' irratti kaa'e yammuu ibsan, 'id'n qaama sammuu keenya keessaa kan baay'ee murteessaafi barbaachisaa ta'uu isaa maddisiiseera. Akkaataa itti inni 'Id' ilaalchisee ibsa kennetti kan wantoota miira namaa gammachuun ilaaludha jedha. Yaanni kun waraabbii gadii keessatti akkasitti taa'eera.

According to Freud the Id is the part of the personality that holds our basic desires. Such as thirst, anger, hunger, and the desire for instant fulfillment or release. Freud, believes human being are innate with their id. The id is the vital part of our personality since as infants; it allows us to get our primitive needs met. Freud believed that the id is basic our desire principle. The id wants whatever feels worthy at a time, with no concern for the

other state of affairs of the situation. As id have the power influence ego and can easily bring self-pleasure, it is sometimes described by a “devil sitting on somebody’s shoulder” . As this devil sits there, he tells the ego to base performance on how the action will affect the self, specifically how it will bring the self-pleasure. (Niaz, Stanikzai & Sahibzada, 2019, p.38).

Wantootaa dhalootaan dhufan hunda of keessatti hammata; waan of keessatti qabatuun dhaabbataa. Guutummaatti kan qalbiin hin beeknedha.’Id’n adeemsa nama gammachiisuun sammuu namaa keessatti kallattumaan guutamedha. Freud akka lafa kaa’etti ‘Id’ saalqunnamtii fi dubbii barbacha ofkeessatti qabu karaa gargaarsa ‘ego’n dhangalaasu. Gochi yookiin dalagaan ‘Id’ kan ittiin hogganamu adeemsa waliigalaatiinidha. Amalli isaa inni bu’uuraa waan sammuu namaa jeequ yookiin dhiphisu sammuu keessaa dhabamsiisuudha.’Id’n jireenya addunyaa kanaan walitti hidhatiinsa hinqabu. Garuu ‘ego’ dhaaf banaa godha. Miira isaan ‘ego’ irraa addadha. Kan ittiin akka waan biraa irraa hin fudhanne to’atu.’Ego’waliin wal qunnamuu irratti dabalataan ‘id’n dabalataan ‘super ego’ waliinis hariiroo qaba.

‘Ego’n of ta’ufi qabatamaa addunyaa kanaa qabatamaan jiru murtoo kennuu bakka bu’a. akkasumas yeroo hunda kaninni walqabatu yeroo, iddoofi dhugaa qabatamaa jiru waliinidha. Niaz fi kaawwan Fruid (1949) wabeffachuun waa’ee ‘ego’ akkasitti ibsu.

The ego is the part of personality that keeps a sense of balance between desires we have in (our id) and our conscience (our superego) . The ego is based on the real belief. The ego knows that other people have needs and desires and that sometime being impulsive or egoistic can hurt us in the end. In addition, it is the ego’s job to come across the needs of the id, but taking into consideration the reality of the situation. The ego, in other words, has duty to balance id and superego. The ego is represented by an individual, with a devil (the id) on one a shoulder and an angel (the superego) on the other, (Niaz, Stanikzai & Sahibzada, 2019, p.38).

Dabalataanis yaada kana irraa wanti hubachuun danda’amu “ego’n qindoominaafi dandeettii xiinxala guddaa ofkeessatti qabaata; fedhii ‘Id’ fi dhugaa qabatamaa jiru gaafachuun walitti fidudha. Fedhii jiruufi jireenyaafi dhugaa qabatamaa waliin walsimatudha. Haala wal fakkaatuun, ‘super ego’f immoo abboomamuufi atooma gaaffachuudha. ‘Ego’n kallattiin fedhii Id guutuufii

hindanda’u. Alkallattiin gargaarsa qaama biraa barbaada. Kana jechuun immoo sababeessuu yookiin qabata dhiyeessuu jechuudha. Sababeessuun tooftaa amalaa waan nama jajjabeessu yookiin gaddisiisu irraa ‘ego’n dhiphina irraa fageessuuti.

Sirni biraan immoo ‘Superego’dha. ‘Super Ego’n immoo garee faayida qabeessa sammuu keessaa: seera, safuufi hawwii seera qabeessan ajajeefi dhorkee kan hoogganudha. Namoonni Niaz fi kaawwan Research Guide, (2010) wabeeffachuun waa’ee ‘superego’ haala asii gadiin ibsanii jiru.

The superego is the part of the personality that embodies the conscience and the moral part of us. The superego grows due to the moral and ethical restraints located on us by our caregivers. It commands our believe of right and wrong. The superego is associated with an “angel sitting on one’s shoulder,” (Niaz, Stanikzai & Sahibzada, 2019, p.38).

Dabalataan yaada kana irraa wanti hubachuun danda’aamu, ‘superego’n akka amataa keenyaatti waan tokko sirriifi dogoggora ta’uusaa adda baasnee akka murteessuuf kan nu gargaaru ta’uutu irraa hubatama. Sammuun “unconsciousness” fi qabiyyeen isaa yeroo mara mul’achuu (wantabarbaadadu) raawwachuu barbaada. Akkasumas bakka yaade ga’uu barbaada. Garuu kutaan inni “conscious” jedhamu fehii isaa akka guuttatuuf isaaf hin eeyyamu. Gaarii miti jedhee isa dhorka. Karaa wanta gochuun hin barbaachifne nama geessudha jedhee dhorka(consciousness)-iin. Kallattiin kun kallattii gara wantoota nama hin barbaachifne nama geessudha jedhee gorsa waan ta’ee faayidaa sammuu “unconsciousness” haala sammuu “consciousness” keessatti ilaaluu hin dandeenyu jedha. Sababa kanaaf faayidaa sammuu si’ataa hin taanee haala sammuu si’ataatiin daawwachuu hindandeenyu, (Niaz, Stanikzai & Sahibzada, 2019).

2.6. Sakattaa Qorannoowwan Walfakkaatanii

Asjalatti qorqnoowwan asoosamoota afaan ormoo irratti gaggeeffaman garaagarummaa yookiin tokkummaa isan qorannoo kana waliin qabantu ilaalaman.Hanga qorattuun kun sakatta’uudhaaf yaaltetti kallattiidhaan qorannoo kanaan kan wal fakkaatu hinargamne. Haata’u malee guutummaa guutuutti walfakkaachuu baatus, hanga tokko kan walitti dhihaatan nijiru.

Qorannoo Murteessaan (2018) *Xiinxala Asoosama Yaadaa Yaadxina Safuu Hawaasaa* jedhuun gaggeesses isa tokkodha. Qorannoon Murteessaa dhimma safuu hawaasummaa irratti kan gaggeeffame yoo ta’u, qorannoo qorattuun gaggeessuuf jirtu waliin wanti wal fakkeessu, madda raga walfakkaataa fayyadamuu isaaniiti. Wanti adda baasu ammoo qorattuun qeeqa xiinsammuu irratti gaggeessuu isheeti.

Kana malees, *Xiinxala Hiika Abjuu Oromoo* mataduree jedhu irratti qorannoon Ayyalaa Dabalootiin gaggeeffame isa birooti. Xiyyeffannoon qorannoo kanaas hiika abjuuwwan hawaasa Oromoo biratti qaban xiinxaluu irratti kan bu’uureffatedha. Qorannoo kana waliin wanti walfakkeessus, kaayyoo gooree qorattuun kaayyeffatte keessaa abjuun jiraachuu isaa yoo ta’u, wanti adda taasisu ammoo qorattuun abjuuwwan asoosamoota filataman keessatti taasisuu isheeti.

Dabalataanis, mataduree *Xiinxala Milkii Ilaallannaa Oromoo* jedhu irratti kan Dastaa Egeree gaggeessite isa birooti. Xiyyeffannoon ishees milkii ilaallachuun xiinsammuu hawaasaa keessatti ergaan inni dabarsu irratti ture. Wanti qorannoo kanaan walfakkeessus, dhimma milkii irratti xiyyeffachuu yoo ta’u, wanti adda taasisu ammo qorattuun asoosamoota irratti gaggeessuu isheeti.

Egaa qorattuun qorannoowwan ogbarruudhaan walqabsiisuudhaan asoosamoota addaa adda irratti hojjetaman sakattaatee ilaaluudhaan qorannoowwan bu’aan qorannoo isaanii qeeqa xiinsammuudhaan walqabatu argachuu dhabuu isheerraan kan kaate addummaa qorannoo kanaan adda baastee agarsiisuu barbaaddi.

BOQONNAA SADI: MALA QORANNOO

Boqonnaa kana jalatti qorannoon qeeqa xiinsammuu asoosamoota *Yaadaafi Madaa Ciqilee* irratti adeemsifan mala isaan keessa darban yammuu ta’u, qosni qorannoo, iddattoofi malli iddatteessuu, maddi ragaafi malli funaansa raga akkasumas tooftaan ragaan ittiin qaaceffamu kan keessatti dhihaatanidha.

3.1.Gosa Qorannoo

Qorannoon adeemsifame kun asoosamoota *Madaa Ciqileefi Yaada* jedhaman qeeqa xiinsammirratti xiyyeeffachuun sakatta’uufi xiinxaluudhaan kan qeeqame waan ta’eef, mala qorannoo quulqulleeffataatti dhimma ba’uudhaan kan deemsifamedha.

3.2. Iddattoofi Mala Iddatteessuu

Asoosamota Afaan Oromoo hundarratti hojjechuun waan hindanda’amneef iddattoo fayyadamuun dirqama.Kanaafuu, asoosamoota dheeraa *Madaa Ciqilee* fi *Yaada* jedhaman kan filatamaniifis tooftaa iddatteessuu kaayyeeffataatiini.Odeeffannoon qorannoo kanaaf barbaachisan asoosamoota filataman kanneen keessaa argachuun nidanda’ama jedhameeti irratti xiyyeeffatame.

3.3. Madda Ragaalee

Qorannoon kun qorannoo quulqulleeffataa asoosamoota irratti gaggeeffamudha.Maddi ragaa qorannoo kanaas asoosamoota filataman lamaan, *Madaa Ciqilee* fi *Yaada*, jedhamanidha. Dokumantiin madda ragaa quulqulleeffataa ta’uu Dorny (2007) barreeffama isaa keessatti ibsee jira.Qorannoon kunis qeeqa asoosamaa waan ta’eef, asoosamni filatame akka dokumantiitti waan fudhatamuuf madda ragaa ta’anii jira.

3.4. Tooftaa Funaansa Ragaalee

Qorannoo quulqulleeffataa keessatti sakatta’a dokimeentii mala odeeffannoon ittiin funaanamu keessaa tokko ta’ee tajaajila.Kanas,“Content-analysis consists of analysing the contents of documentary materials such as books, magazines, newspapers and the contents of all other verbal materials which can be either spoken or printed (Kothari, 2004, P.110),” jechuun ni’ibsa. Qorannoo kanaafis sakatta’i dokimeentii meeshaa ittiin odeeffannoon funaanamu isa bu’uuraa

tahee filatameera.Kunis, odeeffannoowwan asoosamoota filataman keessa jiran sirriitti sakatta'uudhaan kanneen mataduree qorannichaa wajjin deemu danda'an akka fakkeenyaatti keessaa fudhachuudhaan kan gaggeeffamedha.Kanaafis, gaaffileen tooftaa funaansa ragaaf gargaaran bifa cheekliistiitiin dhihaatanii hojiirra oolaniiru.

3.5. Tooftaa Qaaccessa Ragaalee

Ragaan funaaname qabxilee kaayyoo gooree qorannichaa jalatti tarraa'an irratti fuulleffachuudhaan akkasumas, yaadxina qorannoon kun bu'uura godhate wajjin walsimsiisuun kan qaaceffamaniifi ibsamanidha.

Ragaan qulqulleeffataa baay'een isaa gara barreeffamaatti kan jijjiiramu ta'uufi qaaccessi isaas jalqaba irratti jechootatti dhimma ba'uun kan raawwatedha.Haalli qaaccessi ragaa qulqulleeffataa kun ammoo afaan irratti kan hundaa'edha. Kanas, "... most qualitative data is transformed in to a textual form... and the analysis is done primarily with words. Thus, qualitative data analysis is inherently a language based analysis (Dornyi, 2007) , p.236),". Haaluma kanaan ragaaleen asoosamoota filataman irraa argaman kan sakatta'a dokumantiin argaman waan ta'aniif, jechootatti dhimma ba'uudhaan kan qaaceffamanidha.

Qaaccessi haala kanaan qaaceffamu, sadarkaa ja'a keessa kan darbu ta'uu, yaada gadii irraa nihubatama.

There are six interrelated steps involved in qualitative data analysis and interpretation. Researchers need to prepare and organize the data for analysis. This process involves storing and transcribing the data and deciding on whether the data will be hand or computer analyzed. The next step is to explore the data and to code it.... (Creswell, 2012) , P.261).

Adeemsa qaaccessi ragaa qulqulleeffataa keessa darbu keessaa inni duraa qorataan ragaa qaaceffamu sana qopheeffachuufi qindeeffachuudha.Yammuu qaaceffamus barreeffama harkaafi kompiitara keessaa kan adeemsa ofiif ta'u filachuudha. Itti aansuun ragaa ofii sakatta'uun gosa gosaan kaawwachuudha.Ragaan gosa gosaan taa'e kunis ergaafi dhimma ijoo qorannoo sanaan darbuufi ibsamuu barbaadamaniif kan gargaarudha, (Creswell, 2012).

Ragaa gosa gosaan taa'e qaaccessuudhaan qorattuun argannoo, ibsaan keesseetti. Kanneen argannoo bakka bu'an kanas gudunfaa dimshaashaa keessatti ibsuufi sakatta'a barruuwwan walfakkaatanii kan duraan jiran waliin walbira qabamanii ilaalamaniiru. Gudunfaan qorannichaas hanqinaalee qorannicha keessatti mul'atan dhiheessuufi qorannoo fuulduraaf kallattii haala agarsiisuun dhihaateera. Tarsiimooleen gara garaa hojiirra oolan kan dhugummaa argannoo sanaa mirkaneessanis ibsamaniiru .

Walumaa galatti, haalli qaaccessa raga, ragaalee asoosamoota dheeroo *Yaadaafi Madaa Ciqilee* keessaa filataman adeemsota asiin olitti dhihaataniifi yaadxinoota xiinsammuu hordofanii ka'an waliin walbira qabamanii kan qaaceffamanidha.

BOQONNAA AFUR: QAACCESSA RAGAALEE ASOOSAMOOTAA YAADAIFI MADAA CIQILEE

Boqonnaa kana keessatti asoosamoonni *Yaadaafi Madaa Ciqilee* yaadxina xiinsammuutiin qeeqamaniiru. Dhimmoonni askeessatti ka'anis: cuunfaa jaargocha asoosamoota lachuu, ragaalee; jaalala, abjuu, milkii, mallattoo, ittisa fedhii dhokataa, qaamolee sammuu sadan (Id, Ego, Superego) akkasumas sammuu riphaatiin kanneen walqabatan qeeqa xiinsammuutiin qeeqamanii dhihaataniiru.

4.1. Cuunfaa Jaargocha Asoosamoota Filatamanii

4.1.1. Cuunfaa Jaargocha Asoosama Yaadaa

Asoosamni Yaadaa barreessaa Jamaal Kadiriin bara 2010 kan barreeffamee maxxanfamedha. Qooddataan muummee Asoosama kanaas Aanolee jedhama. Aanoleen ilma haadhaafi abbaa isaa hinbeekne, kan ijoollota akka isaa waliin nama ilmoo godhachuu dhabetu guddifate. Aanoleen saayinsii kompiitaraan digirii lammaffaa qaba; ta'us hojhii ittiin argachuu hindandeenye. Hiriyyoonni isaa biyya Kanaadaa kan lammii biyya biraa Toye, Mar fi Jamse jedhaman akka Aanoleen ogummaa kompiitaraa qabutti fayyadamee qarshii baankii keessaa akkaawuntii isaaniitti naanna'u godhan; hundi isaaniis qarshii hedduu argatanii jireenya gaariis jiraachuu eegalan.

Booda warri FBI nama Afaan Oromoo beeku, Abdiin, akka basaasu gochuudhaan Aanolee qaban. Qoricha nama adoochee yeroo booda ajjeesu lilmoodhaan kennaniifii Finfinneetti fidanii gatan. Isaa du'uuf afaan boollaarra ga'e, kan biyya Ameerikaatti qoricha haaraa argatee, hiriyaan isaa isa maraachee qoricha inni argateen ofii beekamee, Doktora Finfinneetti akkuma Aanolee gatamee turee Juneeyidiin qoricha Aanoleen waraannate kan fashaleessu kadhannaa G.T Birruutiin waraanee du'arraa hambise.

G.T. Birruu haatiifi abbaan isaa duunaan Doktor Juyinediin maraatuu ta'ullee karaarra jiraachaa kadhate kan isa guddise ture. Aanoleen erga du'arraa oolee, Doktor Juyinediifi G.T. Birruu waliin jireenya karaa irraa jiraachuu jalqabe. Garuu booda gara biyya dhaloota isaa Arsii, Itayyaatti ijoollota waliin guddate yaadatee isaan waliin jiraachuuf murteeffatee garas deeme.

Arsii, Itaayyaa keessas kan akka obbolaatti waliin guddatan barbaacha baay'een booda, Eebbisaa argate. Eebbisaanis waa'ee ijoollee waliin guddatan Daraartuufi Kamaal sababa adda addaatiin du'uu isaanii Aanoleetti himan. Aanoleenis akka malee boo'eef; keessattuu keessumaa Daraartuu waan baay'ee jaallatuuf ture. Daraartuun jiraachuu Aanolee har'aaf sababa turte. Namoonni biyya Kanaadaatti ijoollee haadhaafi abbaa hinqabne fuudhanii guddifatan Daraartuu guddifachuuf fudhannaan Aanoleef dabarsitee kenniteef. Sababni isaas Aanoleen dhukkuba biyya alaatti malee fayyuu hindandeenyeen dhukkubsatee waan tureef. Carraa kanaan ture Aanoleen Kanaadaa deemee yaalameesa kan fayye. Yammuu yaalame sanatti garuu, dogoggora yaaliitiin waan duraan beeku hinda irraanfatee ture. Gaafa Doktor Juneeyidiin qoricha lilmoon isa waraane sana deebi'ee waan duraan irraanfate yaadatee gara Eebbisaafaas kan deeme.

Aanoleen waan isa mudate hunda Eebbisaafaatti himee isaan waliin jiraachuu eegale. Hojii humnaafi waan arges hojjechuu eegale. Fiigichas nishaakala ture. Booda intala warra dureessaa Samiiraa kan jedhamtu Aanolee irraa jaalalli ishee qabe. Akka jaallatus itti himte. Aanoleen didullee bu'aa ba'ii hedduu booda jaalala ishee simate. Abbaan ishee kana dhageenyaan baay'ee aaran. Isaan ilam hiriyyaa isaaniitti heerumsiisuuf waadaa galanii turan. Booda Samiiraan gargaarsa obboleettii isheetiin aanoleetiin walarganii waliin badan. Abbaan Samiiraa bakka huindatti barbaachisullee argachuu hindandeenye.

Aanoleefi Samiiraan jaalala nama hedduu inaaafsisuufi fakkeenya ta'u waljaallatu turan. Mucaa durbaa, Saafayee, deesseef. Lammaffaas ulfoofte. Garuu, ulfi lammataa fayyaa ishee irratti rakkoo waan uumuuf akka ofirraa baafu doktorri gorsus nididde. Gaafa da'uuf ciniinsifattus, mucaan ilmaa dhalatus, isheen ooluu hindandeenye. Aanoleen akka malee gaddus, obboleettiin Samiiraa hanga mucaan jabaatutti baatii ja'aaf bira turte. Aanoleenis ijoollee isaa lamaan guddisuu eegale.

Booda lachuu mana barumsaa galchateebarsisuu eegale. Gaaf tokko ilmi isaa, Obsaan, nyaata hojjechuuf utuu yaaluu danfi isa gubnaan gara hospitaalaa geessan. Achittis ogeeyyota yaalaa turan keessaa doktor Hamiiraan seenaa isaanii dhageessee akka malee laphee baatteef. Maatii kanaafis jaalala guddaa godhachaafii dhufte. Aanolee irraas jaalalli akka malee ishee qabe. Aanoleen jalqaba fedhii dhabus hanguma hariiroon isaanii cimaa deemeen jaalala isheetiin liqimfamaa deeme.

Guyyaa tokko namni lootarii naannessu tokko “carraakee yaali malee” jedhee dirqisiisnaan, namtichuma gammachiisuuf jecha kutate. Lootariin kunis carraa biyya ameerikaa deemuu fiddeefii dhufte. Baay’ees yaadda’ee ofii hafee Eebbisaafi maatii isaa, ijoollee isaa lamaaniiifi G.T. Birruu ergee ofii Hamiiraa biratti hafuu barbaade. Booda aka innis carraasaa yaalu eebbisaanfaa dhidhiibnaan kan isaas guutee erge. Akka carraa ta’ee gargaarsa intala Oromoo Imbaasii Ameerikaa keessa hojjetuun kan hunda isaaniyyu mirkanaa’ee gaafa guyyaa deemsa isaanii walfudhatanii deeman. Turtii waggaa tokkoo boodas Hamiiraa ofitti fudhate, Aanoleen. Jireenya gammachuus jiraachuu eegalan.

4.1.2. Cuunfaa Jaargocha Asoosama Madaa Ciqilee

Asoosamni *Madaa Ciqilee* barreessaa Israa’eel Habtaamuutiin bara 2013 barreeffamee kan maxxanfamedha. Asoosamni kun seenaa maatii Oromoo tokko ka’umsa kan godhatudha. Qooddattuu Biliseen ka’umsa seenaa kanaati. Godina Wallaggaa Lixaa Aanaa Hoomaa keessa jiraachaa turte. Abbaan manaa ishee Obbo Yaaddessaan ijoollee dhiiraa lama, Falmataafi Obseeraa akkasumas intala Yaadannoo jedhamtu itti dhiisee Dargiif duulee adda waraanaatti hafe. Aadde Biliseenis qofaa ishee ijoollee abbaan irraa duule kana sadan guddisuuf dirqaman. Ilmishee hangafaa Falmataan abbaan isaa sirna abbaa irree dargiif humnaaan duulee achitti hafuufi roorroon saba Oromoo irra ga’u isa aarsinaan waraana ABOtti makame.

Obseeraan ammoo barnoota isaa sadarkaa tokkoffaafi lammaffaa haalaan xumuree Yunvarsitiiti Madda Walaabuutti ramadamee waggaa lama erga baratee booda carraa biyya Ameerikaa deemuu argate. Kanumaan ulaagaa hunda erga guutee fixee boodahiriyyoota isa gaggeessuuf jedhan waliin utuu mana dhugaatiitti bashannanaa jiranii hojjetuun hoteelichaa muuziqaa Afaan Oromoo sirbaa jiru ciiga’uufi arrabsoo saba Oromoo tuquun arrabsuu ishee irraan kan ka’e, Obseeraan keessummeessituu kana rukutuu irraan kan ka’ehoteelicha keessatti lolli ka’ee Obseeraafi hiriyyoonni isaa akkasumas kanneen achitti bashannanaa turan keessaa ijoolleen afur isaan waliin hidhaman.

Kanumaan, maqaa shororkeessaa jedhuufi dhiphoota jedhuun Obseeraafi ijoollee arfan isaan waliin hidhaman keessaa kan sababa gaaffii ummataa gaafateef yunvarsitiiti Finfinneetii hari’amee ture Lammeessaa waliin mana hidhichaatti yoo hafan ijoollonni kaan gadi lakkifamanii galan. Lammeessaan magaalaama Gimbiitti yoo hidhamu, Obseeraan garuu waggaa

lama booda gara mana hidhaa Finfinnee Jiruu Qaallittiitti argamuutti geeffame. Achittis, aariifi mirgi isaa sarbamu irraan kan ka'e sammuun isaa of wallaale. Booda gara hoospitaala Amaaanu'eelitti geeffame. achittis yaalaniin taasifamuufis fayyuu waan dideef magaalaaa Finfinneetti gadi lakkisan. Obseeraanis qullaa buusee magaalaa Finfinnee keessa naanna'uun hojii isaa ta'e.

Lammeessaan kan Obseeraa waliin Gimbiitti hidhamee ture ammoo yeroo dheeraa booda mana murtii ol'aanaatti dhihaate,. Akka tasaa ta'ee abbaan seeraa inni itti dhihaate kan dur sadarkaa tokkooffaatii hanga yunvarsitiitti waliin barataa turanidha. Waan isarra ga'es abbaan seeraa kun qofaatti qorachuudhaan badii malee hidhamuusaaf guddaa gaddee mana hidhaatii baase. Mana isaattis fudhatee gale. Akka barumsa isaa itti fufuu qabuufi innis isa gargaaru itti himee maatii isaatti gaggeesse. Lammeessaanis utuu gara maatiitti deemuu konkolaataan rukutamee hospitaala gale. Achittis gargaarsa namootaafi hiriyyaa isaan fooyya'ee biyya isaatti galuun mana abbaan isaa sababa warshaan warqee baasu lafa irraa fudhateef bakka biraatti ijaaruuf qabu milkeessuun akkuma waadaa hiriyyaa isaatti yammuu Yunvarsitiin wallaggaa dame Gimbi sagantaa barnoota sanbataan barsiisuuf galmee eegalu galmaa'ee barumsa isaa eegale.

Falmataan gama isaatiin turtii waggaa kudha shanii booda gara maatii isaatti deebi'e. Achiis, erga haadhaafi obboleettii isaa waliin turee booda waa'ee obboleessa isaa, Obseeraa, gaafate. Haatis, akka Ameerikaa deemuuf jedhee deemeefi ergasii achi buutee isaa hinqabne itti himan . Kana booda, Falmataan obboleessa isaa barbaacha eegale. Jalqaba hiriyyota Obseeraa guyyaa dhumaaf waliin turan irraa odeeffannoo fudhachuuf maatii hiriyyaa Obseeraa irraa bibila fudhate. Yammuu hiriyyaa isaa sanaaf bilbilus, guyyaa walgaggeessuuf turan sana waliin Gimbiitti hidhamuufi Obseeraan mana hidhaatti hafuu itti hime.

Falmataan kana haadhaafi obboleettii isaa dhoksee magaalaa Gimbi deemuuf konkolaataa seene. Akka tasaa intaloo tokko biras taa'e. Akka argeen baay'ee nahe. Hanga guyyaa sanaatti dubartii ilaalees naheefiis hinbeeku. Garuu isheen kun adda itti taate. Suuta jedhees haasaa jalqabee walbaran. Maqaan ishees Boontuu ture. Bilbilas waljijjiiran. Mana hidhaa Gimbi deemee Obseeraa gaafatus akka achi hinjirreefi Finfinnee geeffamuu dhaga'e. Boontuuf bilbilee walarganii jaalala dhugaa akka qabuufi isheenis akka jaalala qabduuf waliin dubbatanii marga jiidhaa qabataniis waadaa waliif galan.

Gimbiitii gara manaatti deebi'ee sababa biraa uumuun utuu hinturiin gara Finfinneetti deebi'e. Magaalaa keessatti Obseeraafi maraatonni biroon hedduu Finfinnee keessa deeman argus kan Obseeraa isa gaddisiisee ture; garuu obboleessa isaa ta'uu hinbarre. Mana hidhaa Qaallittii deemee yammuu gaafatu, hospitaala Amaanu'eelitti geeffamuu itti himan. Hospitaalli amaanu'eel ammoo yaalanii dadhabanii akka magaalaatti gadi lakkisaniifi mallattoo inni ittiin Obseeraa baruu danda'u itti himanaan barbaacha deeme. Obseeraa joormaa baay'ee booda naannoo sidisti kiilootti argate. Namoota kadhatees qabsiifate. Gara hoteela qabateettis geesse. Eenyu akka ta'e yammuu itti himu Obseeraan ofbaruu jalqabe.

Obseeraanis, haadhaafi Obboleettii fidaa malee jedhee muddinaan akka Biliseen Finfinnee dhuftu godhe, Falmataan. Isheenis akka malee boosse. Obboleettiis fidaa jennaan bulanii gara bakka dhaloota isaaniitti deebi'an; Obboleettii isaanis wal arge. Booda hiriyaan Falmataa biyya Ameerikaa deemtee waggaa isaatti falmataa fdhatte. Falmataan ammoo Obseeraa fudhate. Obseeraafi Falmataan takka turanii haadhaafi obboleettii isaanii fudhatan. Achittis jireenya isaanii itti fufan.

4.2. Qaaccessa Ragaalee Asoosamootaa

4.2.1. Jaalala

Jaalalli kan keessoo miirri namaa isa biroof qabu argachuuf hawwu, miidhamasaa hinjaallanne, libsuu ijaaf ofirraa dhabuu hinfene jechuun nidanda'ama. Jaalalli kunis kan haati ijoolleef qabdu, kan ijoolleen maatiif qaban, kan hiriyoonna waliin guddatan waliin qaban, kan dhiiraafi dubaraa, kan biyya ofiif qabaniifi kan obboleewwanii ta'uu mala. Asiin gadittis hojiilee asoosamoota filatamanii keessatti jaalalli gosa adda addaa ka'ee jira. Kanneenis asiin gaditti ilaaluuf yaalameera.

4.2.1.1. Jaalala Haatiifi Abbaan Dhalaaf Qaban

Haati ijoollee isheef jaalala isheen qabdu guddaadha. Ji'a sagal garaatti baattee, gidiraa hedduu keessa dabartee, deessee guddifti waan ta'eef. Dhimmi jaalalaa ammo miira sammuu dhaga'amuufi miira dhala namaa waliin walitti hidhatudha. Sammuu waliin hariiroo qabaachuun ammoo qeeqa xiinsammuutiin akka ilaalamuuf kan karaa banudha. Hojiilee asoosamoota kanneenii keessattis kanneen kana waliin walqabatan ilaaluuf yaalamaniiru.

Waa'ee dhalaa kan dhaleefi kan dhalchetu namaaf beeka jedhu mitiiree? Garuu yeroo baay'ee namni hundi akka tokkotti hinyaadu. "Namni udaan jiidhaa hagu isa udaan gogaa haguuf hinbeeku" jedha Oromoon. Isa yaaddoofi yaadi ijoolleefi abbaa warraashee ishee hubeef akka huummoo aaduun aadaa itti ta'e kanaaf ollaanshee bitaaf mirgaa maqaa sadaffaa Huummoo jedhanii baasaniif (Israa'el, 2013, f.20).

Akkuma waraabbii kanarraa hubachuun danda'amuttii aadde Biliseen mucaanshee tokko qabsootti makamee mana hinturre; inni tokko ammoo biyya alaa deemuuf manaa bahee afuura isaanii yeroo dheeraaf dhageessee hinbeektu. Kun garaa dhalaatiif baay'ee ulfaataadha. Dubartoonni hedduun akkuma Aadde Bilisee hawaasa keessa turan kan ilmoon isaanii sababa adda addaatiin manaa bahanii haati deesse halkaniifi guyyaa boossu hedduudha. Kunis, hanga sammun isaanii dhukkubsachuu, dhukkuba gara garaaf saaxilamuufi rakkoo adda addaaf kan qaqqabsiisuu danda'udha. Jaalala ilmoon haadhaaf qabus asoosama kana keessatti haala gadiin dhihaateera.

"Ollaan bultee beeka, akka itti bule abbaatu beeka!" inni geemii ibiddaa garaatti baatee ilkaaniin kolfu; ilma haadha isaaf yaadu kan ofii gubatee haadhasaa qabaneessu. Inni dhugumaan ilma ogeessa; utuu dhaloota yeroo ammaatii akkam laata? Falmataan ammas, fuula ifaan gara haadhasaa ilaalee eda hiriyya Obseeraaf bilbilee wal-quunnameera....(Israa'el, 2013, ff.44-45).

Kana irraas wanti hubatamu, jaalalli dhalli haadha ofiif qabu cimaa ta'uudha. Jireenya hawaasummaa keessattis akkuma hubatamu jaalalli ilmoon haadhaaf qabu ol'aanaadha. Hojii ogbarruu kana keessattis kan mul'atu waan jireenya hawaasummaa keessatti calaqqisiisuun tokko jechuun nidanda'ama.

Asoosama *Yaadaa* keessatti ammoo jaalala Anoolen mucaa isaaf qabu guddaa akka ta'eefi mucaa argachuun gammachuu akkamii akka namaaf laatu waraabbii gadii keessatti haala asiin gadiin dhihaachuuf yaaleera.

Waggaa tokko booda, Aanoleefi Samiiraan intala argatan. Guyyaa isiin dhalattu san gammachuu isaa hagana jedhee ibsuu hindandeenye. Siree isii cinaa jilbeeffatee, 'Yaa rabbi koolaa irraa naa qabi haadha manaa tiyyaa fi mucattii tiyya irraa' jedhee rabbiin kadhate. Osomaa, akkasitti jiiilbiiffate Rabbiin kadhataa jiruu; "Anoolen! Olka'ii

daa'ima kee hammadhu" jetteen Samiiraan. Innis ol ka'e, Saafaye olfuudhaa ija keessa laaluu eegale. Saniin booda waadaa ofiif seene; isii jaallachuufi akka abbaa gaariitti isii guddisuuf(Jamaal, 2010, f. 226).

Waraabbii kana irraas wanti hubatamu, jaalalli dhalaaf abbaan qabu kan dhiiga isaan walqabate ta'uufi amala manummaa waliin kan walqabatu ta'uu isaati. Kun hawaasa keessattis beekamaadha. Jaalalli maatiin dhala isaaf qabu hagana jedhamee kan safaramuu danda'u miti. Dhalli namaas kan inni yeroo baay'ee bu'ee ba'u, ilmoo isaa jaallatu kanaaf waan barbaachisu guutuufi guddisuuf jedhee akka ta'e beekamaadha. Waraabbii gadii ammoo mee haa ilaallu.

Hamiiraan baayyee tokko rifatte. Akka ijoollee lachuu Anoolee 'mummy' jedhan hubatte. Akka Hamiiraan rifatte argee, "Homaa miti. Homaa miti" jedheen. Maal irraa kan ka'e akka 'mummy' jedhaniifi akkamitti akka Samiiraan duutellee itti hime. Hamiiraan baay'ee tokko gadditee, seenaa jiruu isaafi ijoollee isaatiin. Akkasumas Samiiraa gattee biraa deemteef, (Jamaal, 2010, f. 257-258).).

Akkuma waraabbii olii irraa hubachuun danda'amutti, rifaatuun Hamiiraatti dhaga'ameefi du'a haadhamanaa isaa erga itti himee booda gaddi isheetti dhaga'ame xiinsammu ishee baay'ee kan dhaga'amedha. Kunimmoo, xiinsammuudhaan kan walqabatudha. Furuud qorannoo Fine deeggaruu yoo ibsu, xiinsammuun bilchaataan tokko waa dalaguuf karaa bana. Kanaaf, Hamiiraan erga rakkoo Aanoolee hubattee booda akkamitti ijoolleesaafi isa akka deeggartu murteeffachuun ishee hagam xiinsammuu bilchaataa qabaachuu ishee agarsiisa.

4.2.1.2. Jaalala Hiriyyummaa

Namni abbaa arge waliin hiriya hinta'u; kan garaan isaa kennate waliin hiriyyummaa uuma. Hiriyaan ammoo kan umuriin walfakkaatan, yaadaafi fedhiin walfakkaatan, ilaalchaan walfakkaatantu hiriya waliin ta'a. Ummata Oromoo birattis dhiirri umurii walfakkaatu keessa jiru hiriyyummaa uummata; shamarranis addooyyee waliif ta'uun hariiroo isaanii ijaarratu. Waraabiilee asiin gadii keessatis dhimmi hiriyyummaa waliin walqabatu dhihaateera.

Caalaafi Hordofaanis yaada isaan walii galanii; gara duubaatti deebi'anii seenaa yeroo ijoollummaa isaanii waliin dabarsan kaasanii taphachaa turan. Silaa barataan Yunvarsitiiti seenee bahe kamiyyu mudannoo hindhabu. Caalaa, Olqabaafi Obseeraan aanaa tokko yoo

ta'an, Olqabaafi Caalaan manaan walitti dhihaatu. Obseeraan immoo daqiiqaa xinnoo irraa nifagaata. Garuu, kutaa tokkoo qabani hanga kutaa 12ffaatti waliin waan barataniif waa'ee walii akka gaariitti beeku.(Israa'el, 2013, f. 10).

Hiriyyummaan Caalaa, Gaaddisaafi Obseeraa gidduutti jiru kan ijoollota Oromoo biratti mul'atuun tokko. Sadan isaanii ijoollee aanaa tokkooti. Barumsas kutaa tokkoo kaasani hanga kudha lamaatti waliin baratan. Ummata Oromoo birattis, ijoollee waliin barattu, horii waliin tiksitu, dhangaa waliin eegdu gidduutti hiriyyummaan nijiraata. Kan qooddattoota kanaas waanuma hawaasa Oromoo keessatti mul'atuun baay'ee kan walfakkaatudha.

Hiriyyummaan umurii ijoollummaatti uumamu tokko ammoo itti fufuus dhiisuus danda'a. Ijoollonni hiriyooman sababa walirraa fageenyaatiin hariiroon isaanii laafuu danda'a. Hiriyyoonni walirraa fagaatanii waldagatanii turan ammoo yammuu deebi'anii walargan hiriyyummaa isaanii deebisanii haarumsuu nidanda'u. waraabii asii gadii irraas kan hubatamu kanuma.

Gaaddisaan Lammeessaa dhaamsa tokko siif himeen rafnaa na hordofi. Innis ati nama waaqayyo sammuu gaarii badhaaseedha. Rakkina yeroof simudatu ilaaltee teellatti akka deebitu hinbarbaadu. Kanaaf , Yunvarsiitii Wallaggaa dame Gimbiitti barnoota kee akka itti fuftun siin jedha. Qarshii yoo ta'e anatu siif baasa. Manaafi soorataafis hinyaadda'iin; asuma mana kana keessa waliin jiraannee wantan ani nyaadhu nyaattee jiraattaa. Hanga ati barnoota kee sadarkaa xumuraan geessutti akkan deggarsaan sibira dhaabbadhu waadaan siif gala.(Israa'el, 2013, f.61).

Waraabii kana keessas hariiroo ittiin qooddattoonni hiriyyummaa isaan ijaaran, yammuu barattoota turanirraa eegalaniiti. Yammuu yunvarsiitii barachaa turanitti Lammeessaan barataa cimaafi kan ijoollota gargraaruufi gorsu ture. Haata'u malee sababa ilaalcha siyaasaatiin hari'amee hojii malee jiraachaa tuireera. Booda hiriyaan isaaa, Gaaddisaan, hojii qabatee abbaa seeraas ta'ee, lammeessaa yakka malee hidhame hidhaatii hike. Barnoota isaa addaan kutee tures akka disa bira taa'ee baratuufillee haala mijeesseef. Hiriyyummaan isaanii kan yammuu gammachuu qofa osoo hintaane yammuu rakkoos walbira dhaabbachuu danda'uun isaanii hiriyyummaa qulqulluu kan haalaafi yeroon hinjijjiiramne ta'uu agarsiisa. Kun dhaloota si'anaaf hiriyyummaan sirrii akkam ta'uu akka qabu kan hubannoo gaarii kennuufii danda'udha jechuun

nidanda'ama. Egaa dhimmi hiriyyummaa fedhiifi ilaalcha walfakkaataa kan qaban gidduutti ijaaramuun isaa hariiroo fedhii keessoo namni qabuu irraa kan maddudha. Kana irraa ka'uudhaan, jaalalli hiriyyummaa dhimma sammuu waliin walqabatudha jechuun nidanda'ama.

Kanaaf, hariiroon xiinsammuu waliin as keessatti mul'atu gorsi hirriyyaan isaa isa gorse dhiphina jireenya gadadoo keessaa bahee akka gammadu kan taasise waan ta'eef sammuu isaa akka gammadu taasisee jira. Firuud(1900) yaada kana deeggaruu yoo ibsu, "Wantoota sammuu keenya gammachiisan hundumaafi muuxannoowwan wantoota yaraa(gadhee) ta'anii walitti kuusa, walsimsiisa, akkasumas, gurmeessa. Malaafi tooftaa daayessa xiinsammuu qofaan wanti dhokate tokko beekama" jedha.

Kan Anooleefi Eebbisaas haala asiin gadiin dhihaachuuf yaaleera.

Lamaan isaaniituu ija keessa wal laaluu malee; waan tokkollee jedhaa hinjiran. Anooleen obsuu dadhabee waan Eebbisa ta'uu isaa beekkeef osoo dubbii biraa hin dubbatiin; deemee Eebbisaamatti marame; akka ilmaafi haadha yeroo dheeraaf wol hin argiintitti. Eebbisaallee amma garaan beeke. Imimmaan ija isa mare, waan jedhullee wollaalee. Innis akkuma Anoolee san itti marame. Maliyaan isa laalaa jirtuuyuu boochisan. Dubbii tokko malee waan jechuu fedhan mara waliin jedhan. Akka isaan wol hammatan jecha kuma jedha, (Jamaal, 2010, f.48-49).

Waraabbii kana irraa wanti hubachuun danda'amu, hiriyyoonni lamaan waliin mana tokkotti guddatan lamaan yeroo dheeraaf gargar ba'anii yammuu wan argan garmalee walyaadaniituu turuu irraa kan ka'e jechallee baasanii dubbachuu akka hindandeenyeefi miira isaanii imimmaaniifi wal hammannaatiin ibsachuuf yaaluu isaaniiti.

Hawaasa keessattis jaalalli hiriyyummaa beekamaadha. Hiriyyummaan kun ammoo kan haalaafi amalaan akkasumas ilaalchaafi umuriitiin illee walfakkaatan gidduutti kan ijaaramuufi yeroo rakkoofi gammachuu walbira dhaabbachuufi waliif qaqqabuun nijiraata. Hiriyyummaan dhugaas keessattuu yammuu rakkoo walbira dhaabbachuun kan mirkanaa'udha jechuun nidanda'ama hojii ogbarruu kana keessattis akkaataan jaalalli hiriyyoota gidduu jiru itti dhihaate waanuma jireenya hawaasummaa keessatti dhihaateen kan walfakkaatudha jechuun nidanda'ama.

4.2.1.3. Jaalala Obbolummaa

Obbolaan tiruu tokko boraafatan kan handhuura tokkorraa citanidha. Isaantu garaa gara malee waan tokkorraa uumaman. Kanaaf, jaalalli gidduu isaaniitti uumamus kan kanaan ijaaramedha. Ummata Oromoo biratti jaalalli obbolummaa cimaadha. Ijoollummaatti walboossisa, walreebaa haaguddatan malee, yoo rakkoon tokko dhalate wal irratti hindjiisan; wal irratti du’u malee. Asoosamoota kanneen keessatti jaalalli obbolaa akkasitti dhihaatee jira.

Guyyaa gaafa manaa ba’ee eegalee osoo waan tokko hin ta’iin haadha isaatti deebi’ee nagaan galuu isaaf haagammadu malee waa’ee Obseeraa obboleessasaaf yaadni isaa boqochuu hindandeenye. Yeroo namoonni isa dubbisuu dhufan illee osoo isaan waliin haasa’uu yaadaan fagaatee sammuun isaas akka waan obseeraan du’ee itti fakkeessee imimmaan ijasaa keessaa akka roobaa gadi lola’a, (Israa’el, 2013, f.22).

Waraabbii kana irraa wanti hubachuun danda’amu, jaalala Falmataan Obboleessa isaaf qabu guddaa ta’uudha. Ummata Oromoo birattis haadhoon lamaan jaalala isaan waliif qaban kan mul’isudha. Kana irra darbees, itti gaafatamummaa obboleessi hangafni qabu guddaa ta’uu isaa asoosama kana irraa hubachuun nidanda’ama. Kunis waraabbii gadii keessatti akkasitti dhihaateera.

Yaadannoon balbalarra dhaabatee daandiisaan irra dhufanirra eegdi turte. Fuulduratti ifa xiqqoo mul’atuun yoo isaan agartu akka itti fiigdee biraan baate nama biroo mitii isheenuu himuu hindandeessu. Isaanis nama isaan gidduutti lafatti kufu argan; ni nahan. Yaadannoo ta’uu yammuu baran garuu, lafaa ishee kaasanii gara manaatti ishee qabanii galan. Isheenis ija Obseeraa keessa ilaaltee ati dhuguma Obseeraadhamoo? Na sobdaa jettee itti maramtee gara daqiiqaa sadii turte. Obseeraan maqaa lammaffaa argateera. Guyyaa gaafa mataan isaa dhibamee jalqabee jecha tokko afaan lamaan fayyadamuun waama ture. Jechichis “Bilisummaa”..... “Bilisummaa” Freedom.... Freedom kan jedhuudha. Kanaaf maqaan isaa Freedom jedhamee beekame.(Israa’el, 2013, f.124).

Kanarraas wanti hubatamu, Falmataan obboleessa jaallatu obsuu dadhabee barbaacha meeqaan argachuu isaati. Kunis, maatii abbaan manaa du’e keessatti ilmi hangafaa ga’ee abbaa isaa ba’achuu kan agarsiisudha. Aadaa Oromoo keessattis, ilmi hangafti obbolaan booda isaa dhalataniif itti gaafatamummaa qaba; bilchina xiinsammuutiin isaan nicaala waan ta’eef. Kun

hojii ogbarruu kana keessatti mul'ateera. Dhugaa hawaasa keessatti mul'atu irraas kan fagaatu miti. Itti gaafatamummaa isa irratti kufe ba'achuun Falmataa ammoo ilmoo bakka abbaa bu'anii mul'ataafi kaayyoo abbaa isaanii itti fufsiisuufi galmaan ga'uu keessatti akka fakkeenyummaa gaariitti kan dhihaatedha jechuun nidanda'ama.

Jaalalli obbolummaa kun kan bilchina umurii gaafatu miti. Kan kanaan walqabatee asoosama *Yaadaa* keessatti dhihaatee jiru ammoo haala armaan gadiitiin waraabamee dhihatee jira.

Kadiijaan mana barumsaa isii dhiistee, ijoollee obboleettii isii Maliyaa woliin guddisaajirti. Baatii jaha booda, ijoollee lachuu Anooleeti kennan. Innis galataan irraa fudhate. Baatii lamaan durainnillee akka malee qarqaaraa ture waan akka hojii mana keessaa fii ijoollee guddisuu. Gara biraatiin, Kadiijaan gara mana barumsa isiitti deebitee jirti (Jamaal,2010, f. 234).

Waraabbii kana irraa ammoo aarsaa Kadiijaan jaalala obbolummaaf qabdu kan keessatti ilaalamudha. Kunis, obboleettiin ishii Samiiraan da'umsa irratti duunaan, Kadiijaan ammoo ijoollee obboleettii ishee kana guddisuuf jettee barumsa ishii addaan kutuu isheeti. Kanas hanga mucaan dhalate jabaatutti ji'a ja'a mguutuu aarsaa kaffaluu isheeti. Kunis, jaalalli dhugaan kan ittiin mirkanaa'u afaaniin qofa osoo hintaane gochaan ta'uu isaati.

Akkuma Kadiijaa hawaasa keessattis, kan yoo obboleettiin isaanii ilmoo dhiistee duute ijoollee obboleettii isaanii gargaaran, guddisan illee bal'inaan kan argamanidha. Waan hojii ogbarruu kana keessatti dhihaates waanuma hawaasa keessatti mul'achuu danda'uun kan walfakkaatudha jechuun nidanda'ama. Gama kaaniin jaalalli obbolummaa kun kan umuriifi beekumsa cimaan qofa daangeffame osoo hintaane sadarkaa daa'imummaattillee kan jiru ta'uu isaa ammoo waraabbii gadii irraa hubachuun nidanda'ama.

Obsaafi Saafayiin woliin deeman madrasaa. Garuu Saafayeen mana barumsaa fi madrasaa deemt, waan woggaan isii jahaa ta'eef. Yeroo baayyee Obsaan kophummaatu itti dhageessisa. Garuu, Saafayeen ni gorsiti. Akkuma abbaan isee gorsaa turetti. Akka isaan lamaan haadha hinqabnee akka haati isaanii isaan jaalattu itti himti. Kophummaafi mukummaa irraa baasti, (Jamaal,2010, f. 240).

Akkuma olitti ibsamuuf yaalame, Saafayeen daa'ima. Daa'ima akka isheetiif garuu jaalala isheen qabdu adda ture. Obboleessa ishee kunuunsuun hojiishee guyyaa keessaa tokko ture. Kunis kan agarsiisu, jaalalli obbolummaa kan umurii kamuu keessatti jiraatuufi hariiroo dhiigaan hidhame ta'uu namatti kan agarsiisudha. Asoosamoota lachuu keessatti akkaataan jaalalli obbolummaa itti dhihaate kanuma ijoollonni Oromoo jaalala obbolummaa waliin qabaniin kan walfakkaatudha jechuun nidanda'ama. Jaalalli kun ammoo kan inni ittiin mul'atu keessaa inni guddaan rakkoo isa tokko irra ga'e inni kaan keessaabaasuuf tattaaffii inni taasisuunidha.

4.2.1.4. Jaala Dhiiraaf dubartii

Jaalalli dhiiraaf dubartii gidduutti uumamaa kan jirudha. Jaalalli dhimma sammuu waliin kan walqabatudha. Kunis, xiinsammuu namaa keessatti gahee guddaa kan qabu dha. Asoosamoota lachuu keessattis yoo ilaalle jaalalli dhiiraafi dubartii xiinsammu waliin hariiroo inni qabu haala armaan gadiin dhiyaateera.

Sammuusaa waliin wal-falma. Xiqqoo cinaachasaa yoo galgalchummoo yaadoti lama natu dursa natu dura seena jedhanii balbala sammuusaarraa wal-lolu. Yaadni inni tokko osoo yaada isa biro wal'aansoo qabuu dursa argate. Yaadichis, waa'ee intala inni konkolaataa keessatti ganama yeroo aanaasaa magaalaa Hoomaatii dhufu wal-baredha. Yaadni kunis, akkuma gara sammuusaa seeneen onneetti bilbile. Silaa onnee namoota dachee gubbaa jiraatan hunda kan booji'uu danda'u jaalala waan ta'eef. Falmataanis, kan dur argee hin beekne har'a of keessatti waan haaraa arge. Jaalalli kunis, al tokko tokko nama ajaa'iba. Sababiinsaa, yeroo namni isa fedhetti caalaa yeroo ofiisaa barbaadetti gara namaa dhaqee laphee namaa booji'a (Israa'el, f.89).

Nama deemee fi nama deegaatu waahima. Jaarraa kana, nama fiigutu waa argata. Anooleen ni fiiga, ija dhibbaa, kumaatamaatu isa laala. Karaa Asallaa irraa ka'ee, karaa BO (Badhaaso Obsa) irratti dhaabbata. Karaa BO irraa gara mana isaa suuta, suuta deemaa gala. Akka carraa ta'ee dubreen bareedduun takka, karaa san irra galti. Inni yaa isii beekuu baatu malee. Isiin immoo, guyyaa maraa isuma laalti. Jaalala ijaatiin qabame. Sa'aan ja'a gayee jennaan dallaa irra dhaabbatee isa eegdi. Intalli duraan TV jalaa hin kaane, amma dallaa irraa isii hin dhaban. Akka namuma waajjira keessa hojjatuu, sa'aa ja'aa hanga saddeetii gidduu; dallaa irra teettee isa laalti. Jaalalli si qabullee, 'jaalalli ijaa si hin qabiin'

jedhan. Anoollee yoo fiigee deebi'e, sibiila ol kaasa. Qamni isaa qaama nama ispoortiihojatuti. Jabeenyi harka isaa, harkuma qotee-bulaati. Shamarran qaama isaa laalanii, 'osoo kanuma argadhee' jedhan. Yaa afaaniin jedhan malee itti dhiyaatanii hin gaafatan. Qaama isaa ni jaalatan. Garuu, uffata inni uffatu dubartiin jaalatu hin jiraatu. Osoo akka bareedu, uffata bareeda uffatee; shamarran lafaa fixe. Waa mara wol bira hin argatan. Bareedduma isaa hiyyuma isaattu dhoyses. Qaama isaa kana irratti osoo uffata gaarii uffatee; moodelistii Itayyaa fakkaata. Samiiraan jaalalaan qabamtee maraataa jirti. Namni isii beeke tokkollee hin jiru. Hiriyyoota isiitti himuufillee sodaatte (Jamaal, f.64-65).

Akka waraabbii olii irraa hubachuun danda'amutti jaalalli sammuu wajjiin kan walqabatuufi hawaassa keessatti immoo, akka barbaadanitti fuulleetti baasanii himachuuf kan namatti ulfaatu waan ta'eef, sammuu namaarratti dhiibbaa geessisuu akka danda'udha. Jaalalliifi xiinsammuu hariiroo cimaa kan qaban ta'uu mul'sa. Yaada kana Ferud(1971) yoo ibsu,

dhimmi jaalalaa qabatamaan hawaasa keessa jiruufi hubatamaa ta'us aadaa hawaasaa irraan kan ka'e wantoota nama jeeqaniifi nama dhiphisantu jiru. Sababiin isaas waa'ee jaalalaa akka fedhan dubbachuunis, raawwachuunis waan hindanda'amneef cunqursaatti oofama. Haata'u, malee rakkinichi asumatti hin dhaabbanne. Yaanni kun yeroo umrii keenya guutuu qalbii keenya waa hin beekne keessatti wal'aansoo qabaa jiraata. Ga'een sammuu keenya gocha yookiin yaada hin taane sammuu keenya dammaqaa yookiin hubataa dabarsuu hamma dhumaatti itti fufa. Wantoonni hin jaallatamneefi nama hin gammachiifne hundi isaa karaa cunqursaa gara sammuu waa hin beekneetti guutama.

Kanaaf, asoosamoota lachuu keessatti dhimmi jaalala dhiiraaf dubartii haaluma jireenya hawaasichaan walqabatee dhiibbaa sammuu namaa irratti geessuu danda'uu isaa agarsiisa.

4.2.2. Abjuu

Namni kamuu sammuu isaaf boqonnaa kennuun dirqamadha. Boqonnaan sammuu ammo hirribadha. Namni ammo yammuu rafu abjoochuun hinhafu. Abjuuf ammo hiikni akkaataa ilaalcha hawaasichaatti nikennama. Hiikni kunis, waan gaarii yookiin yaraa ta'uu mala. Fedhiin garaa garaa illee keessatti calaqqisuu mala. Dhimmoonni abjuun walqabatanasoosamoota lachuu keessatti ilaalamaniiru. Isaanis haala asii gadiin dhihaataniiru.

Guyyaa tokko obseeraan utuu rafuu abjuun akka waan gaazexeessaan haasaa gochaafii jiruutti akka itti mana adabaa seene toora galchee haasa'a ture. Guyyaa sanaa akka tasaa ta'ee barattoonni kanneen kudha lamaan hinrafne; waliin taa'anii taphatu turan. Yeroo inni abjuun haasa'uu eegalutti callisanii dhaggeeffatan.(Israa'el, 2013, f.40).

Yaada kana irraa wanti hubachuun danda'amu, Obseeraan osoo rafuu seenaa isaafi dhugaa dhabee hidhaa turuu isaati. Dhimmoonni abjuutiin gara sammuu namaatti dhufan hedduun isaanii ammoo kan namoonni akka malee hawwan ta'uu Froud ni'ibsa.Kanaafis,hawwiin obseeraa yakka tokko malee mana hidhaa osoo hin galle ta'e ta'uu ibsa.Kunis, mana hidha tokko irraa mana hidhaa biraatti murtii malee dhiibbaa siyaasaatiin dararamuun Obseeraa akka malee akka inni haqa hawwu taasiseera.Kun ammo sammuu isaa dhuunfateera; halkanis guyyaas kanuma yaada ture. Kana irra darbees,utuu of hinbeekiin abjuu isaattis waa'eema miidhama isaa kana abjoochuun isaa abjuun fedhiifi ilaalchi namootaa kan keessatti calaqqisu ta'uu nama hubachiisa. Dhimmoonni akkasii dhugaa hawaasa keessatti ta'an waliin kan hariiroo qabaniifi mul'atanidhas. Kunis, dhimmi asoosama kana keessatti ibsame madaalawaadha jechuun nidanda'ama. Gama biraatiin ammoo asoosama Yaadaa keessatti waan abjuun walqabatu ammoo asiin gaditti dhihaateera.Yaadni gaditti dhiyate kun Aanooleen abjuutiin kan argedha.

Anooleen ammas deebisee, “Karra jala dhaabatee na waamti. ‘si hin ganne. Si wajjiin jira arraa fi borullee. Si wojjiin jira ganamaafi glgalallee.’ Akka ajaa’ibaa kana bareeddi. Hanga durii caalaa bareedde. Waatu irraa ifaa. ‘an si keessa jira, an fi ati nama tokko’ naan jettee na biraa lixxe. Harkaan qabeellee. Garuu, na harkaa baatee”jedhan. Maaliyaafi Eebbisaan akka inni yaada isiitiin rakkataa jiru, argaa jiran, akka inni isii dagataa hinjirrebeekan. (Jamaal, 2010, ff.236-237)

Akkuma xiinxala olii keessatti ka'e, askeessattis, Aanooleen jaalala inni Samiiraaf qabu guddaa ture. Jaalalleefi haadha ijoollee isaa kana ammoo sababa du'aa dhabee jira. Karaa tokko ijoollee isheen itti dhiistee guddisa, karaa biraa ammoo jaalalliifi yaadni ishee qalbii isaa fuudhaniiru. Kun ammoo sammuu Aanoolee waa'ee Samiiraan akka qabamu taasiseera. Kanarraa ka'uun yammuu rafus itti mul'atti; waa'ee ijoollee ishees amaanaa itti dhaamti; akka isaan keessa jirtus itti himti. Kun ammoo waanuma inni sammuu isaa keessatti yaaduufi hawwutu abjuun itti dhufe.

Kunis, Freud abjuuf hiika inni kenne waliin kan waldeeggarudha. Tooftaan ittiin waan hinmullanne akka ittiin mullatan taasisan abjuudhaan akka ta'edha. Faayidaan isaa inni guddaan waantoota nama dhiphisan yookiin yaaddessan jalaa miliquudha. Wantoonni hinmul'anne wantoonni nama yaaddessan yookiin waan nama dhiphisudha. Kanaafis, Samiiraa ijaan hinagarree abjuun arga ture, Aanoleen. Kanas, akka namni 'sobadha' ittiin jedhu hinbarbaadu ture.

Walumaagalatti, haalli abjuu waliin walqabatee asoosamoota lachuu keessatti dhihaate kan hawwwiifi fedhiin isaanii akkasumas dhiphinni isaanii keessatti calaqqisedha. Kunis, yaada hayyootni waa'ee abjuu irratti kaasan waliin kan deemudha. Gama kaaniin ammoo aadaa Oromoo keessattis abjuun kan beekamu ta'uu isaafi jireenya isaa keessattis kan mul'tuufi haala ittiin hiika kennuufis niqaba. Asoosamoota kanneen lamaan keessatti haalli abjuun itti dhihaate kan baay'ee olka'e yookiin gadi bu'es miti jechuun nidanda'ama.

4.2.3. Maraatummaa

Dhimmoota xiinsammuu waliin walqabatan keessaa dhiphinni isa tokkodha. Wantoonni akka namni dhiphatu taasisan garaagara ta'anis, dhiphinni kun yammuu jabaachaa deemu ammoo sammuu namaa kallattiidhaa ala ba'uun hinoolu. Kanneen sadarkaa maraachuu irra ga'aniifis dhiphini sammuu ga'ee ol'aanaa qabaata. Akka hayyuun Sigmund Freud namoota dhukkubsattoota sammuu ta'an irratti qorannoo geggeessaafi yaalaa ture. Suuta suuta qorannoo xiinsammuu keessaahuu xiinsammuu sammuu riphaa (psychology of unconscious mind) irratti xiyyeeffaachuun ibsetti, wantoonni kutaa sammuu isa dammaqaa ta'een (conscious) bira hinga'amne, ykn haala rakkisaa ta'een bira ga'amu garee sammuu riphaa (unconscious) jalatti ramadama. Bu'uuruma kanaan dhimmi maraatummaan walqabatu asoosamoota lachuu keessatti kan mul'atu haala armaan gadiin dhiyaatanii jiru.

Asoosama Madaa Ciqilee jedhu keessattis wanti Obseeraa mudate kanuma. Obseeraan haqa dhabuu irraan kan ka'e sadarkaa maraachuu irra ga'ee ture. Waan kana booda inni irra ga'e ammo haala armaan gadiin dhihaateera. "Obseeraan maqaa lammaffaa argateera. Guyyaa gaafa mataan isaa dhibamee jalqabee jecha tokko afaan lamaan fayyadamuun waama ture. Jechichis "Bilisummaa"..... "Bilisummaa" Freedom.... Freedom kan jedhuudha. Kanaaf maqaan isaa Freedom jedhamee beekame.(Israa'el, 2013, f.78)."

Kana irraa waan hubatamu, dhiphinni sammuu deemee, deemee gara maraatummaatti kan nama geessu ta'uudha. Taateen Obseeraa mudate kun kan asoosama keesstti mudatee hafe osoo hintaane, sababa siyaasaa namoota hedduu mana hidhaa galaa turan irratti kan qaqqabedha. Kanaaf, dhugummaan asoosamichaa waan hawaasa keessa jiruun kan walfakkaatudha. Gama kaaniin asoosama Yaadaa keessattis haala gadiitiin dhihaateera.

Warra biyyaatu amanuu dide malee dhugumattuu inni doktora dhugaa ture biyya Ameerikaatti. Hanga guyyaa tokko maraachaniitti. Doktorummaa isaa O-S-B-F irratti qu'ate Doktor John wajjin. Yaa nama lama qu'atan malee, itti gaafataman Obbo juneydi Gadaa ture. Dr. juneydi qorannaa isaa kan fixee, ummata Amerikaatti mullisuu fedha ture. Garuu, guyyaa tokko hiriyaa isaa kan maqaan John jedhamu dhugaatii wajjin qorsa nama maraachisu obaase. Dr. Juneydi Gadaa nimaraate. Mr. John anatu qorate 'O-S-B-F' qorannoo san irraa Dr. John akka malee beekkame. Hanga har'aattillee Mr. Johntu beekkama qorsa 'O-S-B-F' Dr. Juynedi miti. (Jamaal, 2010, f. 30)

Inaaffaafi ofjaallachuun namoota hedduu biratti kan mul'achuu danda'udha. Isaan akkasii ammo isa tokko irratti miidhaa geessisuun ofii isaanii ba'anii mul'achuun nijiraata. Taateen doctor Juneydii irratti raawwatames kan ofjaallachuu irraa maddedha. Egaa akka doctor Juyinediin maraatu kan taasise firii dhamaatee isaa akka hinagarreefi kan inni hojjete ofiif oolchachuu irraa kan ka'edha. Doktor Juyineediin qorichaan maraachuun isaa ammo waan barbaadu akka hinhojjenne, lafa yaade akka hingenye, sammuu isaa akka dhabu ta'ee jira. Kunis, kallattii hawaasni itti yaadurraa baasa. Akka itti hawaasni hojjeturraa gargar godha; jireenyas nama dhabsiisa.

Egaa akkuma doctor Juyineedii kanneen hawaasa keessatti karaa barnootaan, daldalaan, qonnaatiin, milkaa'uuf hojjetan irratti diinni kallattii garaa garaatiin miidhaa irraan ga'uun hinoolu; keessattuu kanneen saba isaaniif quuqaman hedduurratti. Dhimmi asoosamoota kanneen keessatti ka'anis, dhimmoota hawaasa biratti namoota garaa garaa irratti raawwachaa turan calaqqisiisuuf kan yaalanidha jechuun nidanda'ama.

4.2.4. Eenyummaa

Namni dhuunfaas haata’u gareen hawaasaa tokko afaan, aadaa, amantaafi kanneen biroo inni kan kooti jedhee qabatuufi ittiin boonu qabaachuu mala. Namni waan isaa kana jala tuqe ammoo eenyummaa isaa tuqaa jira jechuudha. Kun ammoo sammuu kan madeessudha; aariifi miira garaa garaa keessas nama galchuu mala. Kanaaf, dhimmi eenyummaa xiinsammuu dhala namaa waliin hariiroo niqabaata jechuun nidanda’ama. Dhimmi kunis hojii asoosamoota filataman kanneen keessatti kan dhihaate yoo ta’u, kan Madaa Ciqilee keessatti ka’e jalqaba irratti dhihaateera.

Yehi Izzigaa min ittaazaz?Jette.Sadanuu deebii tokko hin laanneef,cal’isni gidduu isaanitti ta’e.Baasanii hin dubbanneef malee bakka safuun Oromoo hin jirre akkasitti argamuu saaniif of ceepha’uun saanii hin oolle.Garuu,lam-lammaffaa bakka akkasitti akka hin deebineef keessa isaanitti waadaa ofiif gala;Caalaan isaan duurse maaljette aaddee giiftii?jedhee gaafate.Hoo, I’m sorry!Isin baadiyyaa dhaa dhuftan jechuudhaa?Dhiifama>Nama qarooma waan natti fakkaattaniif afaan Amaarriffaa beektu se’een sinitti dubbadhe.Amma maal isinii ajajamu?jette(Israa’el, 2013, f. 10).

Yaada kana irraa wanti hubatamu, sirnoota darban keessa dhiibbaan Ummata Oromoo irra ga’aa ture cimaa akka turedha. Kunis, hawaasichi akka afaan isaan hindubbanne, hinbaranne, aadaa isaatti qaana’u hojjetamaa turuu isaati. Kun ammoo akka sabni sun eenyummaa isaatti qaana’u, kan ormaa akka fudhatu taasisuuf kan hojjetamaa turedha. Egaa kanneen aangoo gurguddaa qabaachaa turan dhiisii hojjetuun mana bunaa keessaa illee tuffii isheen hawaasichaaf qabdu kanuma sirnoota darban irraa dhaalamedha. Kananaafi, yammuu sirbi Afaan Oromoo sirbuu jalqabu tuffiifi jibbiinsa afaanichaaf qabdu irraa kan ka’e kan isheen dhaqxee cufte. Kun ammoo kanneen afaaniifi aadaa isaanii jaallatanif waan isaan ittiin boonan jalaa tuqxe; eenyummaan isaanii gaafa tuqamu ammo sammuu isaanii callisee ilaaluu hindandeenye.

Dargaggoota inaaffaafi quuqqaan gita bittummaa isaan dhoosuuf jedhu mitii jaartiinuu mirgaafi afaan isheef hinteessu yoo cimeef maleef malee;Obseeraan fiigee irreesaa luka sangaa harar fakkaatu sanaan saggooshee akka nama handaaqqoo qabuutti ol fuudhee ishee rarraasee gadi dhiisee akkas jedhe. “Si inni sanyiin kee jaarraa tokkoof sabakoo Oromoo gabroomfataa turan ga’uu didee jetnaan har’ammoo atis nutti deebitee? Nu biraa

hin haftanii isin jedhee aariitiin qodaa qaruuraa isa dura teessumarra jiru rukutee lafatti naqe. Obseeraan maqaa lammaffaa argateera. Guyyaa gaafa mataan isaa dhibamee jalqabee jecha tokko afaan lamaan fayyadamuun waama ture. Jechichis “Bilisummaa”..... “Bilisummaa” Freedom.... Freedom kan jedhuudha. Kanaaf maqaan isaa Freedom jedhamee beekame.(Israa’el, 2013, f.13).

Gara tarkaanfii miiraan guutameetti akka Obseeraan seenu kan taasise gochaa isheen dalagdeefi jecha isheen “indeet Yaasxellaal!” jette kanadha. Taateewwan akkasii addunyaa dhugaa keessatti kan mudatanidha. Keessattuu naannawa magaalatti dhimmoonni xiinsamuu ummata Oromoo miidhuudhaaf hojjetaman qabatamaan nimul’atu. Afaan Oromoo akka kan baadiyyaa ta’eetti; namni barateefi bifaafi dhaaba qajeela qabu akka Afaan oromoo hinbeekneetti kan ilaalanis hindhibaman. Kun hundi isaayyu gama xiinsammuun hawaasicha irratti dhiibbaa geessisuun akka inni eenyummaa isaa jibbu taasisuuf kan hojjetamu ta’uu isaa hubachuun nidanda’ama. Gama kaaniin ammoo asoosama Yaadaa keessattis dhimmi eenyummaa ka’e haala asii gadiitiin xiinxalameera.

...baatii booda namittiin Aniiyyaa Roobaa jedhamtu. Anooleen afaan Oromootiin “ Asi laalaa, achi laalaa, waan Rabbiin dalagu laalaa” jedhee isaa karta(*kadhataa*) jiru itti siqxee. Birrii 150 kenniteef. Erga kenniteef booda akkana jetteen “Afaan Oromoo Afaan ittiin kartanii miti. Oromoon hin kadhatu, hin kadhatin. Wojjadhu!” jetteen. Waan iseen jettu yooirra deebi’ee xiinxalu dhugaadha. Oromoo kadhatu argee hin beeku jiruu isaarratti. Anooleen guyyaa tokko subii hirriba irraa ka’ee, Juneydillee kaasee, “Ati maaliif afaan Oromootii hin kadhanne” jedhee gaafate. Akkuma Aniiyyaan jetteen sanJuneydilleen “Afaan Oromoo, Afaan ittiin kadhatanii!!!” jedheen. ... torbaan tokko booda ‘hin kadhadu’ jedhee murteesse murteesse Dr. Juneydiitti hime. “Itayyatti deebi’ee hiriyyoota kiyya woliin jiraadha (Jamaal, 2010 ff. 38-41).

Waraabbii kana irraa ammo wanti hubachuun danda’amu, kadhaan kan ummanni Oromoo ittiin beekamuu akka hintaanedha; aadaa isaas akka hintaanedha. Kanaaf, kan hawaasa ofii keessa hinturreefi fakkeenyummaa gaarii hintaane kana ofitti fiduun akka hinbarbaachifne nama hubachiisa. Kunis, hawaasichi kadhaan eenyummaa hawaasichi ittiin beekamu akka hintaane; hawaasichi hojjetee dafqa isaatiin kan bulu, kan namaa kan hinbarbaanne ta’uu isaati. Mammaaksi, ““ Harki taa’e deega’ jedhee namtichi niitii kabala,” jedhus bakka hawaasichi

hojiif qabu guddaa ta'uu agarsiisa. Kanaaf, kan hawaasichi ittiin beekamu, hojiitiini malee kadhaatiin akka hintaane, asoosama kana keessatti ibsamuuf yaalameera.

Karaa eenyummaan ofii ittiin ifuu danda'u keessaa tokko afaan ofii ta'uu ammoo hojii ogbarruu kana keessatti haala asii gadiin dhihaateera.

Ani eenyummaa koo ni beekka. kan eenyummaa ofii hin beeyyen akka laalaa jirutti; sii! Sii! Sii!” ija isaa keessa ilaalaa dubbii isaa itti fufe. “waa tokko sitti yaa himu .’eenyummaan kiyya Afaan Oromooti. Haadhaafi abbaa dhabuun waanuma jirutii addunyaa tana irratii.wollaaluma kan keeti si kofalchiise, haadhaafi abbaa dhabuu kiyyaatii” jedhe, laphee keessa quba guddaan ofdhayye. (Jamaal, 2010, f.299)

Akkuma yaada olii irraa hubachuun danda'amutti, Aanoleen yammuu biyya Kanaadaatii deebi'ee Arsii jiraachaa ture, baadiyyaatii lafa bitee irra qotaa tureera. Yammuu kana qormaanni eenyummaa kan isa mudate. Lafa isaa kana namoota biroof yammuu hiran inni ammo aariidhaan nama hiruufi kan hirmaachuuf dhufan ari'ee ture. Yeroo kana akka Aanoleen haatiifi abbaan isaa hinbeekamne kaasuudhaan eenyummaan isaa akka hinbeekmne namtichi lafa hiruu dhaqe kan dubbate. Haata'u malee, Afaan Oromoo dubbachuufi afaanichaan boonuun kan eenyummaan ofii ittiin ifu ta'uu Aanoleen kan dubbate.

Namoonni afaan isaaniitiin dubbachuun isaan boonsu akkuma jiran kan afaan isaaniitiin dubbachuun isaan qaanessus hinjiraatan jechuun hindanda'amu. Kan akka Aanolee afaan isaaniif jaalalaafi kabajaa qaban kunniin ammoo akka ibsituu eenyummaa isaaniitti fudhatu. Keessattuu dhaloonni yeroo ammaa hedduun isaanii kan eenyummaa isaaniitti boonaniifi afaan isaaniis jaallatanidha. Haalli hojii ogbarruu kana keessatti itti dhihaates akka dhaloonni kun eenyummaa isaafi afaan isaa jaallatuufi ittiin boonu karaa jajjabeessuunidha jechuun nidanda'ama.

4.2.5. Mallattoo

Yaadni namaa waan garaa garatiif hiika kenna. Waan ijaan mula'atan ammoo kan dhalli namaa akka mallattootti fudhachuun hiika itti kennudha. Kunis, waan sana yammuu argu sammun namaa waan tokkoon walqabsiisa jechuudha. Asoosama *Madaa Ciqilee* jedhu keessatti wantoonni akka mallattootti dhihaatan asiin gaditti dhihaataniiru.

Isheenis deebifteefii rakkoo hinqabu nan beeka; baayyee fagoo miti kuunnoo karaa buufata fayyaan gortanii mana dallaa guddaa qabu kan keenyan isaa irri isaa halluu diimaa, gidduun immoo magariisa ta'ee, jalli isaammoo halluu diimaan bareedee xumurame; baay'ee bareedu deemtanii balbala yoo rurukkuttan isin keessummeessuu danda'u. Yoo isinii galuu dides mallattoon biroo ittiin hubaghuu dandeessan muka guddaa dameen isaa kallattii hundaan dagaagfatee jiru odaa fakkaatu fuuldura balbala isaanii dura dhaabbatee jira jettee odeeffannoo kenniteef.(Israa'el, 2013, f. 27).

Waraabbii kana irraa wanti hubatamu, keenyan nama beekamaa kanaa halluun inni ittiin dibame diimaa gidduun magariisa jallimmoo diimaadha. Kun qabsoo yeroo dheeraa hawaasni Oromoo taasisaa ture keessatti alaabaa qabsoo bilisummaa ummata Oromoo kan bakka bu'ee dhihaatedha. Gootonni hedduun alaabaa kana akka mallattoo qabsoo bilisummaatti dhimma itti ba'aa turaniiru; yeroo ammaas kan laphee ummatichaa hedduu keessa jiru jechuun nidanda'ama. Dabalataanis, mukti guddaan dame isaa dagaagfatee jiru sirna Gadaa ummanni Oromoo kan nama yaadachiisudha. Odaa jalatti Gadaan walga'ee seera baasa, walfilata, ni'araarsa,....

Haaluma walfakkaatuun, waraabbii itti aanu keessatti suuraa Odaa jalatti waadaa waliif galuun Falmataafi Boontuu qaamaan Odaa jalatti argamuu baatanis, yaada isaaniitiin mallattoo ummata Oromoo kan ta'e Odaa sammuu isaaniitti yaadaa waadaa waliif galuu isaanii kan agarsiisudha.

Tole amma bakki nuti jirru kun Gaaddisa Odaa jedhama. Gaaddisi Odaa yoo bakka kana dhugaatti hinjirreyyuu suuraa guddaa Odaa fakkeessanii kaasan kan akka waan odaa dhugaa ta'eetti of amansiisnee suuraa odaa kana jala teenyee waadaa jaalalaa yoo waliif seenne gaarii natti fakkaata. Sababni ani kana siin jedheef sabni Oromoo kallattii arfanittuu argamu dur muka kabajaa Odaa jala taa'ee mari'ata;ni ijaara; achittis waadaa waliif seena, kan wal loles araarsa. Gumaan lammata akka walitti hindeebineefis waadaa walseensisa. Kanaaf bakka yaanni gaarii achitti bu'uureffamu waan ta'eef nutis har'a as teenyee waadaa ijaarsa jaalalaa waliif haa seenu.(Israa'el, 2013, f. 94).

Yadni waraabbii kana irraa hubachuun danda'amu inni biraan, sabni Oromoo Odaa jalatti walga'ee yammuu mari'ata; rakkoo hawaasummaa keessatti isa quunnaman bakka itti hiikkatuufi bakka yaadni gaariin itti maddu ta'uudha. Gama kaaniin asoosama Yaadaa keessattidhimmi mallattoon walqabatu asiin gaditti dhihaateera.

Fuullee keessatti of laalaa mataa isii keessatti akkana ofiin jette, 'An! Qalloon intala Arsii tan mudhiin migiraa jechuun' ofiin jettee akka nama seeqatuu taate. Fuullee keessatti yoo of laaltu: fuulli isii akka fuula abbaafi haadha isii fakkaatu murteessite. Irra caalaatti immoo, abba isii fakkaatti. Ijji isii ija haadhaa isii. Afaan, funyaan, boqoonii, fi kallachaan abbuma isii irraa muraadha. Keessattuu, baqaqni areedaa irraa kan abbuma isiiti. Bifti fuula isiifi kan abbumaafi haadha isiiti. Yeroo seeqattu abbaa isii fakkaatti. Haata'u malee, magaalummaan bifa isii haadha isii irraa fudhatte. Akkuma haadha isii magaala bareedduu qalloodha. Bareedduu intala akka haadhaa jechuun isiidha. (Jamaal, 2010, f. 149).

Waraabbii kana irraa wantuu hubachuun danda'amu, qooddattuun Samiiraa mallattoo Shamarran Oromoo taatee dhihaatte jirti. Gama tokkoon intala gudeedaan dhalatte ta'uu ishee agarsiisuuf, danaa abbaa ishee waan hedduun qabaachuun ishee ibsamee jira. Gama kaaniin ammoo iji ishiifi magaalummaan ishee haadha ishee fakkaachuun dhihaateera. Kunis, danaa lamaan isaanii qabaachuu kan agarsiisudha. Magaalummaan bifaa Samiiraan ittiin ibsamte, kan dubartoota Oromoo hedduu isaanii bakka bu'udha jechuun nidanda'ama. Qallinnis, mallattoo miidhaginaatti kan fudhatamudha. Walumaagalatti, qooddattuun kun mallattoo bareedina shamarran Oromoo bakka buutee dhihaatteetti jechuun nidanda'ama.

4.2.6. Ittisa Fedhii Dhokataa

Dhalli namaa keessoon isaa garaa garadha. Inni tokko waan isatti dhaga'amu baasee ibsata; inni kaan ammo keessoo isaatti qabatee ilkaan gogaa mul'isa. Fedhiin dhokataas, namoota waan isaan yaadaniifi waan isaan dubbatan kan walhinfakkaanne kan ilaallatudha. Waraabbiin asiin gaditti dhihaates kanuma kan agarsiisudha.

Osoo inni yeroo tokkoof rafee hin boqotiin lafti bari'uu isaa baay'ee ajaa'ibsiifate. Amma yaadni tokko xumura irratti gara sammuu isaatti dhufe. Yaadichis yoo fuula aariifi ija hirriba malee bule kanaan kaate haati kee sirratti baruu waan dandeessuuf furmaatni kee maal kan jedhu ture. Xiqqoo yaadee kokkolfuun qaba; akka narratti hinbeekamneefis faallaa faallaa akka itti bulee haasa'uu murteeffate. (Israa'el, 2013, f.44).

Waraabbii kana irraa wanti hubachuun danda'amu, Falmataan waa'ee dhabamuu Obboleessa isaa garaa isaatti qubataa buleera. Kana ammo haadha isaatti yoo hime ishiin ammo daran miidhamti jedhee sodaateera. Kana irraa ka'uun waan keessoo isaa dhoksee waan hinta'iin akka ta'eetti, waan ta'e ammo akka hinta'iinitti haadhaafi obboleettii isaatti himuuf yammuu murteessu mul'ata. Ofii utuu aaruu akka haati isaas dabaltee hinyaanneefi xiinsammuudhaan hinmiidhamne yaada isaa dhoksee jira. Kun ammoo waan hunda himachuun akka hinbarbaachifnes kan agarsiisudha. Waraabbiin gadiis kanuma waliin hidhata kan qabudha.

Yoomiyyuu taanaan ofiisaa dhiphachuu filata. Kanaaf, haatisaa amala Falmataa waan beekaniif akka inni yoo isaan aaran irratti beeku hinbarbaadan ture. Waan kana ta'eef, aadde Biliseen yeroo mara keessatti boo'u; kanas yeroo dheerina keessa baran; ilkaaniin yoo kolfanillee keessi isaanii madaa diimaadha. Kan wal'aansa dhabe.(Israa'el, 2013, f.58)

Kana irraas waan hubatamu, akkuma Falmataa Aadde Biliseen, mucaanshee aarii ishee irratti hinbarreef nidhoksatti. Kunis, xiinsammuu mucaa isheetiif jettee ofii ishee keessootti gubachuu ishee agarsiisa. Haati dhalaaf jettee ofii ofmiiti; ilmi ammo haadha isaaf jedhee ofmiidha. Kun fedhii isaanii dhoksanii kan isa kaanii guutuudhaaf gochaa raawwatame ta'uu namatti agarsiisa. Kun ammoo gammachuufi isa kaanii dursisiisani ofii ammoo gammachuu isa kaaniif jecha miidhamuu kan agarsiisudha.

Waraabbiwwan kana keessatti fedhiin ofii kan ittifame faayidaa isa kaaniif akka ta'e hubachuun nidanda'ama. Akkuma haatiifi dhalli gammachuu waliif dursa kennan kana, fedhiifi faayidaa isaanii dhiisanii kan hawaasa isaanii dursiisuuf jecha hanga lubbuu isaanii dabarsanii kennanitti kan qabsaa'an hedduun ummata Oromoo keessas kan jiranidha. Kanaaf, tokko isa kaaniif ofkennuun kan hawaasicha keessatti mul'achaa tureefi har'as kan jirudha jechuun nidanda'ama.

Gama kaaniin asoosama Yaadaa keessatti ammoo dhimmi haaluu waliin walqabatu ka'ee jira. Kanas waraabbii gadii keessatti akkasitti dhihaatee jira.

Gaaffiin ishii kan duraa, “Do I know you”(Si beekaa)? ” yoo isiin saan jettu, Aanoleen lafa seenuu fedhe. Silaa lafa seena osoo waan danda'u taatee. Akka waan isiin jedhaa jirtuu hin beekni tokko “callisi” jedha. Namittiin afaan hiiktu, “Yet now Irsoon maaqowot iyyalech now (Esaatii sii beeka siin jechaa jirtii)” jetteen. Waan ishiin jechaa jirtu Aanoleen irra hinkaawwanne. (Jamaal, 2010, ff. 320-321).

Aanoleen carraa biyya Ameerikaa deemuu argatee yammuu imbaasii Ameerikaa kan Finfinneetti argamu deemee turetti, hojjetuun imbaasichaa akka isa beektu gaafatee turte. Aanoleen garuu akka nama afaan Ingilizii hindhageenyetti callisee ture. Maqaa isaallee jijjiiree ture. Eenyummaansaa biyya sanatti yakkaan kan beekame waan ta'eefi akka nama lubbuun hinjirreettis waan beekamuuf. Fedhiin Aanolee inni guddaan isaafi maatii isaa biyya Ameerikaa geessuun hiyyummaa keessaa ofbaasuudha. Fedhii isaa kana galmaan ga'achuuf ammoo ofummaa isaa dhugaa haalee nama biro of fakkeessuu yaaluutiinidha. Ummata keenya keessas fedhii dhokataa faayidaa giddu galeessa godhate qabatanii kan maqaa isaanii jijjiiruudhaan biyyoota garaa garaatti deeman hedduun nijiru.

Walumaagalatti hopjiilee ogbarruu kana keessatti dhimmoonni fedhii dhokataa waliin walqabatanii ka'anis ofsossobuu yookiin haaluu kan ofkeessaa qabanidha. Kun ammoo gosoota ittisa fedhii dhokataa Tyson (2006) tarreessite keessaa haaluu (Deniel) isa jedhu jalatti waan ramadamu fakkaata. Hojiilee ogbarruu lamaan keessatti Falmataanis ta'e Aanoleen dhugaa keessoo isaanii utuma beekanii kan isaan dubbachaa turan waan keessoo isaanii hintaane turte. Kunis, Falmataan haadha isaa gammachiisuuf yoo ta'u, Aanoleen ammoo ofiifi maatii isaa hiyyummaa keessaa baasuuf jecha kan raawwataman ta'uu irraa hubachuun nidanda'ama.

4.2.7. Milkii

Taatee hawaasa keessatti raawwatamu hedduuf yeroo baay'ee yammuu hiikni itti kennamu nimul'ata. Kan hawaasichi akka amantiitti fudhatee irraa ofeeggatufi lagatu keessaa milkiin isa tokkodha. Milkiin kunis, taateewwan kanaan dura mudatan bu'uura godhachuun mudachuu malu. Hojiilee ogbarruu kana keessattis dhimmi milkiin walqabate haala asiin gadiitiin dhihaateera.

Obseeraan kan deemu guyyaa kaleessaa ture. Aadde Biliseen garuu, guyyicha irraa carraa/ milkii hinqabu jedhanii akka inni har'a deemu taasisan. Obseeraan garuu haadha isaan harme milkii ati jettu kun maali? Jedhee gaafate. Aadde Biliseenis yaadaan duubatti deebi'anii ... na dhaggeeffadhu ilma koo ani guyyaa kaleessaa jechuun guyyaa Dilbataa madaa lama kan hanga gaafa guyyaa kootti hindagatammen qaba. Innis abbaan kee obbo Yaaddessaan dur sirna darbe yeroo itti Oromoonni akka horii gurguramtuutti oofamanii dirree waraanaatti dhuma turan keessa mootummaan dirqisiifamanii mana waraanaa geeffamuun achi biyyicha kattaa duwwaa sana keessatti allaattii biyya ormaaf soora ta'an. Guyyaa Sanbataa anaafi isin ijoollee koorraa adda bahuun (Israa'el, 2013, f.1).

Waraabbii kana irraa wanti hubachuun danda'amu guyyaan Guddaa aadde Biliseef akka milkii gaarii hintaaneetti ibsamee jira. Guyyaa kana kan manaa ba'e abbaan manaa ishee achiin hafuun isaa ibsameera. Kun ammoo ilaalchi isheen guyyaa kanaaf qabdu gaarii akka hintaaneefi guyyaa kana miseensi maatii ishee yoo manaa ba'e rakkoon akka mudatu sammuu ishee amanee fudhateera. Kanaaf, guyyaa diilbataa manaa bahuun akka carraa gaarii hin taanetti hiikama. Akkuma aadde Billisee hawaasa keessatti taateewwan gaddisiisuu mudatan dhimma tokko waliin walitti firoomsuufi dhimma sana ammoo akka milkii gadheetti fudhachuun nijira. Kun ammoo gocha tokko akka miseensi hawaasaa sun raawwatuufi dhiisuuf kan gama xiinsammuutiin dhiibbaa uumudha. Kanaaf jecha hawaasa biratti xiyyeeffannoon milkiif kennamu ol'aanaadha jechuun nidanda'ama. Haaluma walfakkaatuun taateen walfakkaataa yammuu dalagamu ammoo xiyyeeffannaafi amantaan dhimma sana irratti qabamu baay'ee guddaa ta'a. mee waraabbii gadiis haa ilaallu.

Ilma koo Obseera kana qofaas miti, obboleessi kee Falmataan booree abbaa keetii deebisee mirgaafi qabeenya keenya sarbame deebisuuf kan manaa bahee as deebi'uu dide guyyaa Dilbataarraa manaa baheeti. Atis kan deemuuf kaate kanaafan guyyaa sanarraa milkii hinqabu jedheen har'atti sidabarse jedhan. (Israa'el, 2013, f. 2).

Egaa waraabbii kana irraas wanti hubatamu, aadde Biliseen mucaa isaanii Obseeraa guyyaa Dilbataa akka hindeemne dhorkuu isaanii. Sababni kanaa inni guddaan guyyaa kana akkuma abbaan manaa isaanii manaa bahee achumaan hafe, ilmi isaanii manaa ba'ee manatti hindeebine ture. Kana irraa ka'uun guyyichaan karaa deemuu sodaatan. Kun ammoo amantaa isaan guyyaa

kanaaf qaban maal akka fakkaatu kan agarsiisudha. Taateewwaan akkasii kana fakkaatan hawaasa keessatti kan mul'achuu malanidha.

Dhimmoonni milkiin walqabatan kun ammoo hawaasa Oromoo birattis kan beekamuufi hiikni adda addaa itti kennamudha. Hojii ogbarruu kana keessattis wanti dhihaate waanuma hawaasa keessatti raawwatamuu maluun kan walfakkaatuufi fudhatammaa kan qabudha jechuun nidanda'ama. Haata'u malee, hojii ogbarruu Yaadaa keessatti dhimmi milkiin walqabatu kan mul'ate miti.

4.2.8. Dhimmoota Id, Ego, Superego fi Sammuu RiphaaWaliinWalqabatan

4.2.8.1. Dhimmoota Id Ilaallatan

Fedhiin dhala namaa kan Id tiin walqabatu dhimma nama gammachiisaniin kallattumaan kan guutame ta'uu Froud ni'ibsa. Fedhii kana keessaa ammoo tokko jaalala dhiiraafi durbaa kan ilaallatudha. Akkuma jaalalli haadhaafi dhalaa jiru kan hiriyootaas nijira. Miirri isaas addaani jechuun nidanda'ama. Gama kaaniin ammoo, jaalalli dhiiraafi dubaraa akka isa kan haadhaafi dhalaa dhiigaan walhinqabatu. Akka hiriyootaas kan yoo barbaadan filatanii barbaadan ammoo dhiisan miti. Miira keessoo kan jechootaan ibsuun rakkisu, warri waljaallatan yoo walargatan kan gammachuufi miira haaraan guutaman, yoo walargachuun rakkise ammoo kan gaddaan waxalaman, irra darbaniillee maraachuu danda'an miira to'annoo sammootii ol ta'edha.

Kan qooddataa Falmataa mudates kanuma.“Falmataanis waa'ee jaalala shamarranii jedhu dhaga'uu hinbarbaaadu ture.Garuu har'a jaalalli har'a ofiisaan lapheesaa bane waan olseeneef keessumsiiisuun dirqama ta'a.Safuudha! Falmataan har'a yaada sammuu isaaf haaraa ta'e keessumsiiisuu eegale”(Israa'el, 2013, f. 89).

Waraabbii oliirraa kan hubannus, Falmataan jecha jaalala shamarranii jedhu gurraan dhaga'uu hinfeene, utuu namni kamuu isa hindirqisiisiin Boontuu daqiiqaa tokko keessatti arge irraa jaalalli isa qabuun isaa akka fedhiifi filannoo abbaatti kan jaalalli nama qabuufi dhiisu akka hintaane kan hubachiisudha. Mudannoon Falmataa mudates kan hawaasa Oromoos haata'u isa kaan keessatti namoota umurii isaa keessa jiran mudatu waan ta'eef dhugummaan isaafi akkaataan asoosama kana keessatti ittiin ibsame waanuma jirudha jechuun nidanda'ama. Gama

kaaniin, asoosama Yaadaa keessatti ammoo kan dubarri jaalalaan qabante irratti kan xiyyeeffatudha. Waraabbii gadii keessatti kan jiru akkasitti dhihaateera.

Samiiraan bakka taa'aa turte irraa olkaatte. Maliyaafi Eebbisaa ija keessa ilaalte. Akkasuma, isaanillee ija isii keessa lalan. “Duraan dursee galatoomaa isiniin jedha; waan ol na seensiftaniif. Ofii kiyya rakkadhee isinillee rakkisaa jira. Jaalalaan qabamee maraataa jira. Hanga maraatummaa keessa taree, kunoo halkaniin hula keessan qu'aa jira” jette. (Jamaal, 2010, f.141).

Waraabbii kana irraa wanti hubachuun danda'amu Samiiraan Aanolee jaallachuu isheeti. Kun aadaa hawaasa kamiyyu keessatti mudachuu kan maludha. Haata'u malee, dubartoonni Oromoo hanga fedhe dhiira jaallatanillee, ija baasanii sin jaalladhe jedhanii itti himuun, sanma irra darbee utuu dhiirichi si hinbarbaadu jedhuu mana isaa dhaqanii ibsachuun baramaa miti; xiinsammuun hawaasichaas kana kan fudhatu miti. Asoosama *Yaadaa* keessatti akkaataa qooddattuun Samiiraa jaalala ishee ittiin ibsatte karaa hawaasicha biratti baramaa ta'een miti. Kun ammoo aadaa hawaasichaa irraa kan maqedha. Haaluma walfakkaatuun waraabbiin asiin gaditti fudhatames kanuma kan fakkaatudha.

Hamiiraan isa dhiisaa hinjirtu. Akka dhiiraatti isa ofitti harkistee dhungoo kenniteef. Arraba isii afaan keessa ofaa jirti, akka bofti lafarra loo'aa jiruutti. Hidhii isaa harkisaa jirti, akka nama foon kutataa jiruutti. Afaan isaa nyaataa jirti akka nama marqaa nyaataa jirtuutti. Hamiiraan baay'ee tokko ajaa'ibaa jirti akka inni isii godhaa jiru, (Jamaal, 2010, f. 270).

Jaalalli dhiiraafi dubara gidduu inuma jira. Garuu akkaataa qooddattu Hamiiraan hojii ogbarruu kana keessatti ittiin ibsamte karaa safuu hawaasaa irraa fagaatenidha. Waan jedhamuufi hinjedhamne nijira. Hunda hindubbatan kun ammoo hojii kana keessatti haala daandii irraa maqeen dhihaate jechuun nidanda'ama.

Dabalataanis, qooddataa Anooleen yeroo garaa garaatti yammuu qooddattuu Samiiraafi Hamiiraa waliin jaalala dhandhamatu haalli itti ibsame ammas karaa safuu hawaasichaa irraa fagaateen ture. Jechoota safuu illee yammuu waamaman nimula'ata. Barreeffamoonni akkasittiin dhihaatan ammoo sirna hawaasichi qabu, safeeffannaa inni qabu, bu'uura godhachuu dhabuu kan agarsiisudha.

Dhugummaafi fudhatamummaa hojii ogbarruus kan gaaffii keessa galchudha. Kana irra darbees kanneen umurii dargaggummaa keessa jiran keessatti miira inni kakaasu karaa eeyyantaan kan ilaalamu miti. Dubbistoota umuriifi sadarkaa barnootaan gara garaa keessa jiran birattis haalli ittiin ilaalamu kan itti yaadame hinfakkaatu. Waraabbiin gadiis kanuma waliin hidhata kan qabudha.

Dhungoo fi tuttuqaa isaa dadhabdee jirti. Osoo waan godhu godhee; isii hiikee feeti. ... Itti maramuun isii baayyee tokko itti kaase QS isaa (... Qaamni saalaa isaa olka'e. Osoo, gadi qabuu fedheeyyuu, gadi hinqabamuuf. Samiiraan ijaan gadi laaltee, seeqatte. Waan meeshaa dhiiraa argitee hinbeeyneef; akka ajaa'ibaatti laalaa jirti. Gara biraatiin immoo, 'kanumatu qaama kiyya keessa seenuu hedaa' jedhaa jirti. "Maaloo naaf kenni; akka naaf kennitu fedhaa ammaan tana" suuta dubbattee "simaaf kenna. Dhungoo isee dhungataa jiru kana osoo dubartiin biraa argitee 'anallee, anallee' jettee kadhatti. ...harma isii lamaanin qaama isaa tuqxe. Miilli isii miila lamaan jidduu keette; qaama saalaa isaa tuqxee itti kaafte. ... Qarqara harma isii ilaalee shimala isaa olkaase (Jamaai, 2010, ff.213-214).

Haalli barreessaan kun waraabbiiwwan armaan olii kannen keessatti namfakkii Samiiraa bocuun dhiyeesse kabajaafi aadaa hawaasaa xiyyeeffannoo keessa kan galche hinfakkaatu. Dubbistoonni asoosama kana yammuu dubbisan maalirraa hubatu kan jedhus gaaffii guddaadha. Namni asoosama kana dubbisu kan sabaan Oromoo hintaane, kan Afaan Oromoo dubbisuu danda'u tokko erga asoosama kana dubbiseen booda ilaalchi inni aadaa Oromoof qabu jijjiiramuu danda'a. Kanarraa dhaabbachuun ummata Oromoo kana akka waan ummata safuu hinqabneefi sagaagalummaan beekamuutti hubachuu danda'u.

Gama biraatiin, hojiin waraabbii kana keessatti dhiyaate kun, gocha qaanessaafi miira dubbistootaa miidhuu danda'uudha. keessumaayyuu gama umrii dubbistootaatiin yemmuu ilaallamu, umrii dargaggummaa keessatti kanneen argaman amala gadheefi sagaagalummaaf kan isaan saaxilu yemmuu ta'u, dubbistoota umrii kanaan alatti argaman biratti immoo asoosamichi fudhatama dhabuu danda'a. Jechoonni hawaasicha biratti safuu ta'aniifi dubbachuuf ulfaatan illee barreeffamaniiru.

4.2.8.2. Dhimmoota Ego ilaallatan

'Ego' keessatti ofta'uufi qabatamaa dhimma addunyaa kanaa qabatamaan murtoo kennuuf bakka bu'a. Akkasumas, qindoominaafi xiinxala guddaa ofkeessatti kan qabatuufi jireenya dhuunfaafi waliinii gidduutti hariiroo uumuuf akka gargaaru Froud ni'ibsa. Akkasumas fedhii 'Id' keessatti mul'atuufi dhugaa qabatamaan jiru walitti fiduu kan yaaludha. Hojiilee ogbarruu filataman kanneen keessattis dhimmoonni kanaan walqabatan haala asii gadiitiin ilaalamaniiru.

Akka ani beekutti yoo ta'e maqaan bareedaadha kan jedhamu maqaa namummaan nama sanaa ittiin beekamu afaan saba isaan yoo moggaafame; kan Afaan Oromoon moggaafame jechuu kooti. Ofjaje naan hinjedhiin malee kan koollee afaan saba kootiin kan naaf baafameedha. Kanaaf baay'een itti gammada; bareedaadhan jedhas. Fokkisaadha kanan jedhu immoo maqaa namoota baay'ee yoo ilaalte maqaa isa hin ibsine kan ormaatiin waamama. (Israa'el, 2013, f.66)

Akka yaada kana irraa hubachuun danda'amutti Falmataan maqaa haati isaa baasteefitti kan boonu ta'uu isaati. Maqaan isaa maqaa aadaafi afaan isaa calaqqisiisu ta'uun ammoo akka inni eenyummaa isaa maqaa isaa keessatti ilaaluuf gargaareera. Akkuma qooddataa Falmataan hojii ogbarruu kana keessatti qeeqe, kanneen qabata amantiifi dhiibbaa siyaasaa biyya keessa tureen maqaa eenyummaa isaanii hincalaqqisiisneen yammuu waamaman nimul'ata. Maqaa aadaafi eenyummaa isa kaanii ibsuun waamamuun ammoo dhiibbaa mataa isaa niqabaata. Keessattuu hawaasa keenya biratti yammuu sirna Dargiifi Hayilesillaasee keessa maqaan moggaafamaa ture hedduun isaa kan aadaa fi Afaan Oromoo calaqqisiisu hinturre. Gama kaaniin ammoo maqaaleen amantii Kiristaanaafi Musiliimaa qabata godhachuun moggaafamanis kan afaan hawaasa kanaatii aladha.

Haata'u malee dhimmi eenyummaa ofiitiin boonuu erga waggoota muraasaa asiitii gabbachaa dhufeera jechuun nidanda'ama. Kanumaan walqabatee ammoo maqaaleen Oromoonni yeroo ammaa kana ijoollee isaaniif moggaasan hedduun isaa kan foolii Oromummaafi miira ofitti boonuu qabanidha. Dhimmoonni asoosama kana keessatti ka'anis kan hawaasa keessatti mul'atuudha jechuun nidanda'ama. Maqaa qofa osoo hintaane afaan ofiis kan itti qaana'an osoo hintaane, ibsituu eenyummaa ofii keessaa tokkodha. Kun ammoo asoosama Yaadaa keessatti haala asii gadiin dhihaateera.

Anoleen baayyee baayyee tokko aare. Garuu waan godhuu danda’u akka hinjirree; bekkee jira. “ati saba kamiin himatta: Amaara, Gurraage, Tigree, Wolaayita, Siidamaa, moo Oromoo-dha. Ati Wolayta ykn Siidama” jedheen. Obese jira hanga namni tokko obsu kana caalla obsu daadhabe jira “An enyuuma kan koo ni bekka. Kan enyuuma offi hin beyyen akka laala jiruutii; sii!, sii, sii!” ija isaa keessa laala dubbii isaatii fufee. “waa tokko siitii haa hiimmu. ‘Eenyummaan kiyya Afaan Oromoo tii. Haadha fi abbaa dhabuun waanuma jiratii addunyaa tana irrattii. Wolaluma kan keettu sii kolfichiisse, haadha fi abbaa dhabuu kiyya-tii” jedhe, laphee keessa quba guddaan off daye. (Jamaal. 2010, f. 299)

Waraabbii kana irraa wanti hubachuun danda’amu, qooddataa Anolee nama haadhaafi abbaan irraa du’an ture; qabeenyaafi fira waliin dhalate tokkollee hinqabu. Isaaf qabeenyi isaa Afaan Oromoo beekuufi aadaa saba kanaa keessatti guddachuu isaati. Dhugaa jiru yoo ilaallu ammoo afaan hawaasa tokkoo safuu, seera, aadaa, afoola, beekumsa,... hawaasni sun qabu kan baatudha. Kana keessatti guddachuun ammoo ofta’anii akka guddataniif qooda ol’aanaa qaba. Dhaloonni itti aanee dhufu illee achii dhuftee isaa beekuun beekumsa kallattii adda addaan afaanicha keessaan hawaasni dabarfatu kan bira ga’uufi itti fufsiisuu danda’u yoo afaan hawaasa isaa beekeefi itti boonuu danda’edha.

Keessattuu dhaloonni ammaa naannawa magaalota gurguddaa jiran akka isaan afaan isaaniitti hinqaanofneefi afaan isaanii beekaniif dhimmi asoosama kana keessatti ka’e kan barumsa guddaa dabarsudha jechuun nidanda’ama.

Gama kaaniin dhimmi ‘ego’ keessatti ilaalamuu danda’u, fedhii ‘Id’ fi dhugaa qabatamaa jiru walittifi duudha. ‘Id’ n gammachuu sammuu ofiif kennuu kallattumaan kan ilaallatudha. Inni kun ammoo dhugaa qabatamaa waliin yammuu walbira qabamanii ilaalaman maal akka fakkaatan ‘ego’ keessatti haala asiin gadiin ilaaluuf yaalameera.

Abbaan isii aaree, “Ammaachii maqaa isaa lafaa ol kastii: halkanii fi guyyaa addaan wolalitta” jedhen. Waa ati uumte ‘halkan fi guyyaa’ je chuu fette, waan jechu fette, waan jechuu yaade garaam isii-tii qabate; akkam jette. “An maal yaa ta’u. Maal ta’i nani jetta. Mee an waan tokko sii gafadhe bekka. Akka yaada ketiti ‘ilma obbo Esmile fudhu gamaachu argaadha siitti fakatta’ Arraa fi borulle an kan jaaladhu Anoleedha. Hiyyessa

fi nama worra hin qabne jaalachun badii mittii. Ati yoo badiidha jette natti him?” jete; abbaa fi haadha ija keessa lalite. (Jamaal. 2010, f. 173)

Waraabbii kana irraa jalqaba irratti dhimmi ‘Id’ hubachuun danda’amu, abbaan Samiiraa intala isaa, Samiiraa, ilma nama dureessaatti heerumsiisuun isaaf gammachuu guddaadha. Faallaa kanaan ammoo Samiiraan nama jaalala ishee qabsiisetti heerumuun isheef gammachuu hunda caaludha. Yaadoleen kun lachuu abbaafi intalaaf dhimma wal isaan mormisiisu ture. Kanaan walqabatee, yaadni Samiiraan kaaste guddaan hiyyeessaafi nama warra (haadhaafi abbaa) hinqabne jaallachuun yakka akka hintaane ibsiteetti. Kun ammoo dhugaadha.

Jaalalli kan keessoo namaafi miira abbaan akka barbaadetti jijjiiruu hindandeenyedha. Kanaaf dhimma ‘Id’ kan Anoolee jaalachuu Samiiraafi jibbi abbaa ishee dhugaa jiru kan hiyyeessaafi nama warra (haadhaafi abbaa) hinqabne jaallachuun yakka ta’uu dhabuun ‘ego’ jalatti akka ilaalamaniif sababa ta’eera.

Dhugaa addunyaa kana keessaas yoo ilaallu waan walfakkaatu hedduutu jira. Kunis, maatiin yeroo hedduu ijoollee isaanii isa qabeenya qabutti heerumsiisuu fedhuun hedduminaan nimul’ata. Keessattuu intala dureessaa ilmi hiyyeessi isayyi kan haadhaafi abbaa hinqabne yammuu fuudhu hinmul’atu. Kana jechuun garuu, shamarran nama hiyyeessa ta’e irraa jaalalaan hinqabaman jechuu miti. Fedha haadhaafi abbaa irra darbaniis kan ittio heerumanis hinjiran jechuu miti.

4.2.8.3. Dhimmoota ‘Superego’ Ilaallatan

Kutaalee sammuu keessaa tokko superego dha. Super Egoon garee faayida qabeessa sammuu keessaa: seera, safuufi hawwii seera qabeessan ajajeefi dhorkee kan hoogganu ta’uu saktta’a barruu keessatti ibsamuuf yaalameera. Hojiilee ogbarruuwwan filatamanii kanneen lamaan keessatti dhimmoonni kana irratti fuuleffatan haala asii gadiitiin ilaalamuuf yaalamaniiru.

Ajaa’iba! Namni maaliif ilaalcha akkasii waliif qabaataa? Maqaa dhibbas waliif baasaa? Garaan waliif gadduu fi yaadu keessaa badee faallaasaaa hamilee wal-buusuufi walcabsuutu baay’ata. Safuudha! Kun amala dhaloota si’anaati. Kabajjiifi safuun dur yeroo sabni Oromoo sirna gadaan bulu hafe. (Israa’el, 2013, f.20).

Waraabbii kana irraa wanti hubachuun danda'amu, kabajniifi safuun ummata Oromoo biratti bakka guddaa kan qabu akka ta'edha. Yaadni kun qooddataa asoosamichaa keessaa kan umuriin dulloomaniin kan dhihaatedha. Maanguddoon ummata Oromoo birattis kan ittiin beekamu, muuxannoo bal'aa jiruufi jireenya keessatti qabaachuunidha. Hawaasa tokko keessatti maaltu akka jaallatamuufi jibbamu, maaltu gaariifi yaraa akka ta'e, adeemsi dhalootni itti aanee dhufu hordofu maal ta'uu akka qabu, dogoggorri hawaasa keessatti mul'atu maal akka ta'eefi akkamitti sirraa'uu akka qabu kan kallattii kaa'anidha.

Yaada olii kana keessattis qeeqa maanguddoon bifa qooddataan dhiheesse kan fudhata qabuufi dhaloota kanaaf barbaachisudha. Kunis, dhaloonni kun walcabsuu irra walcimsuu, dogoggora walii bal'isuurra waliif duuchuun akka barbaachisudha. Dabalataanis, gamtoomuufi tokko ta'uun barbaachisaa akka ta'edha. Gochaaleen hawaasa keessatti dalagaman kan safuufi sirna hawaasichaatii ala kan ba'an yoo ta'e gaarii akka hintaane; gochaalee kanma ammoo dhaloonni ammaa hedduun raawwachaa kan jiran ta'uu quba qabsiisa.

Akkuma dhaloonni aadaafi safuu hawaasa isaa dagatee faallaa dhaabbatu jiraatu ammoo, kan aadaafi sirna hawaasichaa kabaju, ittiin jiraatuufi isa kaan hubachiisuuf dhama'us jiraachuu isaa hojii ogbarruu kana keessatti dhihaatee jira. Kunis waraabbii assii gadii irraa hubachuun nidanda'ama.

Ani abbaan koo ijoollummaa koorraa jalqabee akkan safuu Oromoo cabsee hin argamneef natti dadhabee na gorsaa tureera. Kuni waadaa abbaa kootiiti. Kanaaf, anis safuu Oromoo akka qaroo ija kootiittin ilaala; nan kabaja jechuu kooti. Kanaaf akka ati natti gadditus hin barbaadu. Yaada kees akkasumaan rarraasuu hin fedhu yeroo naaf kenni itti yaadeen murtii xumuraa siif kennaa murtii xumuraa siif kennaa jette. (Israa'el, 2013, f.71).

Waraabbii kana irraa wanti hubachuun danda'amu, qooddattuu Daraartuu gorsa abbaan ishee akka isheen safuu hawaaasa ishee hincabsine ishee gorserraa kaatee, dhiira waliin bakka hintaane akka hindhaabanneefi gaaffii jaalalaa isheef dhihaatellee callistee kan hinfudhanneefi yeroo fudhattee itti yaaduun kan deebii kennitu ta'uudha. Kun ammoo jireenya qabatamaa keessa jiraannu keessattillee kanneen aadaa hawaasa isaanii eegan, safuu hawaasichaa hincabsine ofis ta'e maqaa maatii isaanii akka malee kabachiisu. Kun ammoo xiinsammuu hawaasichaaf gatii

guddaa qaba; sana irra darbees ijoolleen sirnaan akka guddattuufi sagaagalummaa keessa akka hinseenneef illee gatii guddaa kan qabudha. Kanaan sammun bilchaatee guddate ammoo jireenmya isaafi maatii isaaf illee amanamaa ta'uu mala.

Dhimmi superego waliin ilaalamu danda'u inni biroon dhimma dhala namaaf kabajaa kennuu waliin walqabatudha. Namni nama kabaju ofiillee kan kabaja argatudha. Kun ammoo hawaasa Oromoo keessatti beekamaadha. Kanaan walqabatee hojii ogbarruu Yaadaa keessatti haala asii gadiin dhihaatee jira.

Waan isiin hubatte yoo jiraate, akka inni xiqqaa fi guddaa, hojjetaa fi hojjettuu kabaju. Samiiraa: “Nama argee! Garuu, nama akka keetii haalaa fi amala qabu; jiruu tiyya kana irratti argee hin beeku” jetteen. Waan isiin jettu akka nama hin galleefii ija ol babaase. “Akka ati xiqqaa fi guddaa, kabajju. Akkasumas, isaan maraan ‘galatoomaa’ jechuu kan kee. Beekta ...? Nama hagamtu akkas godha. Namoonni baayyeen ‘galata isaanii galchuu dhiisii waan isaan balleessan issaan irratti soqaan’ jetteen. (Jamaal, 2010, f. 157)

Waraabbii kana irraa wanti hubachuun danda'amu, qooddataa Anoolee kabaja inni namootaaf qabu adda ta'uufi guddaafi xiqqaa akka hinjenne, akkasumas, tasgabbiidhaan kana rakkoo namaa dhaggeeffatuufi amala gaarii qabaachuu isaati. Kun ammoo kan aadaa Oromoo keessaati beekamuudha. Aadaa Oromoo keessatti walkabajuun nijira. Sirna haasaa keessatti illee haalli dubbii hangaftummaa eegeeti. Utuu hangafni hindubbatiin quxusuun hindubbatu. Garuu, quxusuunis, mirga yaada ofii ibsachuu qaba. Walkabajuun kun ammoo tasgabbiin waldhaga'uuf, waliigaluufi jaalala gidduu isaanii jiru cimsuuf ga'ee guddaa kan qabudha. Kanaafi mammaksa keessattis, “Nooruu ilma koo kabajni manaa ka'aa,” jedhe Abbaan Jifaar kan jedhamu.

Karaa biraan, waldhaga'uunis baay'ee barbaachisaa ta'uu waraabbii kana irraa hubachuun nidanda'ama. Namni tokko rakkoo isaas haa taa'u yaada isaa yammuu ibsatu nama isa dhaggeeffatuufi hubatutti yoo ibsate, yaaddoon isaa nisalphataaf. Namni nama dhaggeeffatu ammoo yookiin fala kaa'aaf, dadhabu ammoo nijajjabeessa. Gama kaaniin nammoo dubbii keessatti haalli ittiin yaanni tokko ibsamu kan safuu hawaasichaa eege ta'uu qaba. Qooddataa Eebbisaa garuu akkaataa inni du'a ijoollee waliin guddatanii hime kan kana eege hinfakkaatu.

Anooleen uffata jijjiirratee dhufee Eebbisaa cinaa gadi taa'ee, gaaffii gaaffachuu eegale. "Mee maal ta'an, akkamitti amrii ta'ani, nu martuu du'uma henna garuu akka itti duunu hinbeeknu hanga duunutti. Haata'u malee, namoonni hafan akkamitti akka nu dune ni beekan. Akkamitti du'an: Jamaaliifi Takkittiin (Daraartuun)?" jedhee gaafate. ... Anoleen imimmaan yaasaa jira, jecha tokko malee. Imimmaan tarree galee yaa'aa jira; fuula isaatirra. Eebbisaani deebisee Jamaaliin jaalalatu ajjeesa. Eebbisaan waa'ee Takkittii(Daraartuu) itti himuu dhiisee biraa deemuuf yoo olka'u " Eessa deema jirta osoo waayee Daraartuu jedheen. ... " duutee jirti akkuma namni du'utti" jedheen. Hojiin keenya isaanuma awwaaluu ta'e, (Jamaal, 2010, f. 50—54).

Ummanni Oromoo jiruufi jireenya isaa keessatti safuun jiraata. Waan dubbatamu keessattis madaalee dubbata. Jechoota filatee akkaataa nama hinrifachiisneen yoomessa waan dubbatamaa jiru waliin walqabsiisee fayyadama.

Aadaa Oromoo keessatti yemmuu namni tokko du'u, "abalu du'eera" jedhanii hindubbatan. Namni du'e daa'ima yoo taate, daa'imni abaluu (maqaa dhahuun) "deebitee" jirti jechuudhaan dubbatu; ergaas bifuma kanaan namattis himu. Namni du'e sun nama guddaadha yoo ta'e garuu, ebalu boqatee /boqotte, darbeera(tti), dadhabee jira(jirti), amrii ta'e (taate) fi kkf jechuun afaan tolaa fayyadamuun du'a nama sanaa waliif himu. Kun ammoo xiinsammuun nama itti himamuu sun akka hinmiidhamneef eeggannoo gochuuf kan dhimma itti ba'amudha jechuun nidanda'ama.

Akka ilaalcha Oromootti safuun seera; seera ittiin bulmaataa kan barreeffamaan jiru osoo hintaane, seera hawaasichi waliin jireenya isaa keessatti waan hamaarraa ittiin wal eegu waan ta'eef maddisaas duudhaadhuma hawaasichaati. Waraabbii olii keessattis Anoleen waa'ee obboleeyyan isaa yemmuu gaafatu Jamaal du'eera jaalalatu ajjeese jechuudhaan yeroo inni dubbatu argina. Dabalataanis, du'a obboleettii isaas, yeroo itti himus " duutee jirti akka namni du'utti" jechuudhaan deebiseef. Haallii dubbii namfakkii Eebbisaa jedhamuu kun kan safuu Oromoo hineegneefi xiinsammuu dhaggeeffataaf xiyyeeffannoo hinkenninedha.

Keessumaayyuu, awwaalcha obboleeyyan Anolee waliin walqabatee yemmuu dubbatu " hojiin keenya reeffuma isaanii awwaaluu ta'e." jedhee kan dubbatu argina. Asirratti, aadaa Oromoo keessatti nama firrisaa jalaa du'e haala barreessaan waraabbii olii keessatti namfakkii Eebbisaa jedhamu fayyadame kana waan hintaaneef safuu hawaasichaa isa dhugaa ta'e sana baasee

argisiisuu hindandeenye. Kun ammoo kan qaamolee sammuu keessaa kan ‘superego’n ittiin beekamu safuu, seeraafi jireenya hawaasummaa haala madaalawaa ta’een hojiirra kan oolchuu malu sanaan faallaa kan dhaabbatudha.

4.2.8.4. Dhimmoota Sammuu Riphaa Ilaallatan

Dhalli namaa bifaan, qabeenyaan, beekumsaan, aangoodhaan, dandeettiin, ogummaan, ... garaagarummaa niqabaata. Inni tokkoon beekamu isa kaanimmoo dhabuu mala. Kaan immoo hundaan giddu galeessa ta’uu malau. Kan hunda hinqabnes darbee darbee jiraachuu mala. Akkuma sana ammoo kan hundaan guutuu ta’e akka simbira masqalaa darbee darbee jiraachuu mala. Egaa yeroo baay’ee kanneen haala walfakkaataa irra jiran hiriyyummaaf, jaalalaaf, hojiidhaaf, walbarbaaduun isaanii hinoolu. Warri wal irraa fagoo ta’an ammoo carraan walitti dhufuu isaanii dhiphaadha. Mee yaada waraabbii armaan gadii haa ilaallu:

Lammeessaanis, barnootasaa achuma Gaaddisaa bira taa’ee gosa barnoota seeraa kan duraan addaan kute itti fufe. Jireenyi addunyaa kanaa akkas egaa; barataa waliin daree tokkotti baratetti har’a hirkifatee yeroo jiraatu jireenya namatti dukkaneessa. Obsa cimaas barbaada. Lammeessaan egaa obsa of moosisee hanga har’aatti Gaaddisaa waliin jiraachaa barnoota barachaa jira. (Israa’el, 2010, ff. 101-102).

Waraabbii kana irraa wanti hubachuun danda’amu, Lammeessaafi Gaaddisaan waliin hanga yunvarsitiitti barachaa turanii turan. Lammeessaan, sababa Oromummaa isaaf quuqamuuf yunvarsitii irraa hari’atamee rakkoo hedduu keessa darbee ture. Booda hiriyaan isaa abbaa seeraa ta’ee mana hidhaatii isa baase; akka isa bira taa’ee baratus godhe.

Lammeessaatti gadi aantummaan itti dha’ame, barataa sadarkaa tokko irra turanitti hiraktee jiraachuu isaati. Silaa innis akkuma hiriyaan isaa sana nama biraafi maatii isaa nama gargaaru ture. Kun egaa uumama namaati. Waanuma nama kamittuu dhaga’amuu danda’udha yoo jedhame soba hinta’u. Gama kaaniin ammoo, asoosama Yaadaa keessatti waan ka’e haala asii gadiitiin dhihaachuuf yaalameera.

“Samiiraa, Samiiraa, Samiiraa!” yeroo meeqa sitti himma, ani intalla dureessa wajjin bayyuu hinfedhu. Oromeffaan sii galla hin jiru. Ingiliffaan sii galla, “No, No, No!” issee intalla dureessa dhisi, intalla hiyyeessa meqqatuna diida jira. Yeroo duraa na jaalatan.

Erga eenyummaa kiyya bekkanii. Na irra dheessan. Isiin dureessa immoo na bira balaliitti akka halati-ti”jedhee akka nama boyyu yedduu ta’e. (Jamaal, 2010, f. 127)

Waraabbii kana irraa wanti hubachuun danda’amu intala dureessaa kan taate Samiiraan nama homaa hinqane, kan haatiifi abbaan isaas hinbeekamne jaallachuu isheeti. Haata’u malee, Aanoleef hinliqimfamne ture. Kunis, sadarkaa isaan irra jiran amma waaqaafi lafaa kan walirraa fagaatu ture. Kan Anooleen jaalala Samiiraa simachuuf sodaates garaagarummaa isaan lamaan gidduu jiru kana ture. Isheen akka isaa oltaateetti, ofii isaa immoo akka isheetii gadi ta’etti of fudhatee ture. Kun ammoo gadi aantummaa kan agarsiisudha.

Taateen hojii ogbarruu kana keessatti dhihaate waan hawaasa keessatti bal’inaan mul’atudha jechuu nidandeenya. Karaa tokkoon maatiin ijoollee abbaa qabeenyaa nama hiyyeessatti ilmoo isaanii heerumsiisuu hinfedhan; kan beekamtii qabuufi sadarkaa keenya madaala jedhanitti heerumsiisuu fedhu.

Yooma ijoollonni waljaallatan illee yaadaafi xiinsammuu ijoollee isaanii kan eeganii fedhii ijoollee isaanii kan raawwatan muraasa. Kabajaafi yaada mataa isaaniitiif jalqaba kennu. Haalli hojii ogbarruu kana keessatti dhihaate kunis dhugaama hawaasa keessatti mudatu kan agarsiisuuf yaaledha jechuun nidanda’ama.

Dabalataanis, *Yaadaafi Madaa Ciqilee* jedhaman keessatti dhimmoonni xiinsammuutiin walqabataniifi qeeqa xiinsammuutiin qeeqamuu danda’an hundi dhihaataniiru jedhamuu baatus, hedduun dhihaataniiru jechuun nidanda’ama. Jaalalli kallattii adda addaadhaan ilaalameera. Eenyummaa waliin wantoonni walqabatani ka’anis xiinxalamuuf yaalamaniiru. Kanneen ittisa fedhii dhokataafi miira gadi aantummaan walqabatanillee ilaalamuuf yaalamaniiru. Kana malees, dhimmi abjuu waliin walqabatu ilaalameera. Kanneen qaamolee sammuu sadan keessatti ilaalamuu malanis ‘Id’, ‘Ego’ fi ‘Superego’ keessatti ilaalamuuf yaalaniiru.

Dhuma irratti, qorattuun qeeqa xiinsammuutiin waan ka’uu malu kan asoosamoota kana keessa jiran hunda kaasteetti jechuun garuu rakkisaadha. Sababni isaas, ragaalee asoosamoota kana keessa jiraniifi qeeqa kana waliin walqabatan hunda kaasanii ilaaluun rakkisaadha. Gama kaaniin ammoo ija qorattuun ittiin ilaalteen ala kallattiin namoonni yaada isaanii ittiin hubatan garaagara ta’uu mala ilaalcha jedhurraati.

BOQONNAA SHAN: Cuunfaa,Argannoofi Yaboo

5.1. Cuunfaa

Kaayyoon guddaa qorannoo kanaa qeeqa xiinsammuutiin asoosamoota dheeroo *Yaadaafi Madaa Ciqilee* qeequudha. Qeeqni ogbarruu yaada dimshaashaa qorannoo hojii ogbarruu tokko ittiin ibsuu, qoqqooduu, xiinxaluu, hiika itti kennuufi madaaluu kan ofkeessatti hammatudha. Qeeqa xiinsammuutiin dhimmootni hojiilee ogbarruu ilaalaman abjuu, milkii, ittisa fedhii dhokataa, qaamolee sammuu sadan, jaalala, maraatummaafi eenyummaa irratti kanneen hundaa'anidha.

Qorannichi qorannoo qulqulleeffataa saxaxa ibsaatti fayyadamee gaggeeffame waan ta'eef, ragaalee sakatta'aan asoosamoota *Yaadaafi Madaa Ciqilee* keessaa funaanaman jechaan qindeessuun ibsi isaanii dhihaateera. Kunis, hojiilee ogbarruu kanneen keessatti dhimmoonni xiinsammuu calaqqisan isaan kam akka ta'aniifi haala dhugummaa inni hawaasicha keessatti qabu waliin akkasumas yaadxinoota ibsaman waliin hangam akka waliin deeman ija ogummaatiin yoo qeeqaman, ogbarruu Oromoo keessatti gumaacha taasisa jedhameeti.

Asoosamoota *Yaadaafi Madaa Ciqilee* keessatti taateewwan xiinsammuutiin walqabatan qeeqa xiinsammuutiin qeequu irratti kan bu'uureffate ture. Askeessattis dhimmoonni xiinsammuutiin walqabatan ka'aniiru. Gama xiinsammuudhaan kanneen walqabatan hojiilee ogbarruu lachuu keessatti ka'an hedduudha. Abjuun asoosamoota lachuu keessatti kan dhihaate yoo ta'u, gama xiinsammuun walqabsiifamee ilaalameera. Dhimmi eenyummaa ofii, fedhii ofiif dursa kennuufi seeraafi safuu hawaasaaf xiyyeeffannoo kennuun ammoo xiinxala qaamolee sammuu sadan keessatti ilaalamedha. Bifuma walqabateen sammuu riphaa waliin walqabatees hojiilee lachuu keessatti qeeqamaniiru.

Ragaaleen ittisa fedhii dhokataafi safuu hawaasichaa akkasumas milkii waliin walqabatanis funaanamanii qaaceffamaniiru. Akkasumas, jaalalli maatii, obbolummaa, hiryyummaa kan dhugaa hawaasa keessa jiru waliin walbira qabamanii ilaalamanidha.

5.2 Argannoo

Hojiilee ogbarruu *Yaadaafi Madaa Ciqilee* irratti qeeqa xiinsammuutiin qorannoo adeemsifame kana irraa ka'uudhaan yaadoleen xumuraa asiin gaditti dhihaataniiru. Yaadoleen kunninis, dhimmoonni xiinsammuu asoosamoota lamaan keessatti dhihaatan maal akka fakkaatan, dhimmoonni aadaa hawaasichaan walqabatan, jiruufi jireenya hawaasichaa keessatti wantoota mudachaa turaniifi akkaataa dhimmoonni kunneen hojiilee ogbarruu kana keessatti ka'an irrattidha.

- Xiinsammuu waliin walqabatani dhimmoota ka'an keessaa abjuun isa tokko ture. Dhimmoonni asoosamoota lachuu keessatti ka'an kan jiruufi jireenya hawaasichaa keessatti mul'atuun kan waliin deemudha.
- Garuu, asoosamoota kanneen keessatti dhimmoota muraasa qofatti kan bu'amedha malee dhimmoonni hedduun yammuu ka'an hinmul'atan.
- Asoosamoota lachuu keessatti taateewwan aadaa hawaasaa agarsiisanis dhihaachuuf yaalaniiru. Haata'u malee, aadaan hawaasichaa goobanee mul'ate jira jechuun hindanda'amu.
- Keessattuu asoosama *Yaadaa* keessatti taateewwan jiran hedduun isaanii kan jaalala dhiiraafi dubara gidduutti mul'atu akkaataan inni itti dhihaate karaa aadaa Oromoo cabsuun ture; safuu hawaasichaas kan dagatedha.
- Anoolen akkaataan inni ittiin jaalala isaa Samiiraafi Hamiiraa waliin dabarsu keessatti jechoota innis ta'u isaan itti fayyadaman kanaaf ragaa guddaa ta'uu mala.
- Gama biraatiin taateewwaan aadaa hawaasichaa cabsan hojiilee ogbarruu kanneen keessatti dhihaataniiru.
- Hawaasni nama safuufi seera isaa cabsu akka itti to'atuufi adabu qaba. Garuu, hojiilee ogbarruu kanneen keessatti akka hawaasni callisee ilaalutti dhihaachuun isaanii hojiileen walfakkaatan akka hawaasa keessatti itti fufaniif kan karaa banan waan ta'aniif akka laafinaatti kanneen mul'atanidha.
- Kun ammoo kutaa sammuu superego waa'ee safuufi seera hawaasaa irratti xiyyeeffatuun yammuu ilaalamu hiika hi'eentaa kan argatu ta'a.

- Gama kaaniin asoosamoota lachuu keessatti waa'een abjuu goobanee hinmul'anne. Akkasumas asoosama *Madaa Ciqilee* keessatti dhimmoota sammuu sadan keessaa kan Id tiin walqabatu muraasatu dhihaate jechuun nidanda'ama.
- Faallaa kanaan ammoo asoosama *Yaadaa* keessatti haalaan dhihaataniiru jechuun nidanda'ama. Gama kaaniin ammoo dhiibbaan gama xiinsammuutiin karaa sirnoota biyya kanaa ilaallatan asoosama *Madaa Ciqilee* keessatti bal'inaan kan ibsame yoo ta'u, asoosama *Yaadaa* keessatti garuu baay'ee gadi bu'aadha.
- Dhimmoota fedhii riphaa keessaa kanneen akka mallattoo, abjuu, maraatummaafi eenyummaa asoosamoota lachuu keessatti ija yaaxxinna xiinsammuutiin ifatti mul'ataniiru.
Dhimmoonni ('Id', 'Ego, fi 'Superego'),ittisa fedhii dhokataa, milkiifi jaalalaa asoosamoota lachuu keessatti dhihaataniiru,ragaaleen kana of keessaa qabanis funaanamanii qeeqamaniiru.

5.3. Yaboo

Kana irraa ka'uunis, barreessitoota asoosamaa dhimmoota xiinsammuu irratti barreessanis waan isaan irratti xiyyeeffachuufi kallatti itti agarsiisu haala asii gadiitiin dhihaateera:

- Hojiilee ogbarruu keessatti kanneen xiinsammuu hawaasichaa ijaaran irratt xiyyeeffachuu qabu.
- Hojiileen ogbarruu dhihaatan yeroo, bakka, haala jireenyaafi kanneen yoomessa sana bu'uura godhate ta'uu qabu.
- Haalonni dhimmoota sammuu waliin walqabatan kan 'Id', 'Ego' fi 'Superego' keessatti dhihaatan karaa safuu hawaasichaa karaa hincabsineefi sirriitti calaqqisiisaniin qabu.
- Taateewwan biroo dhihaatanis aadaan hawaasaa keessatti kan calaqqisuufi eenyummaa hawaasichaa karaa gabbisuun ta'uu qabu. Gochoota aadaa hawaasichaa faallessan ammoo karaa qeequun dhihaachuun barbaachisaadha.
- Dubbistootaaf hubannoo madaalawaakaraa kennuufi kanneen umurii dargaggummaa keessa jiran ammoo karaa miira saalqunnamtiif hinkakaasneen dhihaachuu qabu.

- Garee hawaasaa kanneen akka: barattoota, daldaltoota, qonnaan buloota, jiraattota baadiyyaafi magaalaa, isa hojii qabuufi hinqabne, isa kaabaa, kibbaa Karaa giddugaleessa godhateen osoo barreeffamee gaariidha.

Xumura irratti, hojiileen ogbarruu qeeqaman kunneen dhimma adda addaaf ooluu danda’u. inni duraa, kutaa barnoota afaaniifi ogbarruu keessatti akka meeshaa deeggarsa barnootaatti tajaajiluufi meeshaa barnootaa irraa qopheessuufis ni’oolu. Akkasumas, manneen dubbisaa keessa yoo taa’an, barattoonnis ta’an dubbistoonni biroo dubbisuun hubannoo isaanii akka gabbifataniif isaan gargaaruu mala. Kana malees, asoosamoonni filataman kunneen qeeqota akka: dhugummaa, fayyadama malleen dubbiifi kanneen birootiinis kan qorannoon irratti gaggeeffamuu danda’anidha. Qorattoonni biroos, kallattii kanaan yoo qorannoo isaanii asoosamoota kanneen irratti gaggeessan bu’a qabeessa ta’u jedhamee yaadama.

Wabiilee

- Ansari, A.A. (1992). *Understanding language and literature*. SaudArabia. University College Development Research Center.
- Asafaa Tafarraa. (2009). *Eela: Seenaa Oguma Oromoo*. Finfinnee: Far-East Trading PLC.
- Ayyalaa Daballoo. (2017). *Xiinxala Hiika Abjuu Oromoo Godina Wallaggaa Bahaa Aanaa Guutoo Giddaa*. Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa Afaan Oromoofi Ogbarruu Barsiisuun Gamisaan Guuttachuuf Qophaa'e. Yunvarsitii Finfinnee. Kan Hinmaxxanfamne.
- Beekan Gulummaa. (2013). *Lookoo Jaalalaa* . Finfinnee: Manni maxxansaa kan hinibsamne
- Creswell, J.W. (2012). *Educational Research: Planning, conducting, and evaluating quantitative and qualitative research* (4th ed.). Boston. University Of Nebraska-Lincoln. Pearson Education.
- Dastaa Egeree. (2018). *Xiinxala Milkii Ilaallannaa Oromoo Amboo*. Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa Afaan Oromoo Barsiisuu Gamisaan Guuttachuuf Dhihaate. Yunvarsitii Finfinnee. Kan hinmaxxanfamne.
- Dirribii Damusee. (2012). *Ilaalcha Oromoo*. Fiinfinnee: Finfinnee Printing & Publishing S.C.
- Dorneyi Z. (2007). *Research Methods in Applied Linguistics: Quantitative, qualitative and mixed methodologies*. UK: Oxford University Press.
- Dorson, R.M. (1975). *Folklore and Folklife*. Chicago: The University of Chicago Press.
- Dutton, R. (1984). *An Introduction to literary criticism*. England, Longman: York press.
- Israa'el Habtaamuu. (2013). *Madaa Ciqilee*. Finfinnee. Manni maxxansaa kan hinibsamne.
- Jamaal Huseen. (2010). *Yaada*. Minneapolis. A.M Printing &packaging.P.L.C
- Kennedy, X. J.& Dana,G. (2007, 2nd ed)). *An Introduction To Fiction, Poetry.Drama and Writing.*, Cambridge : Oxford Univesity prees.

Kothari, C.R. (2004). *Research Methodology: methods and techniques (2nd ed.)*. College of Commerce University of Rajasthan, Jaipure (India): New Age International(p) Ltd, Puplichers.

Mar, A.R. & Oatley, K. (2008). The function of fiction is the abstraction and simulation of social experience. *Association for Psychological Science*, 3 (3), 173-192.

Misganu Gulummaa. (2011). *Dilbii Bu'uura Afoola Ogafaaniifi Afwalaloo Oromoo*. Finfinnee: Manni maxxansaa kan hinibsamne

Mohammed Hassen. (2010). Orature, resistance, and nationalism: A historical overview of the development of written Oromo literature. *The Journal of Oromo Studies*, 17(1).

Murteessaa Bakar. (2018). *Xiinxala Asoosama Yaadaa: Yaadxina Safuu Hawaasaatiin. Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa Guuttachuuf Qophaa'e*. Yunvarsitiitii Jimmaa. Kan Hinmaxxamfamne.

Niaz, A, Stanikzai. M. S. & Sahibzada, J.(2019). Review of Freud's psychoanalysis approach to literary studies. *American International Journal Of Social Science Research*. 4 (02), 36.

Saeed, F. F. (2016). A short introduction to literary criticism. *International Journal of Humanities and Cultural Studies*, ISSN 2356-5926.

Sigmund Freud(1900).The Interpretation of Dreams.3rd edition

Sigmund Freud(1971).Sychoanalysis Theory.

Tyson, L. (2006, 2nd ed.). *Critical Theory Today: A User-Friendly Guide*. New York: Routledge.

Wasanee Bashaa. (2008) *Bu'uura Qorannoo*. Addis Ababa. Mana Maxxansaa Boolee.

Wondossen Demissie. (2000). *Ethiopian Criminal Procedure Text Book*. Addis Ababa: School of Law, Addis Ababa University.

ዘረሁን አስፋው። (2003)። *የሥነጽሑፍ መሰረታዊ ድንጋጌ*። አዲስ አበባ፤ ንግድ ማተሚያ ድርጅት። \

_____ (2014)። *የሥነጽሑፍ መሰረታዊ ድንጋጌ*። አዲስ አበባ፤ ንግድ ማተሚያ ድርጅት።

<http://muskingum.edu>

DABALEE

Cheekliistii Ragaan Asoosamoota Keessaa Ittiin Fudhatamu

Lakk.	Gaaffilee Xiyyeeffannoo	Yaada
1	Asoosamoota <i>Madaa Ciqileefi Yaadaa</i> keessatti dhimmoonni abjuu ilaallatatan akkamittiin ibsaman?	
2	Dhimmootni sansakaa ilmaan namaa asoosamoota <i>Madaa Ciqileefi Yaada</i> keessatti calaqqisiifaman isaan kami?	
3	Milkiin asoosamoota kanneen keessa jiran yoo qeeqaman haala kamiin addeeffaman?	
4	Mallattooleen asoosamoota kanneen keessa jiran yoo qeeqaman maal akka fakkaatan akkamiin addeeffaman?	
5	Kanneen qaamolee sammuu keessaa ‘Id’ waliin walqabatan akkamitti dhihaatan?	
6	Kanneen qaamolee sammuu keessaa ‘Ego’ waliin walqabatan akkamitti dhihaatan?	
7	Abjuun asoosamoota kanneen keessa jiran yoo qeeqaman haala kamiin akka addeeffaman?	
8	Kanneen qaamolee sammuu keessaa ‘Superego’ waliin walqabatan akkamitti dhihaatan?	
9	Ittisni fedhii dhokataa asoosamoota kanneen keessa jiran yoo qeeqaman maal akka fakkaatan akkamiin addeeffaman?	
10	Feedhiiwwan riphaa ilmaan namaa asoosamoota <i>Madaa Ciqilee fi Yaada</i> keessatti calaqqisiifaman adda baahan?	
11	Dhimmoonni eenyummaa agarsiisan asoosamoota filataman keessatti akkamittio dhihaatan?	